# HAALA DHIHAANNAA DANDEETTIIWWAN DHAGGEEFFACHUUFI DUBBACHUU KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 8FFAA

**TAKKAALLINY NAGAASAA ASAANAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU BARSIISUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, YUUNVARSIITIIJIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA MUUMMEEAFAAN OROMOOFI OG-BARRUUTIIF DHIYAATE**

**AMAJJII, 2016/2024**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI, MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

# XIINXALA HAALA DHIHEENYA DANDEETTIIWWAN DHAGGEEF-FACHUUFI DUBBACHUU KITAABA BARNOOTA AFAANOROMOO BARATTOOTAA KUTAA 8^FFAA^ KEESATTI

**TAKKAALLINY NAGAASAA ASAANAATIIN**

**GORSAAN: ALAMAAYYOO FAQQADAA (PHD)**

**GORSITUU AANTEE: SOOFIYAA HUSEEN (MA)**

**AMAJJII, 2016/2024**

**JIMMA, ITOOPHIYAA**

Yuunivarsiitii Jimmaa Dhaabbata Qorannoo

Digirii Lammaffaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaaan Oromoo fi Og-barruu Barsiisuu ittiin guuttachuuf Takkaalliny Nagaasaa Asaanaatiin mata duree: "'Xiinxala Haala Dhiheenya Dandeettiwwan DhaggeeffachuuFi Dubbachuu Kitaaba Afaan Oromoo Barattootaa Kutaa 8ffaa" jedhuun hojjetame sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Qorataa

Maqaa Takkaalliny Nagaasaa Asaanaa Mallattoo________Guyyaa___________

Koree Qormaataa

Gorsaa Alamaayyoo Faqqadaa Mallattoo_________ Guyyaa____________

Gorsituu Aantee Soofiyaa Huseen Mallattoo_________ Guyyaa____________

Qoraa/tu keessaa Eristee Akkawaaq Malltaoo__________ Guyyaa____________

Qoraa/tu Alaa _____________________ Mallattoo__________Guyyaa____________

______________________________________________________

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Mirkaneeffanna

Ani Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame qorannoon mataduree ‘’Xiinxala Haala Dhiheenya Dandeettiwwan DhaggeeffachuuFi Dubbachuu KitaabaAfaan Oromoo Barattootaa Kutaa $8^{ffaa}$’’jedhuun hojjetame kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta’uu mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa: Takkaalliny Nagaasaa Asaanaa

Mallattoo:_________________

Guyyaa:_____________________

# Axereeraa

*Qorannoon kun xiinxala haala dhiheenya dandeettiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo barattootaa kutaa 8ffaa irratti xiyeefata. Ka'umsi qorannoo kanaas, haala dhihaannaa dandeettiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfame keessatti mul'atu xiinxaluun argannoo kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kana keessatti bira gahame adda baasuun fala isaa waliin dhiheessuu dha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti jiru xiinxaluun dhiheessu yemmuu ta'u,qorannoo kana gaggeessuuf yaaxina adeemsaatti dhimma ba'eera. Gosoota qorannoo keessaa qorannoo qulqulleeffataa kan gargaarameefi ragaaleen qorannoo kanaaf walitti qabamanis mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun kan qaacceeffameedha.Mala kana bu'uuraa taasifachuun ragaa funaanuun mataduree qorannoo waliin walsimatu qacceessa qabiyee kitaabaa (Document analissis) gargaaramuun ragaleen qorannicha funnanamaniiru. Ragaaleen funaannamaniis qacefamanii dhihaataniiru. Haaluma walfakkaatuun, qorannoon fafacca'insaafi dhiyaanna dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu boqonaalee kitaaba hunda keessaafi gilgaloota dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu walqabatanii jiraan kan qaccefamaniidha. Bu'aaleen qorannichaan argamaan akka mul'isaniitti, haalli dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gochaawwan gilgaalotaa boqonnaa keessatti dhihaatanii gaarii yoo ta'u; hanqinoonni boqonnaa 10 ffaa keessatti qabiyyeen shaakala dhaggeeffachuu kan hin dhihaatiin ta'uu bira gahamee jira. Kitaabnii barnootaa afaani haala dhiyaanna dandeetiilee afaanii hunda hirmachisuun osoo qopha'ee dandeettii afaanii barattoonni baruu qaban kan fooyyeesu ta'a. Yeroo kitaabonni barnootaa afaanii kun qopha'anis dhimmi barnootaa dhimma xiyeefannoo barbaadu waanta'eef qaamota adda addaa ogummaa dandeettii afaanii qaban hirmaachisuun osoo qopha'e kanneen jedhuun yaada furmaataa jalatti ibsameera.*

# Galata

Hunda dura waan hunda dabarsee arjummaa isaatiin na eegee har'aan na gahuun hojii kana hojjadhee akkan xumuru kan taasise Waaqayyoo uumaaf galanni koo guddaadha. Itti aansuun nuffii tokko malee muuxannoo oogummaa isaanii bilchaataa otoo hinqusatiin gorsaafi deeggarsa barbaachisaa ta'e hunda naaf gochuun milkaa'ina hojii qorannoo kanaatiif kan na waliin dhaabbachuun nagargaaran gorsaa koo Alamaayyoo Faqqadaa (PHD) guddaan galateeffadha. Akkasumas, yeroo isaanii qaalii ta'e irraa naaf qooduun milkaa'ina hojii qorannoo kootiif gorsaaf deeggarsa kan naaf taasisan gorsituu gargaartuu koo Soofiyaa Huseen galanni koo hedduudha.

Itti aansuun dadhabbiifi nuffii tokko malee bu'aa ba'ii hedduu keessa darbuun ba'aa maatii koo qofaa ishee ofiif baattee bakka ani har'a gahe kanaaf riqicha kan naaf taate haadha warraa koo kabajaafi jaalala olaanaa qabuuf Zabiiba Musxafaafgalanni koo daangaa hin qabu. Akkasumas, daa'imman koo Roobeera Takkaallinyfi Jiinenus Takkaalliny jaalala abbummaa argachuu qaban obsanii yeroo naaf kennuun akkan barnoota koon milkaa'u waan nataasiisaniif galanni koo guddaadha.

## Gabaajeewwanii fi kottoonfachiistuu

K/B=Kitaaba Barattootaa

Q/B=Qajeelcha Barsiisootaa

Gabateewwan Mirkanneeffannaa Fuula


| | |
|---|---|
| Gabatee 1 | 50 |
| Gabatee 2 | 58 |
| Gabatee3 | 66 |
| Gabatee 4 | 68 |
| Gabatee 5 | 73 |
| Gabatee 6 | 76 |
| Gabatee 7 | 80 |
| Gabatee 8 | 83 |

# Baafata


Qabiyyee Fuula

Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

Gabaajeewwanii fi kottoonfachiistuu ........ iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 6

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 6

1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 6

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.5.Daangaa Qorannichaa ........ 7

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII ........ 8

2.Maalummaa Dandeettii afaanii ........ 8

2.1.Maalummaa Dandeettii Dhaggeeffachuu ........ 8

2.1.1. Kaayyoo dhaggeeffachuu ........ 9

2.1.2.Haala dhiheenya Qabiyyee Dandeettii Dhageeffachuu kitaaba keessatti ........ 10

2.1.3. Gulantaalee Dandeettii Dhaggeeffachuu ........ 11

2.1.4.Akaakuuwwan Shaakallii Dandeettii Dhaggeeffachuu ........ 15

2.1.5.Ga'ee barsiisotaafi gahee barattootaa ........ 16

2.2.Maalummaa Dandeettii Dubbachuu ........ 17

2.2.1.Kaayyoo Dandeettii Dubbachuu ........ 19

2.2.2.Faayidaa Dandeettii Dubbachuu ........ 19

2.2.3.Galmawwan Qabiyyee Dubbachuu Milkeessan ........ 20

2.2.4. Qabiyyee Dandeettii Dubbachuu Kitaaba Keessatti Dhiheessuu ........ 21

2.3.Maalummaa Qindoomina Dandeettii Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu ........ 26

2.3.1. Adeemsa Qindoomina Dandeettii Dhaggeeffachuufi Dubbachuu ........ 27

2.4,Haala Dhiheenyaa (Approach) ........ 29

2.5.MALLEEN AFAAN BARSIISSUU ITTIIN DHIHAATU ........ 29

2.6.Teekniika (Technique) dhiheessuu ........ 31

2.7.Kitaaba Barnootaa ........ 31

2.8.Yaaxina Qorannichaa ........ 33

2.9.Sakatta'a qorannoo walfakkii ..... 34
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ..... 37
3.1. Saxaxa Qorannichaa ..... 37
3.2 Irraawwatama Qorannichaa ..... 37
3.3.Iddattoo Qorannichaa ..... 37
3.4. Maddi Ragaalee ..... 38
3.5. Mala Funaansa Ragaalee ..... 38
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee ..... 38
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ..... 39
SEENSA ..... 39
4.1. Haala Dhiyaanna kaayyoo Dandeettii Dhaggeeffachuu Kitaabaa ..... 40
4.2.Raawwii shakalaa kutaa keessaa dandeettii dhaggeeffachuu dhihaate ..... 44
4.3.Gochawwan Barattootaafi Barsiisootaa Dhihaannaa Dhaggeeffachuu ..... 48
4.4.Tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi teekniika dhaggeeffachuu ..... 54
4.5.Haala Dhiyaanna kaayyoo Dandeettii Dubbachuu Kitaabaa ..... 58
4.6.Raawwii Shakalaa Kutaa Keessaaf Dandeettii Dubbachuu ..... 63
4.7.Gochawwan Barattootaafi Barsiisaa Dandeettii Dubbachuu Adda Baahe ..... 66
4.8.Shaakaloota Dandeettii Dubbachuu Afaanii Tartiiba Haala Dhiyeenyaa, Malaafi Teekiniika ..... 69
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA ..... 72
5.1.SEENSA ..... 72
5.2 Cuunfaa ..... 72
5.3. Argannoo ..... 74
5.4. Yaada Furmaataa ..... 76
Wabiilee ..... 78

## Gabatee

Gabatee 1 Mirkaneeffannoo ........ 41
Gabatee 2 Mirkaneeffannoo ........ 44
Gabatee 3 A. Gabatee Mirkanneeffannoo Gochawwan Barattootaa ........ 48
Gabatee 4 mirkanneeffannoo ........ 55
Gabatee 5 Mirkaneeffannoo Kaayyoo Dubbachuu ........ 58
Gabatee 6 Mirkaneeffannoo ........ 63
Gabatee 7 mirkanneeffannoo ........ 66
Gabatee 8 mirkanneeffannoo ........ 69

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun boqonnaawwan ittaananiif bu’uura kanneen ta’an: seenduubee, ka’umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaafi qindoomina qorannichaa qindeessee dhiyeesse jira.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Barnoonni afaanii akka gosa barnootaa tokkootti kan kennamuufi gosa barnoota biroo illee barsiisuuf gahee olaanaa qaba. Bu’uura kanan hayyoonni afaanii akkaataa afaan ittiin barsiifamuufi dhihaachuu danda’u yeroo adda addaatti qorachuun dhimma ittiin bahaa turanii jiru.Malleen yeroo garaagaraa hayyootaan bocamaniifi hojiirra oolan kunniin yaadiddamoota garagaraa irratti kan bu’uureffamaniifi qabxiilee xiyyeeffannoo kan qabaniidha. Hayyoonni xiinqooqaafi qorattoonni afaanii gahumsaan afaan barsiisuu fooyyesssuuf yeroo tattaafachaa turanitti jaarraa 19ffaa keessa kan isaan bu’uureffatan yaadiddamoota afaan barsiisuu adda addaati.Yaadiddamoonni kun immoo akkaataa afaan itti baratamu, akkaataa beekumsi afaanii ittin gonfatamu, akkasumasa akkaataa afaan ittiin caaseeffamurratti kan hundaa’an yemmuu ta’u. Kunis,afaan barsiisuu keessatti ka’umsa gochaawwaniifi qajeelfamootaa ta’ee kan fayyaduudha. Yaada kana ilaalchisuun Richardsfi Rodgers (2001 f :20) akka ibsanitti: ‘‘An approach refers to theories about nature of language and language learning that serve as the source of practices and principles in language teachinig’’ jedhu.Akka yaada kanaatti dhihaannaan madda shaakalaafi qajeelfamaa barnoota afaanii barsiisuuti.

Kana malees, Richards fi Rodgers (1986f :16) yoo ibsan: ‘‘An approach is usually understood as the body of linguistic psychological and pedagogical theories which inspire the teaching practice.’’ Jedhu. Akka yaada kanaatti, dhihaannaan afaan barsiisuu,xiinsammuufi yaadxina afaan barachuu walitti fiduun akkaataa qabiyyeen barnoootaa qabatamaan hojiirra ittiin oolu kan haalduree kaa’udha. Bu’uura kanaan akkaataa afaan ittiin barsiifamuf kitaaba keessatti dhihaatu keessaa inni ijoon dandeettii afaanii barattoota afaanicha baratanii haala cimsuun dhiheessuudha. Kanaafuu, danddeettiiwwan afaanii gurguddoo afranii (dhaggeeffachuu,dubbachuu,barreessuufi dubbisuu akkasumas, warren xixxiqoo) irratti xiyyeeffachuun dhihaata.

Malleen afaan barsiisuu garagaraa duraan turan dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf xiyyeeffannoo kennuu yoo baatan illee, akka Solak (2016 f.: 39) ibsutti walakkeessa jaarraa 20ffaa tti, malli dhagdubbachuu barbaachisummaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf xiyyeeffannoo kan kenne ta’uu agarsiisa. Sirriitti akka sagaleessuu danda’aniifis yaalii afaanii,

teeppiifi kaasseettii hojiirra oolcha jedha. Mala barsiisa qabiyyee bu'uureffate keessatti ammoo dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu walitti hidhamanii kan dhihaataniifi shaakalamandha. Akka Brown fi Lee, (2015, f:357-358) jedhanitti, dandeettiiwwan kun lamaan isaanii walqunnamtii dubbii irratti kan hundaa'an waan ta'aniif, barsiisuu keessatti walirra bu'iinsa guddaa waan qabaniif dubbachuufi dhaggeeffachuu gidduutti walitti dhufeenyi uumamaa jira. A natural link between Speaking and Listening, since these skills are both based on spoken communication and therefore have considerable overlap in teaching. Brown and Lee (2015, f: 357-358)

Kana malees, dhaggeeffachuu fi dubbachuun walitti dhufeenya guddaa qabu. Menoufy,(1997 f : 9) akka ibsutti,dhaggeeffachuun dubbachuudhaaf dandeettii bu'uuraa jechuun akka danda'amu ibsa. Sababni isaan galtee fudhanne sadarkaa barbaachisuun yoo hubachuun hindanda'amne, barachuun kamiyyu jalqabamuu akka hin dandeenye kaasa.

Kanaafuu, dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu afaan barachuu keessatti baay'ee barbaachisoodha. Haallifi tooftaan barnoonni dandeettiiwwan afaanii kitaaba barattotaa keessatti ittiin dhihaatu garagarummaa qabaatu illee dandeettiin dhaggeeffachuu fi dubbachuu haalli itti dhihaatan kan armaan gadii ta'a. Bu'uuruma kanaan, dandeettiin dhaggeeffachuu haala dhihaannaa lama kan qabudha.

> Akka Nation and Newton (2009) ibsanitti: "Listening process has two way.One of the listening processes is a bottom-up one. In this process, the message goes from the parts to the whole by piece. In this process, the listener uses information which is already present in data.The other process in listening is top-down process. This process involves the listener in inferencing. The listener goes from whole to parts. Listeners' previous knowledge or the information and his /her content of schemata help him/her to predict what the message will be."

Akka ibsa olii kanaatti haalli dhiheenya dhaggeeffachuu dandeettii qeenxee osoo hin taane dhihaannaa garagaraa kan qabu yoo ta'uu. Dhihaannaan dhaggeffachuu dhihaannaa gubbaa gadii (top-down approach)fi gadi irraa olii (Down-Top) kan qabu ta'uu ibsa. Gara biraatiin dandeettiin dubbachuu immoo Haala dhiyeenyaa shaakala madaalawaa keessatti barsiisaan gochaalee gosa garagaraa fudhannaa keessoo fi maddisiisoo (input & output) fayyadamuu qaba.Dandeettii afaanii keessatti-fudhatoon(input) waan barsiisaan dubbatu irraa, shaakala dhaggeeffatame irraa,

afaan dhaga’amu irraa fi waan dareen alaa dubbifamu irraa argamuu danda’a.. Kanaafuu, xiyyeeffannoon qorannoo kanaas dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu kana yaadxina adeemsaatiin wal faana qorachuu ta’a. Dandettiwwan kun immoo, kitaaba kana keessatti adeemsa kamiin akka dhihaatan ni xiinxalama.

Haaluma kanaan,dandeettii kana barattoota gonfachiisuuf xiyyeeffannoon qophii kitaaba barattootaa irratti kennameera yoo ta’e, milkaa’ina gaarii fiduu ni danda’ama.Kana bu’uura godhachuun qorataan haalli dhihaannaa dandeettiiwwan dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo barattoota kutaa 8ffaa fuula 105fi boqonnaalee adda addaa 10 hammatee bara 2014 maxxanfameeyeroo ammaa irraabaratamaa fi barsiifamaa jiru kana keessatti haalli dhihaannaa dandeettiiwwan afaanii lamaan maali akka fakkaatu qaaccessuun xiinxalee argannoo bira gahameef fala dhiheessuudha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Qophiin kitaaba barnootaa galma gahiinsa kaayyoo barnoota baratamuuf hojii guddaadha.Kitaaba barataa kan jedhamu kan barattoonni kutaa keessatti fidanii barnoota isaaniif qophaa’e ittiin deeggarmanii hordofandha.Keessumaayyuu, dhimmi guddaan qabiyyee kitaaba keessatti dhihaatanii adeemsa dandeettiiwwan afaanii barattootaa gabbisuudha.

Bu’uura kanaan, dhaggeeffachuufi dubbachuun dandeettiwwan afaan nama tokkoof bu’uuradha.Sababiin isaa, karaa odeeffannoo argachuufi kennuun ittin danda’amu waan ta’eef. Kanaafuu, qophii kitaaba barnootaa barataa keessatti xiyyeeffannoo argachuu qaba.Addunyaa fi kanneen biroo (*2005*) akka jedhanitti barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaawwan dubbachuufi dhaggeeffachuu akkuma dandeettii dubbisuufi barreessuu xiyyeeffannoo argachuu qabu. Kaayyoon isaa barattoonni dandeettiiwwan kana maatiirraa baranii kan dhufan yoo ta’ellee tooftaa garagaraati fayyadamuun karaa saayinsawaa ta’een odeeffannoo argachuufi kennuu akka itti fayyadamaniif akka haala mijeessu ni eeru.

Keessumaayyuu,haalli dhiheenya dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba barataa keessatti dhimma sirriitti ilaalamuu qabudha.Sababiin isaas, barattoonni dandeettiilee kanatti dhimma ba’uuf bakki itti haala saayinsawaan dandeettii kana baratanu kitaaba barnootaa daree barnootatti dhihaatu irraa waan ta’eef kitaaba barnootaa keessatti illee dandeettiilee afaanii dhaggeeffachuufi dubbachuun akkaataan dhihaatu tartiiba,malaafi raawwiin ittiin dhihaatu dandeettii barattootaa barsiifamuu barbaadame gonffachiisuu qaba.

Qorannoon haala dhihaannaa danddeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu Afaan Oromoo kutaa 8ffaas ta'ee kutaalee kanneen biroo irratti gaggeeffame argachuu hin dandeenye.Haata'u malee qorannoon haala dhihaannaa dandeettiiwwan biroo(dandeettii dubbisuufi barreessuu) irratti gaggeeffame adda addaa kan jiran baay'eedha. Kun immoo, xiyyeeffannoon dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuuf kennamee jiru gadi bu'aa ta'uu isaa agarsiisa. Keessumaayyuu, biyya keenya keessatti ilaalchi barattoonni dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu maatii biratti baru jedhuun xiyyeeffannoo dandeettiiwwan kanaaf akka hin laanneef dhiibbaa kan uume ta'uu mul'isaa. Kun immoo, garaagarummaan haala dhihaannaa dandeettiiwwan arfan gidduu jiraachuu isaa agarsiisa.Keessumaayyuu, Afaan Oromoo akkaataa dhaggeeffannaafi dubbannaa sagaleelee dubbii afaanichaan waan barreeffamuuf barreeffamni barattoota baay'een yeroo ilaalamu dogogora keessatti argina hanqinni kun immoo rakkoo barreessuufi dubbisuu qofa osoo hin taanee rakkoon dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu barattootaa akka jiru mul'isa. Akka fakkeenyaatti barattoonni afaan oromootiin osoo afaan hin hiikkatiin carraa dhabuun kitaaba barattoota afaan tokkooffaaf qophaa'e kana barataa jiran miidhamoo ta'u.Kun immoo, shaakaloonni dhihaatan bal'inaan barattoonni akka dandeettilee kana shaakalaniif carraa wal qixxeen dandeettilee hundaaf kan hin kennamneef ta'uu agarsiisa. Beekumsaafi itti fayyadama afaan tokkoo keessatti immoo dandeettii afaanichaa qixaan beekuun baay'ee barbaachisaadha. Sababiin isaa,tajaajilli afaanii odeeffannoo kennuu yookiin fudhachuu waan ta'eef adda addummaa tokko malee dandeettiileen afaanii haala odeeffannoo saayinsawaa ta'en kennuu yookiin fudhachuuf barattoota qopheessuu bifa danda'uun kitaaba barnootaa keessatti dhihaachuun barbaachisaadha.

Kanaafuu, dhimmi kun haala dhihaannaa qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba irratti qorannoo kan barbaadudha.Qorataanis kana bu'uura godhachuun xiyyeeffannaan qorannoo isaa haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba barattootaa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfame irratti kan xiyyeeffate ta'ee, wanti isa kakaases , waggoottan arfan darban kana keessatti barnoota Afaan Oromoo kitaab kutaa 8ffaa barsiisaa kan tureefi hanqinaalee shaakala dandeettiilee kanaan wal qabatan waan mudataa turaniif kitaaba sirna barnootaa haaraan qophaa'ee dhihaate kana qorachuudha. Kana malees, hanqinaalee dhiyaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu Afaan Oromoo kitaaba kana keessatti dhihaatan addaan baasuun ,haala isaan baruu-barsiisuuf ittiin dhihaachuu danda'aniif furmaata eeruudha. Mata duree kana qorachuun kan barbaachiseef dhihaannaa dandeettilee

kanaa irratti rakkoon bira gahame furmaata akka argatuufi guddina afaan oromoof copha xiqqoo ta'a jedhee qorataan waan yaadeef yemmuu ta'u.Faallaa kanaan immoo,qoratamuu yoo baate adeemsa gauddina afaan oromoo labata itti aanutti darbaa jiru qucaarsuu akka ta'eefi dandeettilee kun illee akka afaan barachuu osoo hin taane afaan baruudhaan qofa akka hafan ta'a waan ta'eef qorataan irratti xiyyeeffate jira.

Kanuma irraa ka'uun, qorataan qorannoo isaa galmaan gahuuf gaaffilee armaan gadii kanneen deebisuuf bu'uureffateera.

⇒ Gilgaalonni dhihaatan kaayyoo qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu galmaan gahuuf ijaarama akkamii qabu?

⇒ Gochoonni qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan raawwii shakalaa kutaa keessaa deeggaruuf akkamitti dhihaatan?

⇒ Shaakalli qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu tokko tokoon boqonnaawwan kitaabichaa keessatti dhihaate gochawwan barattootaafi barsiisaa addaan baasee hojiirra akkamiin oolchaa?

⇒ Gochoonni dandeettiwwan dhaggeeffachuu afaanii tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi raawwii akkamiin dhihaate?

- Gilgaalonni dhihaatan kaayyoo qabiyyee dandeettii dubbachuu galmaan gahuuf ijaarama akkamii qabu?
- Gochoonni qabiyyee dandeettii dubbachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan raawwii shakalaa kutaa keessaa deeggaruuf akkamitti dhihaatan?
- Shaakalli qabiyyee dandeettii dubbachuu tokko tokoon boqonnaawwan kitaabichaa keessatti dhihaategochawwan barattootaafi barsiisaa addaan baasee hojiirra akkamiin oolchaa?
- Gochoonni dandeettiwwan dubbachuu afaanii tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi raawwii akkamiin dhihaate?

Gaaffilee kanneen yaadxina adeemsaa yookiin moodeelii adeemsaan madaaluun hanqinaafi cimina haala dhihaannaa kitaaba kanaa qulqulleeffachuun yaada furmaataa eereera.Sababiin yaaxinni kun filatamefis kitaabni kun adeemsa raawwii keessa waan jiruuf ragaan walitti qabame madaallii moodeela adeemsaa kanaan adda bahee bakka hanqinni jiru fooyyeessuuf fayyada waanta'eefidha.

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

- ✓ Haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu Afaan Oromoo kitaaba barataa kutaa 8ffaa keessatti jiru xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- ⇒ Gilgaalonni dhihaatan kaayyoo qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu galmaan gahuuf ijaarama akkamii akka qaban addaan baasuun ibsuu.
- ⇒ Gochoonni qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan raawwii shakalaa kutaa keessaa deeggaruuf akkamitti akka dhihaatanaddaan baasuun ibsuu.
- ⇒ Shaakalli qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu tokko tokoon boqonnaawwan kitaabichaa keessatti dhihaate gochawwan barattootaafi barsiisaa addaan baasee akkamiin hojiirra oolcha akka jiru addaan baasuun ibsuu.
- ⇒ Gochoota dandeettiwwan dhaggeeffachuu afaanii tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi raawwii isaanii akkamiin akka dhihaate addaan baasuun ibsuu.
- ➢ Gilgaalonni dhihaatan kaayyoo qabiyyee dandeettii dubbachuu galmaan gahuuf ijaarama akkamii akka qaban addaan baasuun ibsuu.
- ➢ Gochoonni qabiyyee dandeettii dubbachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan raawwii shakalaa kutaa keessaa deeggaruuf akkamitti akka dhihaatan addaan baasuun ibsuu.
- ➢ Shaakalli qabiyyee dandeettii dubbachuu tokko tokoon boqonnaawwan kitaabichaa keessatti dhihaate gochawwan barattootaafi barsiisaa addaan baasee akkamiin hojiirra oolcha akka jiru addaan baasuun ibsuu.
- ➢ Gochoota dandeettiwwan dubbachuu afaanii tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi raawwii isaanii akkamiin akka dhihaate addaan baasuun ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Dandeettiin dhaggeeffachuufi dubbachuu dandeettii afaanii jalqaba baramaniifi dhimmoota afaanoota biroo keessatti illee xiyyeeffannoo qabandha..Dandeettileen kanneenis,dhimma odeeffannoo kennuufi fudhachuu keessatti isa barbaachisaa dha.kanaafuu, qorannoo kun xiinxala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barattootaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanffame irratti xiyyeeffachuun waan gaggeeffamuuf bu'aa qorannoo kana irraa fayyadamtoota ta'uu jedhamee kan abdatamu:

1. Barsiisonni yeroo dhiyaannaa qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu gargaaramanii barnoota afaanii barsiisan akkaataa dandeettiileen afaanii kitaaba kana

keessatti dhihaate kun gara fuulduraatti ittin dhiheessuun danda'amu irratti hubannoo gahaa argachuu nidanda'u jedhamee yaadama.

2. Namoota Mata duree haala dhiyaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif yaada ka'umsaa ta'uu danda'a jedhamee abdatama.
3. Kitaabilee barnoota afaanii gara fuula duraatti qophaa'an keessatti akkaataa qabiyyeen dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu ittin dhiyaachuu qaban irratti xiyyeeffennoon akka jiraatu nitaasisa kana malees, akka ragaatti nigargaara.
4. Namoota kitaaba barattootaa barnootichaa sadarkaa kanaa qopheessan akka irra deebi'anii ilaalaniif hamma tokko isaan gargaara.
5. Guddina dandeettii Afaan Oromootiif gumaacha mataasaa niqabaata.

## 1.5.Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun xiyyeeffannoon isaa kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxansamee yeroo ammaa kana barnoonni ittiin kennamaa jiru irratti yemmuu ta'u. Fuulleffannaan isaas, xiinxala haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa qaaccessuun dhiheessuu irratti kan kaayyeffatedha. Akkuma kana gosoonni dandeettii kanneen biroo kitaabicha keessatti argaman osoo qaacceffamanii gaarii ta'uu qorataan ni amana ture. Haata'u malee, kana raawwachuuf baajataa, humnaa fi yeroo guddaa waan barbaaduuf qorataan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanffame keessaa haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu qaaccessuu qofa irratti kan daangeffameedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu gufuuwwan adda addaa qunnamuu danda'u. Qorannoon kunis yeroo gaggeeffamu waantoonni qoraticha mudatan kanneen bu'uuraa ta'an keessaa muraasni isaan armaan gadiiti. Kitaabileen wabii dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dhiheessuuf akkataa afaan tokkoffaa barsiisuun itti danada'amuu irratti argachuu dhabuudha. Kanaaf qoratichi barreeffamoota wabii afaan lammaffaa dandeetti dhaggeeffachuufi dubbachuu dhiheessuufi barsiisuun walqabatanii jiranitti dhimma baheera. Gama biraan, kitaabilee wabii Afaan Oromoon barreefaman bal'inaan dhabuufi qorannoowwan mataduree kanaan hariiroo qaban dhabamuun qorataa rakkisee jira. Haata'u malee, qorataan yeroo isaa hanga danda'ametti walsimsiisuuniifi kitaabilee afaan biroon barreeffaman gara Afaan Oromootti jijjiiruun akkasumas interneetiitti fayyadamuun, qorannicha haala gaariin xumuruu danda'ee jira

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII

Qorannoo haala dhihaannaa dandeettilee afaanii dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba kana jalatti yaaxxina qorannichaa, maalummaa dhimmoota mata duree qoraannoon wal qabataniifi sakatta’aa qoraannoo walfakkii garaagaraa kanneen mata duree qorannichaa waliin deemaniif hubannoon irraa argamuu danda’uu jedhaman irra deddeebi’uun gadifageenyaan dubbisuun mata duricha waliin walsimsiisuun dhiyaate jira.

## 2.Maalummaa Dandeettii afaanii

Dandeettiiwwan afaanii dandeettiiwwan yaada walitti hidhamiinsaan ibsuufi namoota biroo wajjin walqunnamu dandeessisanidha.Dandeettiiwwan kun odeeffannoo fudhataadhaaf dabarsuu barbaaduuf caasaafi barbaachisummaa ni kennu. Dhaggeeffachuu, dubbachuun, dubbisuufi barreessuu, dandeettiiwwan barbaachisoo afur kanneen dandeettii afaanii bu’uuraa ta’aniidha. Kana malees,dandeettileen xixiqqoonis jiru. Dandeettiilee kanneen keessaa dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ti.

## 2.1.Maalummaa Dandeettii Dhaggeeffachuu

Dandeettiwwan gurguddoo afaan barsiisuuf dhihaatan keessaa inni tokko dandeettii dhaggeeffachuuti. Dandeettiin kunis dandeetti ofitti fudhatoo jedhamuun beekama. Dhaggeeffachuun af-dubbii ittiin kan hubataniidha. Dhaggeeffachuun dandeettii afaanii gurguddaa keessaa isa tokko ta’ee,jiruuf jireenya keenya kan ittiin dhimma baanuu dha. Segura Alonso fi Rocío ( 2012 f :10) yaaduuma kanatti dabaluudhaan Bueno, Madrid fi McLaren (2006 f:282) wabeeffachuudhan akkana jechuun ibsa. Dhaggeeffachuun, taatee xiinsammuu ta’ee,kan keessoo sammuu namaa keessatti gaggeeffamu fi walitti dhufeenya hawaasa naannoo isaanii waliin qaban dha.Kanarraa ka’uun dhaggeeffachuun adeemsa walxaxaa barsiisuuf hubannoon kennamuufii qabu ta’ee kan qeeqni dadeettii dubbachuu dhimma xiinsammu waliin walqabatudha jechuun hiika kennu.

Akkasumas, dandeettiin dhaggeeffachuu adeemsa afaan barachuu ta’ee sammuufi qalbii, kutaa afaanii keessatti akka beekumsa qabatamaatti wanta dubbatamuufi beekumsa yaadqalbii kutaa dubbii afaanii keessatti kan gargaaru ta’uu ,

> Weir (2005 f: 95) “Offers a comprehensive account of the listening process, describing in detail the neurological, linguistic, pragmatic and psycholinguistic processes involved in the comprehension of speech. His description of the processing involved in comprehension is of particular relevance to the language tester, as one would hope, if

> claims are to be made for the theory-related validity of such tasks, that candidates would be involved in such processing as they take test tasks." jechuun ibsa.

Ibsa kana irraa kan hubannu dhaggeeffachuun adeemsa walxaxaa,kan barsiisuuf hubannoo kennamuuf qabuufi kan qeeqni dhimma xiinsammufi dandeettii dubbachuu waliin kan wal qabatudha jechuun hiika kennu.

Brownell, (2002) "Dhaggeeffachuun adeemsa si'ataafi walitti dhufeenyaa karaa dhaggeeffataan sagalee dubbii sana gara dubbii hiika qabeessatti fidu akka ta'e" ni ibsa.

Walumaagalatti, dadeettiin dhaggeeffachuu dandeettii afaanii isa kaanirra addaan ba'ee waan hin ilaalamneef, dandeettii afanii kunneen biroo waliin qindoominaan dhiyaachuun barbachisaafi xiyyeeffannoon itti kennamee malleen adda addaa, tarsiimoo adeemsaa yookiin Sirnaalee sirrii (Priciples) hordofuun barataa onnachiisaa barsiisuuf dhiheessuun barbaachisaadha.

### 2.1.1. Kaayyoo dhaggeeffachuu

Namoonni kan waa dhaggeeffatan odeeffannoo argatanitti dhimma ba'uun ittiin hojjechuuf yookiin barachuufiittiin bashannanuuf akka ta'e ragaan toora interneetii irraa argame akkasitti ibsa, "people listen to get information for work, learning or entertainment."

(www.ehow.com/about-50966048-characteristics-good-listening-skill)

Kaayyoo dhaggeeffachuu ilaalchisee (Solak, 2016 f:23) :-

> "Learners listen for two purposees as comprehension and acquisition. While learning to listen (comprehension) involves enhancing comprehension abilities in understanding the language process, listening to learn (acquisition) involves creating new meaningand form linking and then repeating the meaning and form linking, thus this helps learners to be ready for paying more attention to the syntax and lexis of the languagethrough listening." Jechuun ibsa.

Yaanni kun immoo, barattoonni kaayyoo lamaaf kan dhaggeeffatan yoo ta'u: hubannoo (comprehension)fi baruuf (acquisition) akka ta'edha. Yammuu dhaggeeffachuuf baratan adeemsa afaanii keessatti hubannoo ga'umsa dhaggeeffachuu argachuu yoo ta'u, barachuuf dhaggeeffachuun (acquisition) hiikaafi unka walqabsiisa. Kun immoo qabata dhaggeeffachuun barataan himaafi jecha afaanicha keessa jiruuf xiyyeeffannoo akka kennu kaa'a.

**2.1.2.Haala dhiheenya Qabiyyee Dandeettii Dhageeffachuu kitaaba keessatti**

Hayyuun (Buck,2001) akka ibsutti dhiheenya dandeettii dhaggeeffachuu bakka sadiitti qooda. Isaanis:

**A. Mala Dhiheenya Tokkee (Discrete Point Approach )**

Malli dhiheenyaa kun mala dhaggeeffachuu od-ibsaa(audio-lingual) waliin kan wal qabatudha. Innis waan dubbatamu sana dhaggeeffachuun afaan barnootaatiin deebisanii ibsuu irratti xiyyeeffata. Malli kun dandeettii dhaggeeffachuu caacculee afaanii xixiqqaatti adda qooduun irratti bu`uureeffata. Isaanis:Qoodinsa dhamsagootaa adda baasuu , Jecha ofiitiin ibsuufi Deebii madaaluu dha.

**B.Mala Dhiheenya Walmakaa(Integrative Approach)**

Malli dhiheenya kanaa kan jalqabe bara 1970 keessa. Mala kanatti fayyadamuu kan jalqabes namicha (Over 1979f :3), dhiheenyi kun akka dhiheenya gostokkee altokkotti dandeettii tokko qofa kan madaalu osoo hintaane dandeettii adda addaa kan fayyadamudha. Gaaffileen mala kana keessatti dhiyaatan gaaffiin dubbifameefii kan barreessaniifi jechoota keessaa hambisuun akka dhaggeeffatanii bakka duwwaa guutan kan taasifamudha.

**C.Mala Dhiheenya Hirmaachisaa(Communicative Approach)**

Mala dhiheenya walmakaa waliin yeroo tokko jalqabame jedhamee tilmaamama.Akka mala dhiheenya kanaatti dhaggeeffataan waan dhaggeeffate dirqama beekuufi akka ga`usaatti hubachuu qaba. Qabiyyeen dandeettii dhaggeeffachuuf dhiyaatan dhugummaa kan qabaniifi kanneen akka waliin dubbii, beeksisoota, seenessoo, falmii, oduufi kkf dha.Kanaafuu,kitaaba barattootaa keessatti qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuu kana bu'uura godhachuun dhihaachuu qaba.

Kana malees,adeemsa dhaggeeffachuu barsiisuufdandeettii dhaggeeffachuu keessatti adeemsi odeeffannoo dhihaate ittiin fudhatamu hojiirra kan oolu danda'u karaalee lamanii. Isaanis, adeemsa irraa gara gadii fi jalaa gara oliiti. Adeemsonni kun ammoo walitti dhufeenyaa kan gabbisudha. AdeemsI dhaggeeffachuu haala sadiin dhihaatA. Isaanis, adeemsi jalaa gara olii (bottom –up), innis odeeffannoo haaraa dhufuun dammaqa.Adeemsi kun karaa odeeffannoon ittin daddarbu keessaa isa baay'ee bu'a qabeessa ta'eedha.

> Akka Ahmadi,**(**2011,f:980) ibsutti "Bottom-up processing (the first type of models) is activated by the new incoming data. The features of the data pass into the system through the best fitting, bottom-level schemata. Schemata are

hierarchically formed, from the most specific at the bottom to the most general at the top. Top-down processing (the second type) is explained as employing background knowledge in comprehending the meaning of a message."

Akka ibsa kana irraa hubannutti haalli dhiheenya kun isaa sadarkaa sadarkaan kan idilaa'e yoo ta'u, kunis sadarkaa gadii isa baay'ee murtaa'aa ta'e irraa gara isa baay'ee goorootti akka deemu agarsiisa. Adeemsi moodeelii lammaffaa irraa gara gadii (top-down) yoo ta'u, hiika ergaa sanaa beekumsa duraan qaburratti hundaa'ee haala ittiin ibsuu danda'u kan ilaallatudha. Akka Carrell fi Eisterhold (1983) ibsanitti adeemsi irraa gara gadii kun sadarkaa ol'aanaa irratti kan hundaa'u ta'ee, tilmaama walii galaa kan kennanfi odeeffannoo galtee ta'an adda addaa hubachuun mirkaneeffatanii kan itti gammadan akka ta'e ibsa.

Nunan (1991 f:28). Adeemsa kana lamaan walitti makuun fayyadamuun dhaggeeffachuu akka riqichaatti kan tajaajilu ta'uufi, kunis, teknika 'dictogloss' akka jedhamu ni ibsa. Innis, sadarkaalee afur akka qabu nieera.Tokkoffaan qophii ilaallata. Kana keessatti gara dhaggeeffachuutti deemuun dura marii hiika jechootaa keessatti akka hirmaatantu barbaadama. Waan himamu dhaggeeffachuun (dictation) sadarkaa isa lammaffaa dha.Kun waan himamu dhaggeeffatanii yaadannoo qabachaa kan itti deemanidha. Inni sadaffaan, deebisanii ijaaruu (reconstraction) yoo ta'u, himinsichi erga himamee dhumee booda waan barreeffatan deebisanii bakka itti ibsanidha.Dhimmoonni as keessatti ka'an haala dhihaannaa gulantaalee dhaggeeffachuu kitaaba keessaa waliin kan hidhata qabanidha.Kanaafuu, haalli kitaabni barattootaa qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu hammatee itti dhihaatu kan gulantaafi adeemsa kana giddu galeessa godhatee dhihaachuu qaba.

### 2.1.3. Gulantaalee Dandeettii Dhaggeeffachuu

Akka Liindsay fi Naayit (2006 f: 46), jedhanitti ''namoonni yeroo dhaggeeffatan kaayyoo adda addaa afur qabu: Kaayyoo tokkoof dhaggeeffanna, garuu kaayyoon kun haala jiru irratti hundaa'uun baay'ee adda ta'uu danda'a: bal'ina yaadaaf dhaggeeffachuu, hiika waliigalaa dhaggeeffachuu, yaada waliigalaa ykn ijoo dhaggeeffachuuha. Garaagarummaan dhaggeeffachuu gidduus ni jira. Odeeffannoofi afaan haaraa barachuuf'' jechuun ibsu.

Haa ta'u malee, Anderson fi Lynch (1988f:15) akka ibsanitti, ''kaayyoon yeroo dhaggeeffannuu inni guddaan dabarsuu waljijjiirraa odeeffannoo milkaa'aa ta'e galmaan ga'uu ta'e, bakka itti fayyadamni afaanii qunnamtii hawaasummaa uumuudha" jedhu.

Haaluma kanaan,yeroo daree keessatti gochaa dhaggeeffachuu shaakallu filannoo hundarra gaariin jireenya dhugaa keessatti akkamitti akka dhaggeeffannu yaaduudha. Barsiisonni barattootaaf carraa dammaqinaan dhaggeeffachuu kennuu qabu. Mata dureewwan faayidaa qaban fi akkasumas haalawwan barattoonni addunyaa isaanii isa dhugaa keessatti itti fayyadamuu danda'an dhiyeessuun barbaachisaadha.. Malli barsiisuu gaariin kaayyoo lamaan walitti makuuf kan yaalu yoo ta'u, kaayyoo kana tilmaama keessa galchuun qorannoon kun mala yaadame keessatti gochaalee tokko tokko yaada kan dhiyeessudha.

Dandeettiin dhaggeeffachuu daree barnootaa keessatti yammuu dhihaatu yookiin hojiirra oolu gulantaalee sadii keessa darbu qaba. Isaanis, gulantaa dhaggeeffachuun duraa, gulantaa yeroo dhaggeeffachuufi gulantaa ghaggeeffachuun booda ti.

## I. Gulantaa Dhaggeeffachuun Duraa

Barattoonni dhaggeeffattoota bu'a qabeessa ta'uuf, seenaa yookiinqabsiisa daree yeroo dhaggeeffatan itti aansee maal dhaga'uuf akka jiran tilmaamu danda'uu qabu. Harmer (1991), yaada kana yoo ibsu:"Students should be effective listeners and able to predict what they are going to hear next when they listen to a story or to classroom direction" jedha.Sadarkaan dhaggeeffachuu duraa barattoonni dandeettii hubannoo dhaggeeffachuu akka guddifatan gargaara. Kana immoo, Richards, (1983) yoo ibsu:"The pre-listening stage helps students develop listening comprehension skills" jedha. Yeroo kana keessatti barsiisaan barattoota gochoota akka mata duree yookiin fakkeenyota irratti hundaa'uun mata duree seenaa tokkoo tilmaamuun, waa'ee dhimma sanaa beekumsa duraan ture hojiitti hiikuu yookiin jechoota haaraa dhaga'an dursanii barsiisuu irratti bobbaasuun barnootaaf qopheessa.

Barsiisaan jechoota murtaa'oo filatamanii dhihaatan adda baasuu, caasluga cimaa ibsuudhaaf rakkisu kan mata duricha waliin walqabatuufi akka barattoonni waan dhaggeeffachuuf jiranii tilmaaman gochuu yookiin odeeffannoo waa'ee mata durichaairratti hundaa'anii dubbattoonni maal jechuu akka danda'an gaafachuudha.

Shaakala kana keessatti barattoonni dhuunfaadhaan, gareedhaan yookin lama lama ta'anii gaaffilee dhihaatanirratti mari'achuu nidanda'u. Gareedhaan yookin lama lamaan osoo irratti mari'atan muuxannoo akka waljijjiiraniif irra caalaa isaan gargaaruu danda'a. Yaada armaan olii irraa kan hubannu gulantaan dhaggeeffachuun duraa kaayyoowwan dursaa lama qabaachuu isaati, Isaanis:

(a) Barattoonni dandeettii beekumsa qaban irratti hundaa'anii si'aayinaan waa tilmaamuu akka danda'an.

(b) Akka gochaa dandeettii dhaggeeffachuuf barbaachisutti dhihaataniif.

- "Listening teacher may select certain words, difficult grammatical structures and expressions to be explained through the discussion about the topic**,** and may also ask students to predict the content or what speakers are going to say, based on the information they have already got. Prelistening activities usually have two primary goals: (a) to help to activate students prior knowledge, build up their expectations for the coming information; and (b) to provide the necessary context for the specific listening task." Ahmadi, (2011 f:983)

Sadarkaa kana irratti barattoonni waa'ee waan dubbisuuf adeemanii akka beekaniif kan haala mijeessu akka ta'eefi beekumsa duraan qabaniifi haala naannoo waliin walqabatee waan jiru waliin sadarkaa itti walqabsiisuu danda'anu uuma jechuun ibsa. Solak, (2016)

## II. Gulantaa Yeroo Dhaggeeffachuu

Akka Ur, (1984) jedhutti: "gochoonni yeroo dhaggeeffachuu kallattiin barreeffama waliin kan walqabatan yoo ta'u, yeroo barattoonni dhaggeeffachaa jiranitti yookiin battaluma sanatti kan itti fayyadamanidha." While-listening stage While-listening activities should directly relate to text and are used during or immediately after the time the students are listening. "

Akka Ahimad ,(2011 f:983) ibsutti immoo **"**Listeners who participate actively in the listening experience are more likely to construct clear and accurate meaning as they interpret the speaker's verbal message and nonverbal cues. During the listening experience students verify and revise their predictions. They make interpretations and judgments based on what they heard" jechuun ibsa.Yaada kana irraa kan hubannu gulantaa yeroo dhaggeeffachuu keessatti barattoonni tilmaama isaanii mirkaneeffachuufi fooyyeffachuu akka danda'an agarsiisa. Waan dhaggeeffatan irratti hundaa'uun hiikaafi murtee itti kennaa deemu. Dhaggeeffataan ciminaan dhaggeeffachuu keessatti muuxannoo qabu yaada dubbataan sun ergaa dubbii afaaniin yookiin barreeffamaan jedhe hubachuun ergaa ifaafi sirrii ta'e qindeessuudha.

Yaada kanas, gulantaan kunis shaakala dhaggeeffachuu dalaganirratti xiyyeeffata. Gaaffileen dursanii kan kennamaniif yemmuu ta'u deebii argachuu kan danda'an qabiyyee dhaggeeffatan sanarraatti dha. Kanaafuu, barattoonni qajeelfama kennameefirratti hundaa'anii

gaaffilee dhihaateef erga dubbisanii booda dammaqinaan dhaggeeffatanii deebii kennuu akka danda'an qajeelchuu qaba.

Sadarkaalee dhaggeeffachuu jiran sadan keessaa gulantaan yeroo dhaggeeffachuu gulantaa isa baay'ee ijoo ta'eefi waan dhaggeeffatamu sana irra dhaabatanii kanisaan tarsiimoo dubbisuu isaanii ittiin gamaaggaman akka ta'e Solak, (2016f : 27) ni ibsa.

Walumaagalatti, kitaaba barattootaa keessatti gochaa dhaggeeffachuu yemmuu dhihaatu barattoonni dhaggeeffachuu osoo hin jalqabin qajeelfama hojii sanaa hubachuu isaaniifi xiyyeeffannoo isaanii hunda hojii dhaggeeffachuu irratti kennuu akka qabanitti dhihaachuun barbaachisaadha. Gochoonni kutaa barnootaa kanaaf ta'an tokko tokko yaada ijoo, mata dureefi haala barreeffama dhaggeeffataa tokkoo barbaaduu yookiin gaaffileefi yaada addaa waa'ee barreeffama dhaggeeffataa sanaa qaban barreessuu kan dabalatudha. Gochoonni kunniin barnoota barattoota biroo wajjin osoo dubbatanii wal-qabsiisuun barataan tokko dhaggeeffatee gaaffii akka gaafatu, barataan inni kaan immoo waa'ee mata duree tokkoo odeeffannoo akka dhiyeessu taasifamuu danda'

## III. Gulantaa Dhaggeeffachuun Booda

Dhihaannaa gulantaa dhaggeeffachuun booda kanaa irratti hayyoonni waan heddu kaasanii jiru.Akka Ahmadi, (2011, f: 983) ibsutti, "Post-listening activities are important because they extend students' listening skill. Post-listening activities are most effective when done immediately after the listening experience. Well-planned post-listening activities offer students opportunities to connect what they have heard to their own ideas and experiences, and encourage interpretive and critical listening and reflective thinking" jedha. Yaadni kun immoo shaakalli gulantaa dhaggeeffachuu baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas dandeettii dhaggeeffachuu barattootaa kan gabbisudha. Shaakalli dhaggeeffachuun boodaa kaninni irra caalaa bu'a-qabeessa kan ta'u akkuma dhaggeeffatame sanaan kan hojjetamu yoo ta'edha. Shaakalli dhaggeeffachuun boodaa haala gaariin qophaa'e beekumsa barattoonni duraan qabaniifi waan dhaggeeffatan sana kan walitti hidhuufi akka isaan ibsan kan jajjabeessu ta'uu isaa nama hubachiisa.

Kanaafuu, erga waa dhaggeeffatanii booda kan barattoonni shaakalan ilaallata. Gulantaa kana keessatti isa dhaggeeffatanirratti hundaa'anii barattoonni gaaffilee walii galaa dalagu. Gareedhaan akka hojjattan gochuun barattoonni muuxannoo gara garaa walitti fidanii akka waliirraa baratan mala gargaaru dha. Gulantaa kana jalatti dandeettiiwwan birootis akka

shaakalan taasisuuf haalli mijataadha. Barreessanii akka gabaasan taasisuun nidanda’ama. Barattoota fuulduratti ba’anii akka dubbiidhaan ibsa taasisan gochuudhaan dandeettii dubbachuu isaaniis shaakalsiisuun nidanda’ama.

Walumaagalatti,gulantaa dhaggeeffachuun boodaa kana keessatti barattoonni waliin mari’achuu, tarsiimoofi bu’a qabeessummaa isaanii madaaluu bakka itti danda’an akka ta’eefi duubdeebiinis karaa dhuunfaadhaan yookaan karaa gareen bakka itti dhihaachuu danda’u ta’uusaa hayyuun (Solak, 2016) dabalataan ni’ibsa.

Walumaagalatti, kitaabni barattootaa gochaa dhaggeeffachuu yemmuu dhihaatu gochoonni dhaggeeffachuu boodaa sochiiwwan yeroo dhaggeeffachuu caalaa yeroo dheeraa waan turaniif barattoonni yeroo akka qabaataniif, yaaduu, mari’achuu yookiin barreessuuakka danda’anitti qajeelchuun dhihaachuu qaba. Hojiiwwan muraasni barsiisonni daree barnootaa keessatti erga barreeffama barattootaaf dubbisanii booda hojjechuu danda’anis xiyyeeffannoo argatee dhihaachuu qaba.

### 2.1.4.Akaakuuwwan Shaakallii Dandeettii Dhaggeeffachuu

Akaakuuwwan gochoota dandeettii dhaggeeffachuu shaakala daree keessatti qopheessinu bakka gurguddaa sadiitti qooduu dandeenya. Isaaniis warra deebii gaggabaabaan deebi’an, warra deebii dheeraa qabaniifi warra deebii babal’aa qaban.

## A.Warra deebii gabaabaan deebi’an

1. Katabbii dhaggeeffachuu darbee darbee bakka duwwaa gaggabaabaa qabu qopheessuu. Barattoonni dhaggeeffataa jiranus bakka duwwaa kana jeecha ykn jeechoota keessaa hafan jedhaanii yaadaniin guutu.
2. Ibsa waa’ee nama tokkoo, bakka tokkoo, waan tokkoo, yookiin hojii tokkoo,afaaniin barattootaaf erga ibsanii booda isaanis waa’ee eenyuu, waa’ee bakka kamii waa’ee maalii akka yaadannoo qabatan gochuun shaakala dhaggeeffannaa bu’a qabeessa taa’edha.
3. Barattoonni qabiyyee dubbisa waan dhaggeeffatanii cuunfanii akka barreessan taasisuun barbaachisaa dha.
4. Barattoonni katabbii dhaggeeffatan tokko jechoota birootiin irra deebi’anii yookiin jechoota mataa isaaniitiin akka barreessan taasisuu.

## B.Warra deebii babal’aa qaban

Barattoonni rakkolee afaaniin himaman dhaggeeffatanii marii walii wajjin erga godhanii booda hiika (furmaata) barbaadanii katabbiin akka dhiyeessan gochuudha.Shaakalli akkasii kun

dandeettiiwwan afaanii biroollee ittiin barsiisuuf faayyada.Tokkoffaa, yemmuu wajjiin mari'atan waldhaggeeffatu, akkasumas dandeettii dubbachuu isaanii gabbifatu, gama birootiin ammoo yemmuu katabbiin dhiyeessan dandeettii barreessuufi dubbisuu isaanii gabbifatu. Kanaafuu, shaakalli akkasii baay'ee filatamaadha.

Walumaagalatti shaakalliin dhaggeeffachuu daree keessatti haala kanaan dhiyaachuun isaa dandeettiiwwan afaanii afranuu gabbisuu danda'a.Fakkeenyaaf, dhaggeeffannaa duraa (pre listening) keessatti barattoonni kaka'umsaafi fedhii akka horatan gochuu qofa osoo hintaane, dandeettiiwwan akka dubbachuu dhaggeeffachuu ni argamsiisa. Yeroo dhaggeeffannaa ammoo, gilgaalota hojjachuu qofa osoo hinta'in dandeettii dhaggeeffachuu dubbisuu fi barreessuu kan dagaagsu ta'a.Gama birootiin, dhaggeeffannaa booda waan dhaggeeffatanirratti hundaa'anii chaartii adda addaa guutuu ykn gilgaalota adda addaa hojjechuufi yaada waljijjiiruu bira darbee dandeettii afaanii jechuunis danddeettii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu akka gabbifatan kan taasisudha.

### 2.1.5.Ga'ee barsiisotaafi gahee barattootaa

Gaheen barattootaa inni guddaan odeeffannoo isaaniif dhihaatu dhaggeeffachuu,waan dhaggeeffatan ofitti fudhachuu fi iiti fayyadamuu dha.Adeemsa kana keessa waa xiinxaluu, yaadachuufi xiinxaluu jalqabu."learner consciously receives the new data, parse and then utilize it. In this process,she/he takes advantage of metacognitive, cognitive and affective strategies"(Ekrem Solak,2016).Barsiisonni daree barnootaa keessatti gulantaalee sadanuu keessatti waan hojjetamurraa kaa'uun ibsuun nidanda'ama.Kunis, gaheen barataa fi barsiisaa.

| Gulantaalee | Gahee Barsiisaa | Gahee Barat、 |
|---|---|---|
| Dhaggeef-fachuun Dura | ➢ Gaaffilee muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuu<br>➢ Gaaffilee gara mata dureetti fidan gaafachuu<br>➢ Waan dhaggeeffachuuf jiran tilmaamsisuu<br>➢ Hiika jechootaa tilmaamsisuu | ✓ Beekumsa qaban irratti hundaa'uun gaaffilee gaafataman deebisuu<br>✓ Tilmaama gara garaa jechoota dhihaataniif kennuu<br>✓ Mata duree dhaggeeffachuuf deeman tilmaamuu |
| Yammuu Dhaggeef-fachuu | ➢ Qajeelfama isaan hordofuu qaban ifatti itti himuu (si'a meeqa akka dubbifamu, maal maal ammo akka hojjechaa deeman ifatti himuu)<br>➢ Dubbisa ofiin dubbisuu ykn kan waraabame yoo ta'e dhaggeeffachiisuu | ✓ Dhaggeeffachuun yaada dimshaashaa hubatu<br>✓ Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu.<br>✓ Deebii isaanii mirkaneeffatu<br>✓ Tilmaama isaanii mirkaneeffatu |
| Dhaggeeffa chuun Booda | ➢ Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu<br>➢ Dandeettiilee biroo waliin akka walitti fidanii shaakalan qajeelchuufi hordofuu | ✓ Waan dhaggeeffatanii hubatan dubbiin yookiin barreeffamaan ibsu.<br>✓ Muuxannoo isaaniin walqabsiisanii gaaffileef deebii kennu. |

## 2.2.Maalummaa Dandeettii Dubbachuu

Dubbachuun "gocha sirnoota xiqqaa hedduu walitti makuu barbaadudha.wantoonni kun hundi walitti makamuun afaan lammaffaa yookiin alagaa dubbachuun barattoota afaaniitiif hojii sodaachisaa taasisu.Ta'us, namoota baay'eedhaaf dubbachuun akka ogummaa giddugaleessaatti ilaalama". Baileyfi Savage, (1994 f: 6-7).

Dubbachuun dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessaa isa tokko.Dubbachuun akkuma barreessuu ogummaa kennoo jedhamuun beekama. Mora, (2010 f :1) akka ibsutti : ''Speaking is the process of building and sharing

meaning through the use of verbal and non verbal symbols " jedha.Akka yaada hayyuu kanaatti, "dubbachuun adeemsa ittiin hiika dubbii gabbifataniifi waljijjiiraan ta'ee kan dubbachuudhaan yookiin mallattoodhaan ittiin waliigalaniidha "jedha.

Hughesm (2002 f:119) dubbachuun wanta sammuu namaa keessaa madde bareeffamaan osooo hintaane haasaa afaaniin ibsamu ta'uu isaa barreessee jira. Akka yaada hayyuu kanaattii, "dubbachuun bu'uura dandeettiiwwaan kanneen akka barreessuu ti."

Odeeffannoon toora interneetii irraa argame akka ibsutti:"Speaking is the action of conveying information or expressing one feelings in speech" jedha. (www.oxford dictionaries.com).Akka yaada kanaatti "dubbachuu jechuun gocha odeeffannoo dabarsuu yookaan miira ofii haasaadhaan ibsachuuti " jechuudha.Dubbachuun adeemsa odeeffannoo maddisiisuufi fudhachuun hiikni kennamu ykn argamuudha.

Brown, (1994) ; Burns & Joyce, (1997). "Its form and meaning are dependent on the context in which it occurs, including the participants themselves, their collective experiences, the physical environment, and the purposes for speaking. It is often spontaneous, open-ended, and evolving."

Akka yaada hayyuulee kanaatti "unkiifi hiikni isaa haala keessatti dubbatamu,hirmaattota mataa isaaniifi muuxannoo qaban,naannoofi kaayyoo dubbatamuuf sana irratti hundaa'a." Dubbachuun beekumsa afaanii murtaa'oo kanneen akka:seerluga, sirriitti sagaleessuu, hiika jechootaa qofa irratti kan hundaa'u miti, afaan yoom, maaliif, haala attamiitiin akka uumamu beekuu barbaada. "Dubbachuun dandeettii, caasaafi amala mataa isaa afaan barreeffamaa irraa adda isa taasisu qaba. Dubbataa gaariinis dandeettiileefi beekumsa afaanii walsimsiisuun dubbii taasisutti milkaa'ina argata." Burnsfi Joyce, (1997),"Dubbachuun ofiin dubbii (monolog)fi waliin dubbii tti qoodamuu danda'a. Inni duraa,haasaa afaanii gama dubbataa tokkoo irraa dhiyaatu yoo ta'u,inni lammaffaa ammoo namoota adda addaa gidduutti yaada waljijjiiruun kan raawwatamuudha." Nunan, (1989f:27)

Bifuma wal fakkaatuun, Rivers, (1981) yoo ibsu, "walqunnamtii keenya keessatti dubbachuu dachaa dubbisuufi barreessuu fayyadamna jedha".Gama biraatiin dubbachuun barreessuu waliin walfakkeenya qabutu jira. Kunis, lamaanuu dandeettiilee kennoo,faallaa dandeettiilee fudhatoo dhaggeeffachuufi dubbisuu waan ta'aniifi. Dubbachuun dhaggeeffachuu waliinis walitti dhufeenya cimaa qaba.Sababni isaas, walqunnamtiin walitti hidhamiinsa isaan lammaniitiin raawwatama waan ta'eef.

Kana jechuun, dubbataan odeeffannoo ofiif qabu nama birootiif waan qooduufi dubbii fayyadama. Dandeettii dubbachuu guddisuuf jecha hojiiwwan hojjetaman waliin walqabatee, daree keessatti dandeettii afaanii guddisuuf karaaleen hedduun jiru. Mariin, haasaafi tapha gahee, kanneen biroo keessaa, gochaalee dubbii baay'ee adda ta'aniidha.

### 2.2.1.Kaayyoo Dandeettii Dubbachuu

Hawaasni waliin jiraatu tokko fedhii,gammachuu,gadda,walumaagalatti haala jireenya isaa waliif ibsuuf,haala yeroo wajjin socho'uuf, meeshaan isa gargaaru inni guddaan dandeettii dubbachuu isaati. Kanaafuu, kaayyoon guddaan dandeettii dubbachuu barsiisuu,barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii gabbifatanii akka itti fayyadaman gochuuf ta'uu qaba.Yeroo dubbannu gaaffii nuti dursinee ofgaafachuu qabnu kaayyoo ani dubbadhuuf maali kan jedhu ta'uu qaba. Kunis dhimma ta'e beeksisuu yookiin dhaggeeffataa kan amansiisuufi kkf ta'uu danda'a.

### 2.2.2.Faayidaa Dandeettii Dubbachuu

Dandeettii dubbachuu gabbisuun sagantaa barnoota keessatti baayyee akka fayyadu,milkaa'inni barachuu barnootichaas kan madaalamu dandeettii dubbii afaan baratamuu sanaan taasifama.Kanaaf, jecha barattoonni hedduun dursa akka kennaniif,Shiamaa Abd Fattah Torky,(2006) joornaala isaa keessatti Nunan,(1999) wabeeffachuun ibseera. Dandeettiin dubbataa fi amalli dubbii milkaa'ina irratti dhiibbaa qaba, Van Duzer,(1997). Dubbataan wixinee haala haasaa adda ta'e dursee uumuutu irraa eegama.Akkuma kana dabaree eeganii dubbachuu,duub-deebii kennuu,haala biraatiin ibsuufi fooyyessuun amala dubbataa gaariiti. Dubbachuun bu'uura afaan barachuuti.Haata'u malee,sababa hanqina meeshaalee irraan kan ka'e,afaan barsiisuu fi qoruu keessatti dagatamee jira.

Dandeettiin dubbachuu daldaltootaafi aanga'oota mootummaa baayyee akka fayyadu ni amanama.Faayidaa kanneen haaqabaatuyyuu malee dandeettiin kun hamma yeroo ammaattuu Manneen barnootaa fi Yuunivarsitoota keessatti akka hangafaatti,hanqina meeshaalee irraan kan ka'e, akkasumas seerlugaa fiaadaa irratti xiyyeeffachuu, hireen barsiisaa-barataa kan hin mijanne ta'uun sababoota akka inni irraanfatamu taasisaniidha.

Sababni kan biroon ammo,qormaata dubbannaa loogii malee madaaluu/sororuu irratti rakkoo uumamuu fi qormaaticha kennuun (conduct) yeroo inni fudhatu irraan kan ka'e qormaanni

dandeettii dubbachuu madaalu kennamaa akka hin jirre,Kathleen B.Egan,(1999), Clifford,(1987) wabeeffachuun ibsee jira.

### 2.2.3.Galmawwan Qabiyyee Dubbachuu Milkeessan

Barattoonni dandeettii dubbachuu qabachuuf beekumsa afaanii qofa osoo hin taane, haalawwan adda addaa fi hariiroo adda addaa keessatti namoota biroo wajjin walitti dhufeenya aadaatiin fudhatama qabu beekuu qabu. Dubbachuun bu'a qabeessa kan taasisan wantoota hedduutu jiru. Akka Abbaaspoor (2016 f:146) ibsutt "There are several factors that make speaking effective.He has summed some factors of speaking effectiveness. According to his research, factors of speaking effectiveness are grammar, discourse, sociolinguistic, strategy, interaction and accurancy " jedha. Yaada kana irraa wanti hubannu bu'a qabeessummaa dubbii tokko tokko walitti qabee ibseera.Akka qorannoo isaatti wantootni bu'a qabeessummaa dubbii caasluga, haasaa, hawaas-afaan, tooftaa, wal-qunnamtii, sirrii ta'uufi waliigaltee afaanii ti.

Kana malees,galmi walqunnamtii hariiroo hawaasummaa eeguu yoo ta'u, kan lammaffaa garuu odeeffannoofi yaada dabarsuudha sababiin isaas qunnamtiin guyyaa guyyaa baay'een isaa walqunnamtii waan ta'eef walitti dhufeenya uumuu danda'uun dirqama . Akka Abbaspour, (2016f:147) ibsutti " In teaching and learning speaking skill process usually includes meaning focused activity and learners can learn how to listen and talk to others, how to negotiate meaning and shared context both verbally and non-verbally with the help of teacher. In his teaching teacher must arrange how learners can interact with each other using language in the learning process, because interaction is one of the components that are very important in learning and practicing to master speaking skill" jedha.

Yaada armmaan olii irraa kan hubannu barsiisuufi barachuu dhiheessuu keessatti dandeettiin dubbachuu yeroo baay'ee gocha hiika irratti xiyyeeffate kan hammatu yoo ta'u barattoonni akkaataa namoota biroo dhaggeeffachuufi itti dubbatan, akkaataa hiikaafi haala waliinii afaaniinfi afaaniin ala irratti mari'atan gargaarsa barsiisaatiin barachuu danda'u. Barsiisaa isaa keessatti barsiisaan adeemsa barumsaa keessatti barattoonni afaan fayyadamuun akkamitti akka waliin walitti dhufeenya uumuu danda'an qindeessuu qaba, sababiin isaas walqunnamtiin dandeettii dubbachuu afaanii qabachuuf baruufi shaakaluu keessatti qaamolee baay'ee barbaachisoo ta'an keessaa isa tokkodha.

### 2.2.4. Qabiyyee Dandeettii Dubbachuu Kitaaba Keessatti Dhiheessuu

Glami dandeettii dubbachuu dhiheessuun barsiisuu ga'umsa walqunnamtiiti. Barattoonni ofii mataa isaanii beeksisuun bu'aa amma argatan guutummaatti itti gargaaramuu qabu. Dandeettii afaanii keessatti fudhatoonwaan barsiisaan dubbatu irraa, shaakala dhaggeeffatame irraa, afaan dhaga'amu irraa fi waan dareen alaa dubbifamu irraa argamuu danda'a. Afaan keessootti fudhatamu qabiyyee fi unka irratti hundaa'a. Inni qabiyyee irratti hundaa'e odeeffannoo irratti xiyyeeffata, Fakkeenyaaf, gabaasa haala qilleensaa fa'i. Barsiisaan kutaa dhiyeessa barnootaa keessatti fudhannaa keessoo qabiyyee fi unka irratti hundaa'e walitti dabalee fayyadamuu qaba.Hammi fudhannaa keessoo afaan baratamuun argamu ga'umsa dhaggeeffannaa barattootaa fi haala irratti hundaa'a.

Walqunnamtii guyyuu keessatti yaada waljijjiiruun kan raawwatuuf hirmaattota gidduu hanqinni odeeffannoo waan jiruuf shaakalli walqunnamtii maddisiisaa hanqina odeeffannoo dhugaa fakkaatu irratti hundaa'a. Barattoonnis gocha ykn hojii kenname xumuruuf hanqina odeeffannoo sana hir'isuu yookiin dhabamsiisuu qabu. Haala dhiyeenyaa shaakala madaalawaa keessatti barsiisaan gochaalee gosa adda addaa fudhannaa keessoo fi maddisiisoo fayyadamuu qaba.Barattoonni sadarkaa ga'umsaa kamirrayyuu jiran (barattoota jalqabaa dabalatee) haala dhiyeenyaa gosa adda addaa kanarraa fayyadamoo ta'u.Sababni isaas,irra caalaa kan daddammaqsuu fi afaan barachuu kan milkeessu waan ta'eefi kana giddugaleessa godhachuun kitaaba keessatti dhihaachuu qaba.

Haaluma kanaan danddeettii dubbachuu shaakalsiisuuf gilgaalonni qophaa'an bifa lama qabu.

1.Gilgaala mata dureerraatti xiyyeeffate

Gilgaalonni mata dureerratti xiyyeeffaatan mata dureewwan sadarkaa fi beekumsa bu'uuraa barattootaa madaalaan filuudhaan daree keessatti gochaalee dubbii naannoo kanneen irratti akka raawwatan kan ittitaasifamuudha.

2. Gilgaala gochaarratti xiyyeeffate

Gilgaalonni gocha irratti xiyyeeffatan gochaalee barsiistootaan qophaa'an baraattoonni daree keessatti gochaan irratti hirmaachaa dubbii kan ittiin tasisaniidha. Gilgaalonni kitaaba keessaatti dandeettii dubbachuutiif qophaa'aan amaloota armaan gadii akka qabaatan barbaadama.Gama birootiin shaakala kitaaba keessatti yemmuu qopheessinu isaan armaan gadii dursanii argamuu qabu.

Kana malees,dubbachuun dandeettiwwan gurguddoo lama walqabatan waliin kan deemuudha.

1. Dandeettii bu'uuraa

Dandeettiin bu'uuraa dandeetti sagaleessuu fi caasaa afaanichaa hubachuu ofkeessatti hammata. Fakkeenyaaf. Sagaleelee Afaan Oromoo waamuu

2. Dandeettii dubbii

Dandeettiin dubbii, dandeettii waliigaltee afaanii keessatti qooda akka fudhannu kan gargaaruudha. Fakkeenyaaf: Waa'ee seenaa ofii barattoota biroof kutaa keessatti dubbachuu.

Ammas wanti kitaaba qopheessinu keessatti keenyu yaada armaan olii waliin kan walsimu ta'uu isaa mirkaneessuu qabna. Qabxiin inni biroon dandeettii yemmuu murteessinu garaagarumma dubbachuufi barreessuu gidduu jiru sirri adda baasuun nibarbaachisa. Fakkeenyaaf danddeettiwwan lamaan karaa yaada qindeeffachuutiin fiyaada waljijjiiruutiin.

Dabalataaniis qabiyyee yemmuu murteessinu isaan armaan gadii hubachuu qabna.

A. Adeemsa dubbachuu keessatti dubbataan yeroo dubbatu wantoota hedduu murteessuu akka qabu wantoota ibsan kaahu. Fakkeenyaaf: Maal akka dubbatu akkamiitti akka dubbatu, fedhii dhaggeeffataa adda baasuu akka qabu, yeroo kenname keessatti akkamitti waan dubbatan akka xummuurun danda'amu fi teeknikoota yeroo dubbii barbaachisan beekuu.
B. Tooftaalee mijeessituu adda addaatiin akkamitti akka fayyadamu qaban wantoota ibsan kaahuu.
C. Qaamoolee dubbiin tokko ofkeessaa qabaachuu danda'u akka hubatan waan isaan gargaaru kaahuu.Fakkeenyaaf : Dubbiin qaamoolee sadi qaba.waan ibsu bal'inaan dhiheessuu:

1. Jecha dubbatamu: kun gocha namni dubbatu kan agarsiisuudha

2.Qabiyyee jechaa:kun immoo dhimma dubbataan akka dalagamuuf barbaadu.

3. Bu'aa dubbii Sanaa :kun ammoo wanta dhaggeeffataan fedhii dubbataa guutuuf dalaguudha kanaafuu hasawaa yookiin dubbii tokko yemmuu xinxallu isaan kanneen qabaachuu isaa mirkaneeffachuu qabna.

D. Kaayyoo dandeettii dubbachuu akka dursanii hubatan qabiyyee taasisun kaahu. Gochaaleen kunneenis dubbii dura, Yeroo dubbii fi dubbiin booda jedhamanii bakka saadiitti qoodaamu.

Tooftaa barsiisaa akkaataa mala hubannoo sadarkaalee gurguddoo sadii of keessatti hammateen hojiiwwan qunnamtii ittisuuf yaadameera. Tokkoffaa, barattoonni sadarkaa hojii duraa kan carraa gurmaa'insi haaraan tokko tokko sirna afaan isaanii keessatti uumamuu guddisuuf kan kaayyeffate ta'u Skehan (1996)fi Harmer (2001). Sana booda sadarkaa yeroo hojiitti barattoonni hojii sana irratti bobba'anii, bu'aa hojii gabaasuuf karoorfachuu fi bu'aa hojii hiriyoota isaanii

fuulduratti gabaasu. Dhumarratti, sadarkaan hojii boodaa dammaqiina afaanii kaasuun kan kaayyeffate yoo ta’u, bu’uura kanaan barattoonni waa’ee afaan dubbatamu irratti yaada xumuraa gochuu danda’u. Akkasumas barattoonni caasaa fi akkaataa haasaa dubbatamuun walqabatee akka shaakalan gargaaruuf kan akeekedha Willisfi Willis (1996) fi Skehan (2002). Moodeelli kun "Qabiyyee gochaa irratti hundaa'e"jedhama.

Fakkeenyaaf:

A. Qabiyyee waa’ee gachaalee dubbachuun dura raawwatamuu qaban barsiisuu kaahuu

Wantoonni dubbachuu dura raawataman: mataduree dubbii filachuu,mata duree filatameerratti ragaa funaanuu, kaayyoo dubbii beekuu , dhaggeeffataa murteessuu , yaadolee ijoo yaadannoo irratti qabachuufi dubbichi eessaa ka’ee eessatti akka xumuramu murteessuun dhihaata.

B. Qabiyyee waa’ee gachaalee yeroo dubbachuun raawwatamuu qaban barsiisuu kaahuu

Barattoonni adeemsa qophii dubbii duraa yoo fixan, gara dubbii gaggeessuutti seenuu danda’u. Dhimmoota ykn gabxiilee yeeroo dubbii xiyyeeffatamuu qabanis isaan armaan gadiiti.

C. Qabiyyee waa’ee gochaalee dubbachuu booda raawwatamuu qaban barsiisuu danda’an kaahuu

Gochaaleen yeroo dubbii booda raawwataman dhaggeeffattoonni ergaa dubbichaa ammam akka hubatan kan itti madaalamu dha.Adeemsa kana keessatti dhaggeeffattoota murtaa’oo fulleedhaan ijoo dubbichaa ilaalchisee yaada akka kennan gochuun bu’a qabeessa. Kanaan alattis gaafannoo qopheessuun ergaan seeraan darbuu fi darbuu dhabuu isaa mirkaneessuun ni danda’ama. Yeroo amma dandeettii dubbachuu barsiisuun xiyyeeffannoo waan dhabeef dandeettiin barattootaa gamakanaan gadaanaa akka ta’e namoonni barreessan nijiru. Kanaafuu qabiyyee dandeettii dubbachuu gahaa ta’e kitaaba qophaahu keessatti dhiheessuun barbaachisaa akka ta’e nu hubachiisa.

(D) Barattoonni dandeettii dubbachuu gabbifachuu keessatti wantoota xiyyeeffannoo kennuu qaban irratti ibsa gaahaa kitaaba keessattii kaahuun barbaachisaa dha.

Fakkeenyaaf:

A. Ibsawwan enyummaa dhaggeeffattoota isaanii akka hubatan taasisan bal’inaan kaahuu saala isaanii, umurii isaanii, fedhii isaanii, daandeetti afaanii isaan qaban, aadaa fi k.k.f., namoota baratan moo kan hinbaranneedha?Dargaggoota moo ga’eessoota yookiin daa’immani yookiin hunduu ni ilaallataa?

Kunis akkuma eenyummaa dhaaggeeffattoota isaanitti sadarkaa dubbii isaanii eeganii akka dhiyeessan isaan waan gargaaruf qabiyyee dhimma kana ilaallatu kitaaba ittiin baratan keesatti dhiheessuun barbaachisaa dha.

B. Ibsawwan waa'ee kaayyoo dubbii isaan akka beekan hubachiisan ifaan ifatti kitaaba keessatti akka argatan gochuun barbaachisaa daha.

Dandeettii dubbachuu shaakaluu keessatti kaayyoo inni guddaan yeroo ramadame keessatti waan dubbachuu qaban dhiyeessini ergaa darbu dhaggeeffataa biraan haala sirrii ta'een qaqqabsiisanii kaayyoo dubbii sanaa galmaan ga'uu akka danda'an taasisuu dha. Kanaafuu barattoonni kaayyoo dubbii isaanii akkamitti murteessuu akka qaban waan isaan yaadachisuufi shakala isa knaaf ta'u kitaa keessatti argachuu danda'uu qabu.

- ❖ Mata duree adda addaa keessa seenuun olii gadi jechuurraa akka qusatan waa yaadachisu
- ❖ Yeroo kennameef sirritti akka fayyadamuu qaban waan ittiin shaakalan kitaaba keessaa argachuu qabu.

C. Dubbii isaanii hala ifa ta'eefi fudhatama qabuun dhiyeessuu akka danda'an waan hubachiisuu kitaaba keessatti dhiheessuu

Yeroo baay'ee wanti hubatamuu qabu dubbisuufi dubbiin gargar ta'uu isaaniti. Yeroo dubbiidhaan ergaa dabarsinu haala dheggeeffattootaa, fuula isaanii, sochii isaanii xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Kunis duubatti deebiinee wantoota adda addaa isaaniif ibsuuf carraa nuuf kenna. Yeroo dubbisuudhaan yaada keenya dhiyeessinu garuu kana gochuu hindandeenyu. Kanaafuu kitaaba barataa keessatti barattoonni garaagarummaa kana hubatanii waan ittiin shaakalan kitaaba keessatti ibsa waliin kaahuufi qabna.

Ibsi kitaaba keessatti akka qajeelfamaatti argachuu qaban

- ➢ Yeroo dubbii dhaggeeffattoota ijaan to'achuu akka qaban
- ➢ Sagalee mija'aa ta'een dubbachuu akka qaban
- ➢ Waltajjii irratti iddoo mijaawaa ta'e dhaabachuu akka qaban wantoota ibsan shaakala qabatamaa waliin kaahufi qabna**.**

Yeroo dandeettii dubbachuu shaakalan barattoonni tokko tokko kallattii biraatti ilaalu. Kunis lafa yookiin gara fooddaa ilaalu. Kun garuu carraa armaan olittii eerame sana nidhabamsiisa waan ta'eef sirrii miti. Kanaafuu barattoonni kutaa keessatti dubbii akka taasiisan yemmuu carraa kenninuuf dhaggeeffattoota isaanii akka ilaalan deeggarsa gochuufi qabna. Dhaggeeffataa ilaaluu

yemmuu jennu garuu nama tokkorratti qofa ija babaasuu jechuu akka hintaane hubatanii waan ittiin shaakalan kiataaba keessaa argachuu qabu.

Akkasumas barattoonni tokko tokko dubbii yemmuu dhiyeessan sagaleen isaanii niciccita, tokko tokko immoo suuta jedhaniit dubbatu, tokko tokko ni ariifatu. Barattoonni suuta jedhanii dubbatan dhaggaeffettoota ofitti harkisuu hindanda'an. Wanta gaarii ta'e tokko osoo dubbatanillee hinhubataman yookiin ergaa dabarsuu hindanda'an.

Dubbachuun ogummaawwan afaanii baay'ee rakkisaa ta'an keessaa isa tokkodha. Kun ta'ee osoo jiruu, akka aadaa keenyaatti nuti barsiisonni afaanii yeroo hunda barattoota daree keenya akkaataa barreessuu, dubbisuufi yeroo tokko tokko dhaggeeffachuu barsiisuuf yaaluun dabarsina. Sababiin isaas, caasluga dheeraa waan qabuuf. Bueno, Madrid and Mclaren (2006 f: 321)

Barsiisni afaanii walqunnamsiisaan walqunnamtii haala jireenya dhugaa irratti hundaa'dha. Kun ammoo gochaalee dubbachuu jajjabeessan kanneen armaan gadiin galma ga'uu danda'a.

A. Marii- Barsiisaan mata duree irratti mari'atamuufi kaayyoo marichaa beeksisa, barattoonni mari'atanii waliigaltee tokkorra ga'u.

B. Ga'ee taphachuu– Barsiisaan odeeffannoo / yaada / ka'umsaa kenna barattoonni sanarratti hundaa'uun ga'ee taphatu (gochaa waan bakka bu'anii ibsu).

C. Fakkeessanii dhiyeessuu – Barattoonni wantoota adda addaa daree fiduun haala qabatamaan dhiyeessu.Fkn'f,ni weellisu taanaan sagalee guddiftuu qabatanii dhiyaatu.

D. Odeeffannoo hafe guutuu – Barattoonni lama,l amaan ta'anii inni tokko odeeffanoo ofiif qabu isa kan biraatti hima.

E. Sammuu kakaastuu– Barattoonni yeroo murtoofte keessatti m/duree kenname irratti yaada isaanitti fakkaate burqisiisu.

F. Oduu himuu–Barattoonni oduu duraan dhaga'anii beekan ykn kan ofiif kalaqan walitti himu.

G. Afgaaffii– M/duree filatame irratti namootaaf gaaffii afaanii dhiyeessu.

H. Seenaa jalqabame xumuruu –Barsiisaan seenaa ta'e itti himuu jalqabee karaatti dhaaba; barattoonni nixumuru.

I.Gabaasa dhiyeessuu– Barattoonni daree seenuun dura galaalchaa dubbisanii akka dhufaniifi odeeffannoo haaraa argatan akka gabaasantu godhama.

J.Fakkii Seenessuu–Fakkii gochaa walduraa duubaa agarsiisutu kennamaafi, barattoonni ni seenessu.

K. Fakkii ibsuu– Fakkiin tokko dhiyaateefii waa'ee isaa akka ibsan taasifama.

L. Garaagarummaa barbaaduu – Barattoota lama,lamaan qindeessuun fakkiin gosa adda addaa itti kennama;barattoonni garaagarummaa fi tokkummaa fakkichaa ibsu.
(http://iteslj.org/Techniques/Kayi-TeachingSpeaking.html)

Walumaagalattii dandeettii dubbachuu barattootaa kitaaba keessatti dhiheessuun milkeessuuf dhimmoonni dandeettii dubbachuu kanaan wal qabatan lamaan (Dandeettii bu'uuraafi dandeettii dubbii) waliin wal qabatee akka adeemuutti dhiheessuun barbaachisaadha.kana malees, dhimmoota gochaalee dubbachuu jajjabeessanfi dandeettii dubbachuu gabbifachuu keessatti wantoota barattoonni xiyyeeffannoo kennuu qaban irratti ibsa gaahaa kitaaba keessattii kaahuun barbaachisaa dha.

## 2.3.Maalummaa Qindoomina Dandeettii Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu

Walqunnamtiin namaa adeemsa walxaxaa dha. Namoonni yeroo odeeffannoo dabarsuu barbaadan dubbachuun walqunnamtii taasisu. Kana jechuun, dubbattoonni waa'ee waan tokko nama tokko ibsuu yeroo barbaadan walqunnamtii fayyadamu. Akka kaayyoo isaaniitti afaan fayyadamu waan ta'eef walqunnamtii bu'a qabeessa ta'eef dhaggeeffataafi dubbataan jiraachuun murteessaadha. Harmer (2007 f: 46)

Akka Brown and Lee (2015 f:357) jedhanitti, ''dandeettiiwwan kun lamaan isaanii walqunnamtii dubbii irratti kan hundaa'an waan ta'aniif, barsiisuu keessatti wal-irra bu'iinsa guddaa waan qabaniif, dubbachuu fi dhaggeeffachuu gidduutti walitti dhufeenya uumamaatu jira'' jedhu. Dandeettiiwwan afaanii arfan akkuma walii galaatti waliin ta'anii tajaajila laatu.Yaada kanas Brainerd and etal, (2002 f:49) akkas jechuun ibsu: dandeettiiwwan afaanii baay'ee kan walqabatani: dubbisuufi barreessuun odeeffannoo barreeffamaan fudhachuufi kennuurratti fuulleffatu. Akkasumas,dhaggeeffachuufi dubbachuun odeeffannoo dubbii fudhachuufi kennuurratti xiyyeeffatu. Dubbachuufi barreessuun odeeffannoo dabarsinee ittiin kennina waan ta'eef warra kennoo yemmuu jedhaman dhaggeeffachuufi dubbisuun ammoo odeeffannoo diidaa ittiin fudhachuudhaaf nu fayyadu. Kanaafuu, warra fudhatoo jedhamanii beekamu.Yaada hayyoota kanaarraa wanti hubachuu dandeenyu dandeettiiwwan afaanii walta'anii kan tajaajila kennan ta'uu isaaniiti. Dandeettiiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuu odeeffannoo dubbiidhaan kan waljijjiiran. Kana jechuun, dubbataan nikenna, dhaggeeffataanis fudhatee deebisaaf jechuudha. Dubbataan jira taanaan immoo dhaggeeffataanis jira jechuudha. Kanaafuu,

ogummaawwan dubbachuufi dhaggeeffachuu jedhaman walqabatanii deemu. Dhaggeeffataanis odeeffannoo dhagahe sanaaf deebii dubbiidhaan kennuu waan danda'uuf hariiroo cimaa qabu.

http://area.dge.mec.pt/gramatica/whatspeakingis.htm

Bu'uura kanaan dandeettiiwwan kun akkamitti kitaaba barattoota keessatti dhihaata dhimma jedhu ilaaluun murteessa ta'a.

### 2.3.1. Adeemsa Qindoomina Dandeettii Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Kutaan kun fakkeenya maloota ammayyaa dubbachuufi dhaggeeffachuu barsiisuu dhiheessuu keessatti fayyadamuu danda'an kan dhiyeessu yoo ta'u. Kunis, fakkeenya mala barsiisuu dhiheessuu ammayyaa kennuudha. Kutaan dandeettii afaanii tokko dandeettii afaan dubbatamu fayyadamuu yoo ta'u, kunis, ogummaa adda addaa lamatti qoodama. Ogummaan tokkoffaan dandeettii dubbataan namoota biroo fudhachuufi hubachuu ti. Innis, ogummaa dhaggeeffachuu kan jedhamudha. Ogummaan inni biraan immoo dandeettii dubbataan nama biraa akka hubatuuf afaan dubbatamu fayyadamuu qabu yoo ta'u.Kunis, ogummaa dubbachuu jedhamee waama.Haaluma kanaan,mala yookin haala dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu kitaaba barattootaa keessatti kan dhihaatu ta'uu ilaalla.

Ogummaan lamaan dhaggeeffachuufi dubbachuu walitti hidhata guddaa qabu. Qorattoonni hedduun akka Bozorgian (2012), Feyten (1991)fi Richard (2008) dandeettii dubbachuu guddisuun guddina barattoonni dandeettii dhaggeeffachuu irratti qaban waliin walitti dhufeenya cimaa akka qabu yaada dhiyeessan. Celikfi Yavuz (2015) maalummaa dandeettii afaaniifi hammam akka walitti dhufeenya qaban hubachuun adeemsa baruu / barsiisuu milkaa'aa kamiifuu haal-duree ta'uu ibsu. Tartiiba ogummaawwan afran kana ilaaluuf yaada kennan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudha. Zhang(2009) dhaggeeffachuun dandeettii afaanii barattootaa fooyyessuu irratti dhiibbaa akkamii akka qabu ibsuuf Yaada Galtee Krashen's irratti hirkata. Akkasumas, barattoonni sagalee sirrii ta'e uumuufi akkaataa itti fayyadama amala akka dhiphinaafi sagalee dhageessisuu itti fooyyessan barachuu kan danda'an afaan dhalootaatiin dhaggeeffachuu yoo danda'an qofa akka ta'e itti dabalti.

Addunyaafi kanneen biroo(*2005*), akka jedhanitti barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaawwan dubbachuufi dhaggeeffachuu akkuma ogummaa dubbisuufi barreessuu xiyyeeffannoo argachuu qabu. Kaayyoon isaa barattoonni ogummaawwan kana maatiirraa baranii kan dhufan yoo ta'ellee tooftaafi haxa garagaraati fayyadamuun karaa saayinsawaa ta'een

odeeffannoo argachuufi kennuuf akka itti fayyadamaniif akka haala mijeessinu ni ibsu.Atikinsfi kanneen biro (1989f:106), dhaggeeffachuu ilaalchisee akkana jedhuun ibsu. “Now we realize that learning a language is an integrative process.”Yaada hayyoota kanarraa kan hubannu yeroo ammaa kana afaan barsiisuu keessatti kan dhugoonfachuu qabnu afaan barsiisuun adeemsa qindaa’aa ta’een dhiyaachuu qaba jedhu.Kana irraa ka’uun dandeettiin dhaggeeffachuu daree keessatti adeemsa qinda’a ta’een barattootiin dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu isaanii irratti xiyyeeffannaan hojjechuun barbaachisaadha.dubbataan jira taanaan dhaggeeffataanis jira jechuudha. Kanaafuu, ogummaawwan dubbachuufi dhaggeeffachuu walqabatanii adeemu. Dhaggeeffataanis odeeffannoo dhagahe sanaaf deebii dubbiidhaan kennuu waan danda’uuf hariiroo cimaa qabu.http://area.dge.mec.pt/gramatica/whatspeakingis.htm

Dandeettiiwwan afaanii kun arfan akkuma walii galaatti waliin ta’anii tajaajila laatu.Yaada kanas Brainerdfi kanneen biroon (2002 f:49) akkas jechuun ibsu: Ogummaawwan afaanii baay’ee kan walqabatani: dubbisuufi barreessuun odeeffannoo barreeffamaan fudhachuufi kennuurratti xiyyeeffatu.Akkasuma ammoo dhaggeeffachuufi dubbachuun odeeffannoo dubbii fudhachuufi kennuurratti xiyyeeffatu. Dubbachuufi barreessuun odeeffannoo dabarsisnee ittiin kennina waan ta’eef warra kennoo) yemmuu jedhaman dhaggeeffachuufi dubbisuun ammoo odeeffannoo diidaa ittiin fudhachuudhaaf nu fayyadu.Kanaafuu, warra fudhatoo jedhamanii beekamu.

Yaada hayyoota kanaa irraa wanti hubachuu dandeenyu dandeettiiwwan afaanii walta’anii kan tajaajila kennan ta’uu isaaniiti. Dandeettiiwwan dubbachuufi dhaggeeffachuu jedhaman odeeffannoo dubbiidhaan kan waljijjiiran (dubbataan nikenna, dhaggeeffataanis fudhatee deebisaaf) yemmuu ta’u barreessuufi dubbisuun ammoo barreeffamaan kan yaada wal jijjiiran ta’uu isaanii hubanna. Kana malees**,** Nunan (2001 f: 23) dhaggeeffachuun adeemsa sadarkaalee ja’aa of keessaa qaba jedha.Isaanis ,dhaggeeffachuu, hordofuu,yaadachuu,Madaaluufi,deebii kennuudha.Yaada kana irraa immoo kan hubannu dhaggeeffachuun jiraannaan dubbataan deebii kennu jiraachuun isaa dirqama ta’uu isaati.Kanaafuu,dandeettiiwwan kana lamaan isaanii haala qindaa’aa ta’een daree barnootaa keessatti bifa dhihaatee barsiifamuu danda’uun kitaabni barattootaa yoo qophaa’ee dhihaate caalaatti barattoonni fayyadamoo akka ta’an gargaara. Yaada kana bu’uura godhachuun qorataanis akka dhimma murtessaa tokkootti ilaala.Sababiin isaas,dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu haala qindaa’aa ta’een barsiisuun

barsiisaammayyaa ta'e hordofuun tooftaa barachuu barattootaa salphaa ta'een dandeettii barattootaa milkeessuudha.

## 2.4,Haala Dhiheenyaa (Approach)

Haalli dhiheenyaa kan xiyyeeffatu waa'ee falaasama afaan barachuu (Language Learning Theory) fi yaaddiddama maalummaa afaanii (Language Theory) irrattidha. Shaakalawwan kitaaba keessatti qophaahan barreessuu keessatti haalli dhiheenyaa gumaacha guddaa qaba. Haalli dhiheenyaa kunis yaddiddama yookiin ilaalchawwan barumsa afaanii keessatti ka'an murteessudhaaf nugargaara.

## 2.5. MALLEEN AFAAN BARSIISSUU ITTIIN DHIHAATU

### A.Maalummaa Mallee Afan Barsiisuu

Akkaa Richard fi rogers(2001f :9) jedhaniittii "Mallii baruu fi barsiissuu adeemsa akka walii galattii haala dhiyeenyaa qindaa'aa irraattii hundaa'ee beekumsa barbaadamu dabarsuuf raawwaatu dha" jedha.Ittii dabalee immookaroora waliigalaa meeshalee afaanii ittiin ibsaman ta'ee isaan kana gidduutti walfaalleessuun kan hin jirree fi hundi isaanii haala dhiyeenyaa filatamaa kan bu'uurreeffatadha.

Rogers(2001) Moodela Anthony waabbeeffaachuun akka ibsettii malli sadarkaa ittii yaaxinnii hojjiidhaan mul'atu dha.Adeemsa dandeettii murtaa'aa barsiissuu itti filatamuu dha.kana malees iddoo qabiyyeen murtaa'aan itti filatamuu dha. Tarttiba qabiyeen ittiin dhiyaatus kan murteessuu akka ta'ees lafa kaa'ee jira.

### B. Gosoota Malleen Afaan Barsiisuu

Soomro(2017) jedhuttii Malli afaan barsiisuu kanneen jedhaman: Mala jijjiirraa Seer-lugaa(Grammar Translation Method), Mala Kallaattii(Direct Method ),Mala dhag-dubbii( Audio-lingual/Audio visual Method), Mala Walquunnaamtii(Communicative Language Teaching ), Mala guutummaattii sochii qaamaa(Total Physical Response) ,Mala callisaa(The Silent Way ) akka ta'anii ni ibsamu.

Soomro(2017)'n, Hiika malleen yoo ibsuu "Grammar-translation Method: It is a method of teaching languages by which students learn grammatical rules and then apply those rules by translating between the target language and the native language.

- Direct Method: In this method the teacher refrains from using the students' native language.

- Audio-lingual/Audio-visual Method: In this style of teaching students are taught through a system of reinforcement.unlike direct method, audio-lingual method does not focus on vocabulary.
- Communicative Language Teaching: This approach lays emphasis on oral method of teaching. It aims to develop communicative competence in students.
- Total Physical Response: It is based on the theory that memory is enhanced through association with physical response.
- The Silent Way: In this method the teacher uses a combination of silence and gestures to focus students' attention. Bilingual Method: The word 'bilingual' means two languages. In bilingual method, the teacher teaches the language by giving mother tongue equivalents of the words or sentences.. Gattegno. Muhammad Ali Soomro M.A English Linguistics 2017 Shah Abdul Latif University Khairpur Mir's Sindh (Pakistan)

  Ibsa armaan oliiii yoo ilaallee

  - **Mala jijjiirraa seer-lugaa**: Yaada beekumsi garaagaraa kutaa qaamaa sammuu keessaa bakka addaadaatti argam a jedhu irraa madda. ν Beekumsi herega bakka tokko, kan aartii bakka tokko, kan afaanii bakka biraa, kkf. ν Gosa barnoota garaagaraa barachuun akka sammuu ispoortii hojjechiisuutti; jabeessuutti ilaalama.
  - **Mala Kallaattii:** Maallii kallaatii barattootni afaan baratamu akka yaadataniif dubbatan gochuu dha.Xiyyeeffaannoon isaas afaan baratamu irraattii.
  - **MalaMalaDhaga-dubbii**:Waliin dubbii irra deddeebi'anii yaadachuu fi caasaa afaanii walii dubbii keessaattii dhiyaatan sammuuttii qabachuu dha.
  - **Mala Walquunnamtii**: Mala kana keessaattii gochaan baruu fi barsiissuu kan xiyyeeffatu baratoonni gochaawwaan waa dalaguu fi afaan barachaa jiraniin yaada isaanii akka ibsatan jajjabeessaa.
  - **Mala Guutummaattii sochii qaamaa**:Mallii kun namootni iraa caalaa barachuu kan danda'an yoo qaamaa fi sammuutiin irraattii hirmaatanii dha yaada jedhu qaba.
  - **Mala Calliisuu**: Yeroo hubannaan barattootaa dabalaa deemuu seenaa gaggaababoo afaan sanan baratu jedha. Kan jehuu hiikamanii jiru.

## 2.6.Teekniika (Technique) dhiheessuu

Teeknikni ammoo kutaa keessatti qabiyyeen (shaakalli) dhihaatu akkaataa ittiin raawwatu ilaallata. Teeknikiin hojiirra oolmaadha, “mala addaa, tooftaa, yookiin mala addaa kaayyoo battalaa galmaan ga’uuf itti fayyadamnu” agarsiisa.Barsiisaan tokko tooftaa barsiisuu sadarkaa beekumsa barattootaa ammaa, yaad-rimee qoratamaa jiruu fi sadarkaa imala barumsaa barattootaa keessatti baay’ee mijatu fila. Kanaafuu haalli dhiheenyaa waan baratamu maddisiisuu; malli ammoo tartiiba ittiin dhihaatu ibsa; isaan kunneen ammoo walqabatanii kutaa keessatti teeknika barsiisuutiin qabatamaan hojiitti jijjiiramanii raawwatu.

Fakkeenyaaf teeknikni shaakalli ittiin raawwatu: Dubbachuun Mariin Ibsuunfi Agarsiisuun k.k.f. ta’uu danda’a

## 2.7.Kitaaba Barnootaa

Kitaabni barnootaa kitaabilee baruuf barsiisuuf jedhamee qophaa’u ta’ee, bifa ittin barsiisuun danda’amuun kan qophaa’udha. Kitaabni barnootaa yommuu qophaa’u qabiyyee gilgaalli bifa walmadaalaa ta’een boqonnaalee hunda kessatti dhihaachuu qaba.Kitaabni barnoota afaanii immoo yoo qophaa’u wantoota adeemsa baruuf barsiisuu afaaniitiif gargaaran hunda hammatee qophaa’uu qaba.Kunis qabiyyees ta’ee gilgaalonn yemmuu qophaa’u salphaarraa gara cimaatti, waan beekkamaa irraa gara waan hin beekkanneetti tartiibeessuun qophaa’uun baayyee barbaachisaadha.Kitaabni barnootaa afaanii meeshaalee baruuf barsiisuuta’ee kaayyoo barnootaa galma akka gahuu danda’uuf ga’ee qaban keessaa isa tokko. Richards.(2001 f:251).Kitaabni barnoota afaanii meeshaalee baruuf barsiisuu akka galma gahu dandeessisan keessaa isaguddaadha.Haaluma kanaan Dastaan (2012). Waa’ee kitaaba barnootaa yoo ibsu “kitaaba barnootaa Keessatti qabiyyeen argaman boqonnaa boqonnaadhan qoodamanii argamu. Boqonnaaleen hunduu seensaafi kaayyoo dhihaataniif ni qabaatu.Boqonnaan tokko barreeffama dubbisaaf ta’u dubbisa dhihaaterratti gaafilee hundaa’an kanneen dandeettiiwwan afaanii barsiisaan ofjalaa qaba” jedha.Kitaabni barnoota afaanii ogummaawwan afaanii afranbarattoonni sirriitti shaakaluu akka danda’aniif baayyee murteessaa kan ta’eedha..Ogummaawwan afaanii kunbu’aa barbaaddame fiduu kan danda’an akkaataa gilgaalonni barnoota afaanii keessatti qindaa’ee dhiyaateen yoo hojii irra ooleedha.Kanas Richards (2001f:69). Yoo ibsu akkas jedha. “implementation consists of process of putting into practice, an idea, program or set of activities and structures new to the people attemting or expected to change”.Walumaagalatti adeemsa barnoota afaanii Keessatti kitaabni barnootaa shoora olaanaakan qabuudha.

## A.Gahee Dhiyaannaa Kitaaba Barnootaa

Akka Good (1973) ibsutti .”adeemsa baruu-barsiisuu afaanii keessatti galma ga’iinsa sagantaa barnoota afaan tokkootiif, dhiyaannan kitaaba barnootaa iddoo guddaa qaba. Kitaabni barattootaa gosa barnootaa tokko qofa qabatee, tooftaadhaankan sadarkeeffamu, sadrkaa barnoota tokkootti itti fayyadamuuf kan qophaa’ufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnootaa isa ol’aanaadha. Kitaabni barattootaa qabiyyee mijaa’aa kan qabu, tooftaa dhiyaannaa baruu-barsiisuu waliin kan deemu, siritti qindaa’ee barattoota kan kakasuufi barsiisaan bal’isee dhiyeessuuf kan mijatu ta’uu qaba.

Kana malees, Brownfi kanneen biroo,(1989) akka ibsanitti “faayidaa kitaabni barattootaa adeemsa baruu-barsiisuu keessatti qabu: barattoonni akka dandeettii isaanitti akka barataniif carraa kenna, barattoonni waan daree keessatti baratan irra deebi’anii akka sakatta’an dhiyeessa fi waan yaadatan mirkaneeffachuufi kkf ni gargaara jedha.Kanaafuu kitaabni barachuu barattootaaf xiiyyeeffannoon kennamee qophaa’e yoo dhihaate milkaa’ina barnootichaaf iddoo olaanaa qabaata jechuudha.

## B.Ulaagaa Madaallii Kitaaba Barnootaa

Hojii baruu barsiisuu keessatti dhimmi ijoon dursi kennamuufii qabu kitaaba barnootaa barataati.Kunis, kaayyoo baruu fi barsiisuu barbaadame galmaan gahuuf meeshaa barnootaa isa murteessaa dha.ulaagaalee filannoo kitaaba barnootaa gaarii: Richardsfi Renandyan (2002 f:65), akka ibsanitti, kitaabni barnootaa gaariin ulaagaalee kanaa gadiitiin qophaa’uu qaba jedhu. Kitaabichi kaayyoo barnootichaa kan of keessatti hammateefi jiruufi jireenya barattootaa ilaalcha keessa kan galchu ta’uu , Gilgaalaafi dalagaaleen adda addaa qabiyyee boqonnichaan walsimatee dhiyaachuu , Kitaabichi kan hamilee barattootaa ijaaru ta’uu , Kitaabni barataa hawwataa ta’uufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta’uufi Umurii, fedhiifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa giddugaleessa godhachuu qaba. Kitaabni barnootaa beekumsa yookiin seera afaanii kan ittiin dhalootaa dhalootatti dabarsaniifi hojiilee baruufi barsiisuu milkeessuu keessatti gahee guddaa kan qabaniidha.Yaanni kun kitaabni barnootaa karaa beekumsiifi seerri afaanii dhalootaa dhalootatti daddarbu, akkasumas hojiileen baruufi barsiisuu kan ittiin galma karoorfame gahu ta’uu isaa hubachiisa.

Kana malees qorataan biraa, kitaabni barnootaa tokko waan barataan barachufi irratti hirmaachuu barbaadu of keessatti haammachuu qaba jechuun lafa kaa’a.Fikremariam (2007 f:44).Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu kitaabni barnootaa yemmuu qophaa’u fedhii barataa

giddugaleessa godhachuu akka qabuufi silabasii barnootaa wajjin walsimatee qopaa'uu akka qabuudha.

Yaaduma kana cimsuun Richards and Rodgers (1986f:81) "Materials thus have the primary role of promoting communication language use." jedhu.Kunis kan ibsu, kitaabileen barnootaa dandeettii waliigalteefi itti fayyadama afaanii baratootaa cimsuu keessatti gahee ol'aanaa akka qabuudha. Kanaafuu haalli qophii kitaabafi qabiyyee barnootaa kitaabichaa keessatti dhihaate mijataa yoo ta'e hojiin galma ga'iinsa kaayyoo barnootaaf qabu baay'ee olaanaa dha.

## 2.8.Yaaxina Qorannichaa

Haalli dhiyeenyaa walqunnamtii barnoota afaanii milkeessuu keessatti iddoo guddaa qaba. Keessattuu, haalli dhiyeenyaa barnoota haala qabatamaa ta'een dhiyeessuun murteessaadha. Faayidaa haala dhiyeenyaa kanaa hayyuun, Fang (2007, f.:70), yammuu ibsu."The communicative teaching method aims process to make communicative competence the goal of language teaching, and develops procedures for teaching the skills that acknowledge the interdependence of language and communication." Yaada kana irraa kan hubannu haalli dhiyeenyaa kun gahumsa dandeettii waliigaltee uumuuf kaayyeffamuun galma barnoota afaanii milkeessuudha jedha. Kana malees, Harmer. J. (2007 f : 29) , "When speaking, we construct words and phrases with individual sounds, and we also use pitch change, intonation, and stress to convey different meanings." Ibsa kana irraa kan hubannu immoo: "Yeroo dubbannu jechootaa fi gaaleewwan sagalee dhuunfaatiin ijaarra, akkasumas jijjiirama sagalee, sagalee fi dhiibbaa fayyadamnee hiika adda addaa dabarsina"

"Hubannoon dhaggeeffachuu fi dubbachuu adeemsa baay'ee walxaxaa ta'ee fi beekumsa afaanii fi afaaniin ala ta'e gosa adda addaa kan keessatti hirmaatudha" Müller, Hartmann fi Schocker von Ditfurth (2004, f : 73) jechuun yaada isaanii ibsu. Kanaafuu, Yaaxinni qorannoo kanaas yaaxina madaallii adeemsaa ti.Gosa moodeelii kanaa ammoo haala raawwii qabatamaa kitaaba sanaa kan ilaallatu dha. Adeemsa raawwii isaa keessatti ragaan walitti qabamu bakka hanqinni jiru foyyeessuuf gargaara.

Yaada kana Gredler (1996) akka armaan gaditti ibsa:

> The focus of process evaluation is the implementation of a program or a strategy. The main purpose is to provide feedback about needed modification if the implementation is inadequate. That is, are program activities on schedule? Are they being implemented as

planned? Are available resources being used efficiently? Do program participants accept and carry out their roles? The main purpose is to provide feedback on the extent of implementation; process evaluation can fulfill two other functions. They are 1) to provide information to external audiences who wish to learn about the program and 2) to assist program staff, evaluators, and administrators in interpreting program outcomes). The main purpose is to give appropriate feedback. As it is the process evaluation, it is helpful in making formative evaluation for the purpose of program improvement.

Akka yaada kanaati, “xiyyeeffannoon haala dhihaannaa madaaluun sagantaa yookiin karoora isaa murteessu dha. Kaayyoon ijoo madaallii kanaas sirreeffama fuulduraa kennuuf duubdeebii barbaaduudha. Kunis,sagantaa hojii kanaa ta’ee fayyadamoo sagantaa kanaaf raga alaa murteessuufi warra dhimmicha galmaan gahaniif madaaltoota fi hoggantootaaf hiikoo laachuudha ”.Sababiin yaaxinna adeemsa kun filatameef haala dhihaannaa dandeettilee kitaaba keessaa raawwii isaa keessatti ragaan walitti qabamee bakka hanqinni jiru foyyeessuuf waan gargaaruf;qorannnoon kunis,qabiyyee dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu afaan oromoo kitaaba keessatti argaman haalli dhiyeenyaa isaanii akkamitti akka dhihaate hanqinaa fi cimina isaa adda baasuun xiinxalee yaada furmaata kaa’u waan ta’eef yaaxina adeemsaa kana gargaarameera.

## 2.9.Sakatta’a qorannoo walfakkii

Kutaa kana keessatti qorannoo haala dhiyaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu waliin hariiroo yookiin walitti dhufeenya qabantu sakatta’amee dhiyaate. Qorannoon kunniinis, walitti dhufeenya dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu waliin qaban kan ibsaniidha.

Haala kanaan Qorannoon dandeettii afaanii qindaa’an barattootaaf barnoota dhiheessuun barattoonni gahumsa qunnamtii dandeettii afaanii fayyadamuu akka danda’an gargaara. Garuu,qorannoon dandeettilee kanaan wal qabatanii hojjataman baay’ee xiqqaadha.Kun immoo,naannoo mataduree kana irratti qorannoon baay’ee fi cimina qabu hojjatamuu akka qabu mul’isa. Kanatti aansuun , qorannoo walfakii mata duree kanaan walqabatanii kana dura hojjataman firoomina jarri qorannoo kana waliin qaban ilaalla.

Xilaahuun Kabbadee (2003), Yuunivarsiitii Finfinneetti mata duree ‘’xiinxala raawwii qindoomina dandettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu barattoota kutaa 9ffaa manneen barnootaa mootummaa sadii’’ irratti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf hojjatee jira.Kaayyoon isaas, ‘‘manneen barnootaa mootummaa filataman sadan keessatti barsiisonni dandeettii

dhaggeeffachuu ta’e jedhanii dandeettii dubbachuu waliin haala qindaa’a ta’een dhiheessuu ni fayyadamuu”? kan jedhu ture.kun firoominni inni qorannoo kana waliin qabu mata duree dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu filachuun ala kaayyoon qarannoo,daangaan qorannoo fi xiyyeeffannoon isaa walitti kan hin dhufnedha.

Kana malees qorannoon sakatta’ame qorannoo , Biniam Atinafe (2008 ) ,Yuunivarsiitii Finfinneetti mata duree “Gahee shaakala dareen alaa dandeettiilee dhaggeeffachuufi dubbachuu afaanii ingilizii barattootaa furuu irratti qabu kan xiyyeeffate.” irratti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf hojjatee jira. Kaayyoon isaas, gahee shaakalli dareen alaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu afaan ingilizii barattoota furuu irratti qabu kan xiyyeeffate dha.Walitti dhufeenyi inni qorannoo kana waliin qabu mata duree dandeettiilee dhaggeeffachuufi dubbachuu xiyyeeffachuun ala kaayyoon,daangaafi xiyyeeffannoon isaa adda addadha.

Kanbiraa immoo, Ijiguu Yimaam (2003), Yuunivarsiitii Finfinneetti mata duree“ Xiinxala Haala dhihaannaa dandeettii dubbachuu Afaan Amaaraa kutaa torbaffaa manneen barnootaa jalqabaa filataman sadii magaalaa Dabra Biraan ” . irratti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf hojjatee jira . Kaayyoon isaas, magaala Dabra Biraanitti barsiisoota mana barumsa jalqabaa kutaa 7ffaa afaan amaaraa barsiisan haala dhiheenya dandeettii dubbachuu isaanii sakatta’uudhaan hanqinoota fi ciminoota mul’atan adda baasuun yaada furmaata kaa’udha. Firoominni qorannoon kun qorannoo kana waliin qabu haala dhihaannaa dandeettii yemmuu ta’u kaayyoon,daangaafi xiyyeeffannoon isaan qaban gara garadha.

Kan biraa ammo, Tavil (2010) barattoota Yunivarsiitii Hacettepe 180 irratti qorannoo gaggeesseen, “dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu walitti makamuu keessatti barsiisuun dandeettii walqunnamtii afaanii barattootaa fooyyessuu fi dhiisuu isaa qorateera.” Qorataan bu’aa qorannoo kanaa bu’uura godhachuun hojiiwwan dhaggeeffachuu fi dubbachuu ida’amuun barsiisuun ogummaawwan kana addaan barsiisuu caalaa bu’a qabeessaa fi bu’aa qabeessa ta’uu isaa xiinxalera. Firoominni qorannoon kun qabu xiyyeeffannaan dandeettilee ta’uun alatti garaagarummaan isaanii immoo, yaaxxina isaan ittiin qorannoo isaanii gaggeessaniifi kaayyoo isaan qabatanii qorannoo kana ittiin adeemsisanidha.

Bifuma knan qorataanis qorannoo isaa gaggeessuuf qorannoo walfakkii walbira qabe waliin kan walfakkeessu baay’een isaa walirraa fagoo ta’ullee haala dhiheenya dandeettiilee dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barattootaa barnoota afaan oromoo kutaa 8ffaa bara 2014

maxxanfamee yeroo ammaa kan ittiin barsiifamaa jiru maali akka fakkaatu sakkatta'uun ragaalee ciminaa fi hanqinaa argaman xiinxaluun yaada furmaata waliin qaaccessee kan dhiheessu ta'a.

# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti, malleen qorannoon kun ittiin adeemsifamu gabaabinaan dhiyaate jira. Isaanis: Saxaxa qorannichaa, malleen iddattoon ittiin filatamu, mala funaansa ragaalee, akkasumas ragaaleen funaanaman ittiin hiikamaniifi qaacceeffamantu dhiyaate. Itti dabalees qorannoon kun haala akkamiin akka adeemsifamu, ragaaleen sassaabaman kun haala ittii hiikamaniifi qaacceffamantu dhiyaate.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kungosoota qorannoo keessaa qorannoo ibsaatti kan gargaarameefi ragaaleen qorannoo kanaaf walitti qabamanis mala qorannooakkamtaatti gargaaramuun kan qaacceeffameedha. Saxaxa qorannoo ilaalchisuun Addunyaa, (2011,f:65) yemmuu ibsu, "…qorannoon tokko haala ibsaarratti xiyyeeffata yoo ta'e, saxaxni isaa ibsaadha. Kan ibsamus, odeeffannoo akkamtaarratti yoo hundaa'e saxaxni isaa ibsa akkamtaa (qualitative)…ta'a ''jechuun kaa'a.Dabalataanis, Dastaa (2002) "…qorannoon mala akkamtaan geggeeffamu odeeffannoo mala addeessaatiin yookiin ibsaatiin dhiyeessa''jedha.

Kanaafuu,Sababni gosa qorannoo kanatti gargaarameef kaayyoon qorannichaa haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu afaan oromoo kitaaba barataa kutaa 8 ffaa bara 2014 qophaa'an keessatti mul'atan adda baasee kan qaacceessuu waan ta'eefidha. Haaluma kanaan, qorattaan kitaabicha gadi fageenyaan xiinxaluun odeeffannoo argatu dhuma irratti qaaccessuun waan ibsuuf saxaxa ibsaatti kan gargaaramu ta'a.

## 3.2 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo tokko waan qorannoon irratti geggeeffamudha. Kanaaf, irraawwatamni qorannoo kanaa kitaaba barataa barnootaa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa haaraa bara 2014 sirna barnootaa haaraan qophaa'ee barattootaaf dhihaatedha. Sababni kun filatameefis kitaabileen barnoota sirna barnoota haaraan qophaa'anii mana barumsaa gahan kan kutaa tokkoo,sadii,ja'aa ,torbaa fi saddeet qofa ta'anii osoo jiranii kan qajeelcha barsiisaa waliin mana barumsaa yeroof qaqqabe kan kutaa 8ffaa qofa dha.Kanaafuu, kitaabni Afaan Oromoo kutaa 8ffaa irraawwatama qorannoo kanaati.

## 3.3.Iddattoo Qorannichaa

Kitaabilee barnoota barattoota afaan oromoo kutaa hunda irratti qorannoo geggeessuun baay'ee ulfaataa waan ta'eef, qorataan kunis kitaaba kana irratti xiinxala gaggeessuuf iddattoo miti carraa keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataatti fayyadamuun kitaaba barattoota kana filachuun achi

keessaa ragaa kan sassaabbatedha. Sababni malli kaayyeffataa filatameefis qorannoon geggeeffame kun qorataan kitaaba barattoota kutaa kanaa dubbisuudhaan qorannoo isaa galmaan naaf ga'a jedhee waan itti amaneefidha.

## 3.4. Maddi Ragaalee

Qorannoon gaggeeffame kun qorannoo qulqulleefataa ta'ee kitaaba barnoota afaan oromoo barattootaa kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfamee yeroo ammaa hojiirra jiru irratti kan gaggeefamedha. Maddi raga qorannoo kanaas kitaaba barnoota afaan oromoo barattootaa kutaa 8ffaa ti. Qorannoon kunis qaaccessa haala dhihaannaa dandeettiilee dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba kana keessaa waan ta'eef , kitaabni qorataan qorannoo irratti gaggeessuuf filatae akka dookimentiitti waan fudhatameef madda raga tokkoffaa ta'uun tajaajiluu danda'ee jira.

## 3.5. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko geggeessuuf ragaan funaanamuun murteessadha.Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kanaa galmaan gahuuf qorataan kun itti dhimma bahe, odeeffannoo madda ragaa sadarkaa tokkoffaa irraa funaanamedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta'a kitaaba barnoota afaan oromooo kutaa 8 ffaa gadi fageenyaan dubbisuunguca gabatee mirkanneeffannoon qaaccessuun, akkasumas kitaabolee biyya keessaafi biyya alaa gara garaa sakatta'uun yaada hayyootaan deggeruun kan dhiyeessedha.

## 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Tooftaa xiinxala ragaalee qorannoo kanaa keessatti qorataan fayyadame mala akkamtaa yoo ta'u, ragaalee sakatta'a dookumantiitiin argamu kana ibsa irratti kennuun kan xiinxaledha. Qaaccessa ragaalee akkamtaa keessatti ragicha qopheeffachuun irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan/ttuun tokko hordofuu qabu/du keessaa warra muraasa. Qorataan kun qorannoo isaa kitaaba barattoota barnoota afaan oromoo kutaa 8ffaa kanarratti yemmuu geggeesse haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaabicha keessatti dhihaate gadi fageenyaan dubbisuun gaaffilee bu'uura qorannoo kanarratti hundaa'uudhaan odeeffannoo kitaabicha keessaa argame haala walitti dhiheenya isaaniitiin kan qaaccessedha. Ragaan funaanames kitaaba kana keessaa waan ta'eef haala dhihaannaa dandeettilee dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba kana keessatti dhihaate xiinxaluun gabatee mirkanneeffannoon kan qaacceffameedha.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE SEENSA

Kitaabileen barnoota afaanii dandeettiiwwan afaanii bu'uura godhatanii kan qophaa'anidha; xiyyeeffannoo isaan dandeettiiwwaniif laatan walhaacaalu malee. Kitaabilee Barnoota Afaan Oromoos dandeettiiwwanuma kana ka'umsa godhatanii kan qophaa'anidha. Kitaabni **Kitaaba** Afaan Oromoo kutaa 8$^{ffaa}$kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Jimmaatiin bara 2014/2022 qophaa'e. Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022 Maxxanfame.Maxxansa kitaaba kanaa keessatti qaamoleen gahee ba'atanni jiru.Isaanis,Barreessitoota Mitikkuu Dibbeessaafi Mokonnon Dhaabaa,Gulaaltota Abdiisaa Ayyaanaafi Darajjee Raggaasaa ,Madaaltota Abdiisaa Gannatii ,Dastaa Taaddagaa, Waaqumaa Waamiifi Yaneenash Saamu'eel ,Seecca'aa Fiqiruu Kitilaa Giraafiksii Taaddasaa Dinquu fa'a. Kitaabni kunis, boqonnaa Kudhan (10), baay'ina gilgaalaa 104 fi fuula 110 qaba. Qulqullina waraqaa kitaabni kun ittiin qophaa'e cimaa ,halluu miira gaariin nama simatuun kan qophaa'efi kan yeroo dheeraa turuu danda'udha.Kana malees, Bocaafi guddina qubee ittiin barreeffame illee barattoota qaroo qaban hundaaf bifa mijachuu danda'uun kan qophaa'e ta'uun qaacceffameera.

Haaluma kanaan, kaayyoon barnoota afaanii inni guddaan barattoonni afaan baratan sanaan hojjachuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uura (the basic language skills) horachiisuudha. Kanaafuu hojii qorannoo kana keessatti qorataan meeshaalee ragaan ittiin funaanaman sakatta'a dokumentiitti akka madda ragaa tokkoffaatti kan fayyaadamedha. Sakatta'a dokumentii kanas, dhimmicha waliin kallattiin kan walqabatan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo: kitaaba barattootaatti dhimma baheera. Meeshaalee kana qaaccessuufis gaaffiilee kallattii qoranniichaa irratti xiyyeeffachuun sakatta'a dokumentiidhaaf qophaa'an fayyadamuun qaacceffameera. Ragaan akkaataa qaaccessa ragaalee akkamtaa fayyadamuun ibsa gahaa waliin qaacceffamee dhiyaateera.

Akka McDonoughand Shaw, (1993) ibsutti "adeemsa baruu-barsiisuu keessatti haala meeshaaleen barnootaafi qabiyyeen barnootaa ittiin qophaa'an adda baasanii beekuun adeemsicha galmaan gahuurratti isa ol'aanaadha"jedha.Kana jechuun,xiyyeeffannoo addaan ilaalamee qophaa'uu akka qabu kaasa. Akaakuun barnootaa qophaa'u tokkos sadarkaa barattoonni irra jiranirratti hundaa'ee qophaa'uu akka qabu ni ibsa. Yaada kanarratti hundaa'uudhaan dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu irratti boqonnaa garaagaraa keessatti xiyyeeffannaan sadarkaa isaa eegee akkamitti akka dhiyaatee sakatta'amee dhiyaatee

jira.Kanaafuu qabiyyeen dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaabilee keessatti hammataman kan akaakuu qabiyyee afaanii garaa garaa bal'inaan qabataniifi barattoonni irra caalaa caasaa afaanichaarratti hubannaa isaanii gabbifachaa akka deeman gochuurra darbee afaan sana barachuuf kaka'umsa guddaa isaan keessatti uumuu kan danda'u ta'uu qaba. Meeshaaleen barnootaa tokko jalqabarratti yemmuu wixineeffamu ilaalcha sadarkaa barattoonni qabiyyee sana baratan irratti argaman hubachuun barbaachisadha. Kana malees, qabiyyeen barnootaa sadarkaa sanarratti barattootaaf qophaa'u filatamuun dhiyaachuu qaba.

Akka walii galaatti ,kitaabni kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfameeirraa baratamuu eegale kun haala dhihaannaa dandeettilee dhaggeeffachuufi dubbachuu boqonnaalee tokko tokkoon keessatti dhihaate ragaalee gaaffiin qorannoo kana barbaaduun kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu galmaan gahuuf ga'umsa qabu, raawwii shakalaa kutaa keessaa ifaan ifatti deeggaru, gochawwan barattootaafi barsiisaa adda baasee hojiirra oolch, duubdeebiin akaataa ittiin dhihaatu fidhiheenyaa, malaafi raawwii isaaniitiin xiinxaluun qaaccesee gabatee armaan gadiitiin dhiheesse jira.Haaluma kanaan,kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa8ffaa bara 2014 maxxanffamee yeroo ammaa ittiin barsiifamaa jiru haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaabichaa gabatee mirkanneeffannaa armaan gadiitiin qaacceffamee xiinxalamuuf dhihaate jira.

## 4.1. Haala Dhiyaanna kaayyoo Dandeettii Dhaggeeffachuu Kitaabaa

Akka ragaa qaaccessa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa saddettaffaa irraa argame mul'isutti haalli dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu kitaabicha keessatti argaman sakatta'amanii gabatee facaa'insa armaan oliin dandeettii dhaggeeffachuu kitaabichaa erga adda ba'anii booda gilgaalota dandeettii dhaggeeffachuu kitaabicha keessa jiranis gahumsa kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu galmaan gahuuf dhiyaatan akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru. Haaluma kanaan,barumsi Afaanis ta'e barumsi idilee kamiyyuu kaayyoo itti baratamu ni qaba. Kunis barumsichi maaliif akka kennamu sababiin murtaa'e jiraachuun isaa kan agarsiisuudha.

*Gabatee 1 Mirkaneeffannoo*

| Boqonnaa | Gilgaalota | Gilgaala dhaggeef-fachuu | | Fuula | Mata-duree dhaggeeffachuu | Kaayyoo Shaakalaa Dhaggeeffachuu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'in | % | | | |
| 1 | 10 | 3 | 30 | 1- | Qajeeltoow-wan Naamusa Hojii | Bashannansiisaa barsiisuu |
| 2 | 12 | 3 | 25 | 13-15 | Hambaalee Oromiyaa | Odeeffannoo dabarsuuf |
| 3 | 11 | 3 | 27 | 27-29 | Mirga Namoomaafi Mirga Dimookiraasii | Odeeffannoo fudhachuuf yaada ijoo fi calla addaan baasuu |
| 4 | 10 | 3 | 30 | | SeeraMootii Amooraabii | Bashannansiisaa barsiisuu Dandeettii gadi fageessanii yaaduu gabbisuuf |
| 5 | 10 | 3 | 30 | 47-49 | Baay'ina Ummata Itoophiyaa | Carraa shaakala dandeettiiwwan afaanii kennuuf |
| 6 | 10 | 3 | 30 | 56-57 | Faayidaa Bosonaa | Ergaa calla fi dimshaasha himuun barachuu |
| 7 | 11 | 3 | 27 | 65-66 | Daa'imman Hojii HumnaaOlii Hojjachiisuu | Bashannansiisaa barsiisuu Odeeffannoo dabarsuuf |
| 8 | 11 | 3 | 27 | 75- | Sadarkaalee Umrii SirnaGadaaKeessatti | Beekumsa duraa tilmaamuu Fi hubannoo ibsuu |
| 9 | 10 | 3 | 27 | 84- | Guddina dinagdeefi jijjiirama qilleensaa | Dandeettii gadi fageessanii yaaduu gabbisuuf |
| 10 | 9 | 3 | 33 | 91-92 | Odaa Bultum | Dandeettii gadi fageessanii yaaduu gabbisuuf |

Kaayyoo tokko malee adeemsi baruu fi barsiisuu hin adeemsifamu.Kaayyoon kun garuu akkuma eenyummaa barataa akkuma sirana barnootichaatti gargar tahuu danda'a. Kanaafuu,dandeettiin barsiifamu tokko yoo kan kaayyoo barnootichaa ifaaf ifatti kan kaa'u ta'e barataan maaliif akka baaratu barsiisaaniis maaliif akka barsiisu ni beeka jechuudha,

Fakkeenyaaf,barattoonni Afaan dhaloota isaanii barachuun isaanii meeshaa duraan qaban akka qara baasuuttikanilaalamudha. Kunis daandeettii afaaniichaa duraan qaban sirritti akka itti fayyadaman carraa laataaf jechuudha .Kaayyoon barumsichaas, dandeettii duraan qaban qaruu yookiin gudddisuu akkasumas daandeettii dubbisuu fi barreessuu dabalata dandeettii dubbachuu fi dhaggeeffachuu irratti argamsiisuu ta'a.Bifa kanaan, kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 8 ffaa kana haala dhiheenya kaayyoo barnootaa barattoota dandeettii barbaadameen gahoomsuu yoo ilaallu.Bu'uura irraa kaayyoon barnoota dhaggeeffachuu barsiisuu yookin odeeffannoo fudhachuu akka ta'e ni ibsama .Kanaafuu, akkuma ragaa gabatee mirkaneeffannaa 1kana irraatti argame mul'isutti,haalli dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuutiin kaayyoon dandeettii gahoomsuu boqonnaa hunda keessatti ifaan ifatti kan kaa'ame yemmuu ta'u. Dandeettiiwwan kunniin haala dhiyaannaa afaan bu'uureffate, ogummaa afaanii giddugaleessa godhatee dhiyaachuu keessatti waanata mul'atan adda baafachuun danda'ameera.Keessumaayyuu,akkuma kaayyoowwan dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuuf dhihaatu ibsimetti qabiyyeen dandeettii dhaggeeffachuu boqonnaa boqonnaa jalatti ka'anu kaayyoo mataa mataa isaanii waliin kaayyoo gooree boqonnaa jalatti tarreeffamee jira.Fakkeenyaaf:Boqonnaa Tokko, fuula 1 jalatti kaayyoon barnoota dandeettii dhaggeeffachuu haala armaan gadiin tarreeffamee jira.

**Xumura barannoowwan boqonnaa kanaatti:**

• barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa jecha/gaalee hafe niguutta;

• barruu dhiyaate xiyyeeffannoon dhaggeeffachuun yaada isaa nihimta.

Fakkenya boqonnaa kana bu'uuraalee barachuu jalatti ka'e irraa haala dhiheenya kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuun akkaata barattoota biraan gahuun danda'amu fi barattoota kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuun gahoomsuun haala itti danda'amu xiinxalameera. Ragaa dandeettii dhaggeeffachuudhaan argame kan dandeettiiwwan afaanii kanneen biroo gabbifachuuf gargaaru ta'uu isaa mirkanneessa.Fakkeenyaaf, ''barruu siif dubbifamu dhaggeeffachaa jecha/gaalee hafe niguutta''kaayyoo jedhu kana yemmuu xiinxalamu dandeettii dhaggeeffachuu cinaatti gaalee

hafe barreessuun dandeettii barreessuu illee dandeettii dhaggeeffachuu cinaatti barachuu akka danda'an barsiisa.

Karaa biraatiin,kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu keessaa tokko ragaa argachuu yookin fudhachuudha. Kaayyoo kana irratti hundaa'uun fakkeenya kitaaba kutaa kanaa boqonnaa Afur ,gilgaala lamaffaa,fuula : 39

## Gilgaala 2

Seenessa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asiin gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

1.Mootiin Hamoraabii taayitaa seera tumuu_________ irraa argate jedhamee amanama ture.

2.Seerri Mootiin Hamoraabii inni jalqabaa bara________ tumame.

3.Seerri Mootii Hamoraabii adabbiiwwan akka _______,_______fi_____ of keessaa qaba

Fakkeenya kana irraa wanti hubatumu barattoonni seenaa dubbifamuuf tokko nidhaggeeffatu. Ittiaansuun,odeeffannoo argatan immoo gaaffii shaakala yeroo dhaggeeffachuu keessatti isaaniif dhihaate guutuun deebisuu isaa dhugoomsa.Xinxala kana irraa kaayyoo dhaggeeffachuu keessa tokko odeeffannoo argachuu akka ta'e nuuf mirkanneessa.Kanaafuu, xiinxala waliigalaa dhihaannaa kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu gabatee armaan olii irratti dhihaateen akkaataan kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu barattoota gahoomsuuf dhihaate tokko tokkoon gilgaalota dandeettii dhaggeeffachuu boqonnaa hundaa keessatti(boqonnaa hunda kaasuun qaba 1-10) dhihaate bifa wal fakkaatuun kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu hunda gilgaala hunda keessatti argachuu yoobaate illee kaayyoo dandeettii dhaggeeffachuu gahoomsuuf tumsa cimaa akka inni qabu xiinxaleera.Dhiheessi kaayyoo dandeettii kanaakitaaba kana keessatti dhihaatedhaggeeffachuun yaada dimshaashaa hubachuu barattootaa mirkanneessa waan ta'eef sirrii ta'uu isaa qorataan mirkanneeffateera.

## 4.2.Raawwii shakalaa kutaa keessaa dandeettii dhaggeeffachuu dhihaate

*Gabatee 2* ***Mirkaneeffannoo***

| Boqonnaa | Gilgaalota | Gil.dhaggeef -fachuu | | Fuula | Mata duree dhaggeef-fachuu | Raawwii shakalaa kutaa keessaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay'in | % | | | |
| 1 | 10 | 3 | 30 | 1-2 | Qajeeltoow-wan Naamusa Hojii | Gaaffilee gabaaboon deebii kennuu |
| 2 | 12 | 3 | 25 | 13-15 | Hambaalee Oromiyaa | Deebii gabaaba fi dheeraa kennuu |
| 3 | 11 | 3 | 27 | | Mirga Namoomaafi Mirga Dimooki-raasii | deebii gabaaba fi dheeraa kennuu |
| 4 | 10 | 3 | 30 | 38-39 | Seera Mootii Amooraa-bii | deebii gabaaba fi dheeraa kennuu |
| 5 | 10 | 3 | 30 | 47-49 | Baay'ina Ummata Itoophiyaa | deebii gabaaba kennuu |
| 6 | 10 | 3 | 30 | | Faayidaa Bosonaa | deebii gabaabafi deebii bal'aa kennuu |
| 7 | 11 | 3 | 27 | | Daa'imman hojii humnaa olii hojjachiisuu | deebii gabaaba fi dheeraa kennuu |
| 8 | 11 | 3 | 27 | | Sadarkaalee Umrii Sirna Gadaa Keessatti | Gaaffilee deebii gabaaba fi dheeraa kennuu |
| 9 | 10 | 3 | 27 | | Guddina dinagdeefi jijjiirama qilleensaa | deebii gabaaba, dheeraafi bal'aa kennuu |
| 10 | 9 | 3 | 33 | | Odaa Bultum | deebii gabaabafi deebii bal'aa kennuu |

Akkuma **gabatee '2'**armaan olii keessatti ka'ee jirutti gochoonni dandeettii dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhihaatanii gosoota shaakala kutaa keessatti raawwatamuuf kitaaba kutaa 8ffaa kana keessatti dhihaatanii qaacceffamaniidha.Gosoota gochoota dandeettii dhaggeeffachuu

shaakala kutaa keessatti qopheessinu bakka gurguddaa sadiitti qooduu dandeenya. Isaaniis, warra deebii gaggabaabaan deebi'an, warra deebii dheeraa qabanii fi warra deebii babal'aa qabandha.Haala qophii kitaaba kutaa 8$^{ffaa}$ keessatti akkaataa gochoonni dandeettii dhageeffachuu itti raawwii shakalaa kutaa keessaa deeggaruuf dhihaatan keessaa kan boqonnaa muraasaa akka fakkeenyaatti fudhatee qorataan hanga tokko walbira qabee ilaaleera.

Fakkeenyaaf:Gilgaala 1

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan
gadii irratti cimdiin mari'achuun dareef dhiyeessaa.

1) Fakkii asii oliirraa maal hubattan?
2) Naamusa hojii jechuun maal jechuudha?
3) Naannoo keessanitti namoonni dureeyyii jedhaman namoota akkamiti? Akkamitti hojjatanii durooman jettanii yaaddu?

Boqonnaa 1, gilgaala 1fuula 1 keessatti shaakaloonni raawwii kutaa keessaaf dhihaatanii jiran yeroo xiinxalaman ,Gaaffii 1 -3 jiran kun kan gaaffii deebii dheeraa yookin bal'aa himoota garagaraan deebi'uu danda'u barbaadandha. Sababiin isaas,barattoonni rakkolee afaaniin (himaman) dhaggeeffatanii marii walii wajjin erga godhanii booda hiika (furmaata) barbaadanii barreessuun akka dhiyeessan taasisa waan ta'eef.

Gara biraatin immoo,Boqonnaadhuma kana gilgaala 2ffaa keessatti gulantaa yookin shaakala yeroo dhaggeeffachuu kan qabatee jiru yemmuu ta'u ,gaaffileen asi jalatti ka'an ajaja isaa waliin kan xiinxalaman ta'a. Boqonnaa 1 Fuula 2

Gilgaala 2

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii haala gaafatamteen deebisi.

1.“Harki hinhojjanne, ____________farrisa.” jedhee mammaaka Oromoon.

2.Ciminaan hojjachuun _______________ eeguufi kabajuun dhufa.

3.Naamusni hojii ___________________ hojii dalaguuf hojjattoonni fayyadamaniifi ittiin bulaniidha.

4.Qajeeltoowwan hojii barbaachisoo ta'an maal fa'i?

Fakkenyaaf,gaaffileen shaakalaa dandeettii dhaggeeffachuu raawwii kutaa keessaaf dhihaatan kanneen gaaffii gaggabaaboo barbaadaniidha.Sababiin isaas, bakka duwwaa jeecha yookin jeechoota keessaa hafan jedhaanii yaadaniin guutuun yookin ibsa waa'ee waan tokkoogabaabsanii akka deebisaniif shaakala raawwii daree keessaa shaakalsiisuuf dhihaate

ta'uun xiinxalamee jira. Bifuma wal fakkaatuun,boqonnaa lama gilgaalli tokko shaakala dhaggeeffachuun duraa yoo ta'u , fakkii shaakalaaf dhihaate sadii kan ofi jalaa qabuuf gaaffileen achi jalatti dhihaatanis mariin garee taasifamee kanneen deebii dheeraa afaaniin barbaadudha.Kana malees, boqonnaa kana gilgaalli lama shaakala yeroo dhaggeeffachuu kan ofi jalatti qabateefi deebii gabaaba jechaan yookin jechootaan deebi'uu danda'u hammatee kan dhihaatedha.Akkasumas , gilgaalli sadii shaakala dhaggeeffachuu boodaa kan gaaffileen shaakalaaf dhihaatan 1-3 kanneen deebii gabaaba barbaadan yemmuu ta'u gaaffii 4ffaan immoo deebii bal'aa kan barbaadudha.Boqonnaa sadii gilgaalli tokko gulantaa dhaggeeffachuun duraa ta'ee, fakkii shaakalaaf dhihaate tokko kan qabuu, ,gaaffiin shaakala kanaaf dhihaate gaaffiilee 1-4 kan deebii dheeraa yemmu ta'an , gaaffii 5ffaan immoo kan deebii gabaaba barbaadu dha.Gilgaalli 2ffaan immoo shaakala yeroo dhaggeeffachuu ta'ee gaffileen 4 asijalatti ka'an kan deebii gabaaba barbaadaniidha.kana malees, gilgaalli 3ffaan shaakala dhaggeeffachuun boodaa ta'ee gaaffileen 3 dhihaatan kan deebii gabaaba jechaa yookin jechootaan deebi'uu danda'n qabatee dhihaate jira.

Haaluma kanaan ,Boqonnaa Arfaffaa gilgaala 1ffaan fakkii shaakala dhaggeeffachuun duraaf dhihaate kan hin qabne ta'ee,gaaffileen shaakala dhaggeeffachuun duraaf dhihaatan sadan kan deebii dheeraa afaaniin yookiin himamaan deebi'an yoo ta'u gilgaalli 2ffaan immoo gaaffilee shaakala yeroo dhaggeeffachuu shaakalsiisan shan kan deebii gabaaba barbaadanii fi gilgaalli 3ffan immoo gaaffileee shaakala dhaggeeffachuun boodaa shaakalsiisan sadii kan deebii bal'aa barbaadan ofi jalatti kan qabate ta'uu xiinxalamee jira.Boqonnaa shanafaan,gilgaalli 1gulantaa dhaggeeffachuun duraa raawwii shaakala kutaa keessaaf gaaffilee 4 kan deebii gabaaban deebi'an qaba.Gilgaalli 2ffaan immoo gulantaa yeroo dhaggeeffachuu jalatti gaafilee deebii gabaaban deebi'aniin dhihaate jira.Gilgaalli 3ffaan gulantaa dhaggeeffachuun boodaa ta'ee,gaaffileen 'A' jalatti ka'an kan deebii gabaaba barbaadan yemmuu ta'u kanneen 'B' jalatti dhihaatan immoo deebii bali'aa mariin deebi'anitu dhihaate.Boqonnaa Jaha ,gilgaala 1 gulantaa dhaggeeffachuun duraa ta'ee,fakkiilee shaakalaa f dhihaaatan lama irratti hundaa'uun gaaffilee sadii deebii dheeraa barbaadan qabatee dhihaate.Gilgaalli 2 immoo shaakala yeroo dhaggeeffachuu ta'ee kanneen jechaan yookin jechootaan deebi'anofi jalaa qaba. Kana malee,gilgaalli 3 shaakala dhaggeeffachuun boodaa ta'ee gaaffilee lama kan mariin deebii bali'aa fudhatanii dhihaataniin dhihaate jira.Boqonnaan Torba, gilgaalli 1gulantaa dhaggeeffachuun duraa fakii shaakalaaf tau tokko kan qabuufi gaaffilee shaakalaaf dhihaatan lama kan deebii

dheeraa barbaadan ofijalatti qaba.Gilgaalli 2 immoo gulantaa yeroo dhaggeefachuu gaaffilee shaakalaa deebii gabaaba barbaadan sadii qaba,Kana malees,gilgaalli 3 immoo gulantaa dhaggeeffachuun boodaa gaaffii raawwii shaakala kutaa keessaaf dhihaatan afur kan deebii bali'aa mariin dhihaatan qabatee dhihaate ta'uu xiinalla.Boqonnaan saddeet shaakala raawwii kutaa keessaaf,gilgaalla 1 gulantaa dhaggeeffachuun duraa gaaffilee deebii dheeraa barbaadan lamaan dhihaate jira.Gilgaalli lama immoo shaakala yeroo dhaggeeffachuu ta'ee gaaffilee deebii gabaaba fedhan jaha qabate jira. Kana malee.gilgaalli 3 shaakala dhaggeeffachuun boodaa deebii bali'aa barbaadan afuriin dhihaate jiraachuu xiinxale.Boqonnaan sagal gilgaalli 1 shaakla dhaggeeffachuun duraaf fakkii hubanno tokkoofi gaaffilee lama deebii dheeraa barbaadaniin dhihaate jira.Gilgaalli 2 immoo shaakala yeroo dhaggeeffachuu gaaffilee afur kan deebii gabaaba jechaan deebi'an qabu.Akkasumas gilgaalli 3 shaakala dhaggeeffachuun boodaa gaaffilee 7 deebii dheeraa fi bali'aa barbaadaniin kan dhihaatedha.Boqonnaan kudhan isa dhumaa ta'ee ,gilgaalli 1 shaakala dhaggeeffachuun duraa gaaffii deebii dheeraa barbaadan 1 fi 2 yemmuu ta'an gaaffii sadaffaan immoo deebii gabaaba jechaan deebi'uu danda'uun dhihaatera.Gilgaalli 2 shaakala yeroo dhaggeeffachuu gaaffilee shananuu kan deebii gabaaba barbaadaniin dhihaate Boqonnaa kana wanti adda taasiisu shaakala dhaggeeffachuun boodaa dhabuu isaati.kun immoo,barattoon waan shaakala dhaggeeffachuun duraa fi yeroo dhaggeffachuun hubatan bakka itti hubannoo madaalani ture,kanaafuu yaada hubannoo yookin deebii waliigalaa bakka barattoonni itti shaakalan hinqabu jechuudha. Kun immoo,hubannoo waliigalaa barattoota osoo hin madaalin bira darbuu fida .Kanaafuu ,qorataan fooyyaauu qaba jedha.

Walumaa galatti gochoonni shaakala raawwii dhaggeefachuu kutaa keessaa kitaaba Afaan oromoo barattoota kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanffamee yeroo ammaa irraa baratamaa jiru kun gabatee 1 armaan oliin qaacceffamee haala dhiheenya shaakala raawwii kutaa keessa gochoota shaakala warra deebii gaggabaabaan deebi'an, warra deebii dheeraa yookiin warra deebii babal'aa barbaadaniin shaakalisiisuuf gaaffilee shaakalaa garagaraa hammatee gulantaalee dhaggeeffachuu sadan(gulantaa dhaggeeffachuun duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuun boodaan)keessatti haala gaariin yookiin sirriitti kan dhihaate ta'uun xiinxalamee bira gahamee jira.

## 4.3.Gochawwan Barattootaafi Barsiisootaa Dhihaannaa Dhaggeeffachuu

*Gabatee 3 A. Gabatee Mirkanneeffannoo Gochawwan Barattootaa*

| Boqonnaa | Gilgaala | Gulantaa | Gahee barataa |
|---|---|---|---|
| 1 | 1 | Dhaggeeffachuun duraa | Beekumsa qaban irratti hundaa'uun gaaffilee gaafataman deebisufi mata duree tilmaamuu. |
| | 2 | Yeroo dhaggeeffachuun | Yaada dimshaashaa hubachufi deebii isaanii mirkaneeffachuu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waan dhaggeeffatanii hubatan dubbiin yookiin barreeffamaan ibsu.. |
| 2 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa duraan gaaffilee gaafataman deebisuu<br>Mata duree dhaggeeffachuuf deeman tilmaamuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjeta man hojjetu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waan dhaggeeffatanii hubatan dubbiin yookiin barreeffamaan ibsu. |
| 3 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa qaban irratti hundaa'uun gaaffilee gaafataman deebisuufi tilmaama jechoota dhihaataniif kennuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dhaggeeffachuun yaada dimshaashaa hubatu<br>Tilmaama isaanii mirkaneeffatu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waan dhaggeeffatan dubbiifi barreeffamaan ibsu. |
| 4 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa qabaniin gaaffilee gaafataman deebisuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dhaggeeffachuun yaada dimshaashaa hubatu.<br>Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waan dhaggeeffatanii hubatan dubbiin yookiin barreeffamaan ibsu. |
| 5 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Tilmaama gara garaa jechoota dhihaataniif kennuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | | Mata duree dhaggeeffachuuf deeman tilmaamuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu. Deebii isaanii mirkaneeffatu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waandhaggeeffatanii hubatan dubbiin yookiin barreeffamaan ibsu. |
| 6 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa qabaniin gaaffilee gaafataman deebisuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waan dhaggeeffatanii hubatan dubbiin ibsu. |
| 7 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa qabaniin gaaffilee gaafataman deebisuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dhaggeeffachuun yaada waliigalaa hubatu<br>Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Muuxannoo isaaniin walqabsiisanii deebii kennu. |
| 8 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Hubannoo qabaniin gaaffilee gaafataman deebisuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu. Deebii isaanii mirkaneeffatu |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Waan dhaggeeffatanii hubatan dubbiin ibsu. |
| 9 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa qaban irartti hundaa’uun gaaffilee gaafataman deebisuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Tilmaama hiika jechoota dhihaataniif kennuu<br>Dhaggeeffachuun yaada dimshaashaa hubatu |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Dandeettiilee biroo waliin akka walitti fidanii shaakalan qajeelchuufi hordofuu |
| 10 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Beekumsa qaban irratti hundaa’uun gaaffilee deebisuu<br>Tilmaama gara garaa jechoota dhihaataniif kennuu |
| | 2 | Dhaggeeffachuun booda | Dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu<br>Deebii isaanii mirkaneeffatu |

## B. Gabatee mirkanneeffannoo gochawwan barsiisaa

| Boqonnaa | Gilgaala | Gulantaa | Gahee Barsiisaa |
|---|---|---|---|
| 1 | 1 | Dhaggeeffachuun duraa | Muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dubbisa dubbisuufi qajeelfama itti himuu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu. |
| 2 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dubbisa dubbisuufii waraabbii dhaggeeffachiisuu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu. |
| 3 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Waan dhaggeeffachuuf jiranfihiika jechootaa tilmaamsisuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dubbisa dubbisuufiifiwaraabbii dhaggeeffachiisuu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu. |
| 4 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuu . |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Qajeelfama itti himuufi dubbisa dubbisuufii. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu. |
| 5 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Waan dhaggeeffachuuf jiranfihiika jechootaa tilmaamsisuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Dubbisa dubbisuufi Deebii isaanii mirkaneessu. |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu. |
| 6 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Muuxannoo barattootaa gaafachuu<br>Gaaffilee gara mata dureetti fidan gaafachuu. |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Qajeelfama isaan hordofuu qaban ifatti itti himuu.<br>Dubbisa dubbisuuf |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 7 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Muuxannoo barattootaa gaafachuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Qajeelfama itti himuufidubbisa dubbisuuf |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu |
| 8 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Muuxannoo barattootaa gaafachuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Qajeelfama itti himuufidubbisa dubbisuufii |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Gaaffilee waan dhaggeeffatan irratti gaafachuu |
| 9 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Gaaffilee muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuufi hiika jechootaa tilmaamsisuu |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | Qajeelfama itti himuufi dubbisa ofii dubbisuufii |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | Dandeettiilee biroo waliin akka walitti fidanii shaakalan qajeelchuufi hordofuu |
| 10 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | Gaaffilee muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuufi Hiika jechootaa tilmaamsisuu |
| | 2 | Dhaggeeffachuun booda | Qajeelfama isaan hordofuu qaban ifatti itti himuu |

Hojiin barattootaa inni guddaan odeeffannoo isaaniif dhihaatu dhaggeeffachuu,waan dhaggeeffatan ofitti fudhachuun iiti fayyadamuu dha. Adeemsa kana keessa waa xiinxaluu, yaadachuufi hubachuu jalqabu.“Learner consciously receives the new data, parse and then utilize it. In this process,she/he takes advantage of metacognitive, cognitive and affective strategies”. EkremSolak,(2016).

Barsiisan/tun daree barnootaa keessatti hojjachuuf gulantaalee sadanuu keessatti waan dhihaatu irraa kaa’uun ibsuun nidanda’ama.Gahee isaanii gabatee armaan olii keessatti akkuma qaacceffame haala armaan gadiitti xiinxalameera.

Fakkeenyaaf, boqonnaan tokko gilgaala 1-3 ,fuula 1 fi 2 irraa kan shaakala dhaggeeffachuun duraa ,shaakala yeroo dhaggeeffachuu fi shaakala dhaggeeffachuun boodaa ofi jalatti qabandha.Shaakaloonni gilgaala kanneen jalatti dhihaatan kun immoo hojii barattoonni fi barsiisonni dalagan kan mataa mataa isaanii eeree dhihaate jiraachuu akka armaan gadiitti xiinxalera.

**Gilgaala 1**

**Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachuun dura gaaffilee armaan gadii irratti cimdiin mari'achuun dareef dhiyeessaa.**

1) Fakkii asii oliirraa maal hubattan?
2) Naamusa hojii jechuun maal jechuudha?
3) Naannoo keessanitti namoonni dureeyyii jedhaman namoota akkamiti? Akkamitti hojjatanii durooman jettanii yaaddu?

Xiinala gilgaaala 1 kanaa irraa wanti hubannu gaheen barattoonni asi keessatti qaban ifatti kaa'amee kanjiru ta'uu isaati.Kunis, barattoonni beekumsa duraan qaban irratti hundaa'uun gaaffilee gaafataman deebisuu ,tilmaama gara garaa jechoota yookin yaadota dhihaataniif kennuu fi mataduree dhaggeeffachuuf deeman tilmaamuu akka danda'anitti kan dhihaate dha.Gama birootiin immoo,shaakla kana jalatti gaheen hojii barsiisaa/tu illee adda bahee kan mul'atudha. Kunis ,barsiisaa/tun kitaaba kana yemmuu barsiisan akka gaaffilee muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuu,gaaffilee gara mata dureetti fidan gaafachuufi waan dhaggeeffachuuf jiran tilmaamsisuu akka danda'anitti kan dhihaate ta'uu xiinxaalera.Kanaafuu, haalli dhihaannaa kun sirrii ta'uu isaa qorataan hubateera.

Fakkeenyaaf ;Boqonna 1,gilgaala 2, Fuula 2

Gilgaala 2

Dubbisa siif dubbifamu dhaggeeffachaa gaaffilee asii gadii haala gaafatamteen deebisi.

1. "Harki hinhojjanne, ____________farrisa." jedhee mammaaka Oromoon.
2. Ciminaan hojjachuun ________________ eeguufi kabajuun dhufa.
3. Naamusni hojii ____________________ hojii dalaguuf hojjattoonni fayyadamaniifi ittiin bulaniidha.
4. Qajeeltoowwan hojii barbaachisoo ta'an maal fa'i?

Gaaffileen shaakalaa gilgaala 2 kana keessatti dhihaatan kanneen shaakala gulantaa yeroo dhaggeeffachuu ofi jalatti hammatanii gahee barataa/tu fi hojii barsiisaa/tuun raawwatan kan hammatee dhihaatedha.Barattoonni shaakala kana jalatti dhaggeeffachuun yaada dimshaashaa hubatu,dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman hojjetu, deebii isaanii mirkaneeffachuu fi tilmaama isaanii mirkaneeffachuu haala danda'aniin kan dhihaatedha.Akkasumas, barsiisaa/tun shaakala yeroo dhaggeeffachuu kana jalatti qajeelfama isaan hordofuu qaban ifatti itti himuu (si'a meeqa akka dubbifamu, maal maal ammo akka hojjechaa deeman ifatti himuu) fi dubbisa ofiin dubbisanii dhaggeeffachiisuun gahee mataa isaanii akka bahataniitti kan dhihaate ta'uu xiinxalera. Kanaafuu, haalli dhihaannaa kun gaheefi hojii barsiisaa fi barattootaa sirriitti kan addaan baasee dhihaatedha.

Kana malees,boqonnaa 1, gilgaala sadii , fuula 2 jalatti immoo shaakala dhaggeeffachuun boodaa ilaalla:

**Gilgaala 3**

Dubbisa dhaggeeffatterratti hundaa'uun gaaffilee asii gadii yaada sirrii ta'e Dhugaa, yaada dogoggora ta'e immoo Soba jedhi deebisi. Yoo 'soba' jette, sababa jetteef ibsi.

1.Naamusni hojii hundi qajeeltowwan walfakkaataa ta'an qabu.


2.Naamusni hojii amala, iddoofi ogummaa hojii irratti hundaa'a.


3.Qajeeltoon hojii jaarmiyaaf malee nama dhuunfaaf hinbarbaachisu.

4.Milkaa'ina hojii keessatti naamusa hojii eeguufi kabajuun murteessaadha

Gilgaala kana jalatti shaakalli dhihaate shaakala dhaggeeffachuun boodaa yoo ta'u ,bifa barataan/tun waan dhaggeeffatanii hubatan afaaniin yookiin barreeffamaan ibsu yookin muuxannoo isaaniin walqabsiisanii gaaffileef deebii kennu danda'aniin kan dhihaate dha.Gama birootiin immoo, shaakala dhaggeeffachuun boodaa kana keessatti barsiisa/tun gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuu yookiin dandeettiilee biroo waliin akka walitti fidanii shaakalan qajeelchuufi hordofuun akka gahee ba'ataniitti kan dhihaate dha.Kana jechuun , gaaffileen dhihaatan arfanuu deebii gabaaba dhugaa yookiin soba jechuun deebisanii sababa isaa immoo dandeettii barreessuun kan ibsan ta'uu isaa qorataan hubateera. Boqonnaa 2, gilgaala 1, fuula 14 irratti immoo

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuu :Hambaalee Oromiyaa





**Gilgaala 1 Dubbisa mataduree "Hambaalee Oromiyaa" jedhu dhaggeeffachuun dura gaaffilee gadii irratti gareen mariyadhaa.**

1. Fakkiilee armaan olii irraa maal hubatta? Eessatti akka argaman walitti himaa.
2. Hambaalee Oromiyaa keessaa kamfaa beektu? Eessatti argamu?

gulantaa dhaggeeffachuun duraa mata dureeHambaalee Oromiyaa jedhu jalatti gaaffilee lama gaaffilee muuxannoo barattootaa waliin wal qabatan gaafachuu, gaaffilee gara mata dureetti fidan gaafachuufi waan dhaggeeffachuuf jiran tilmaamsisuuf fakkiilee sadii dhiheessuun akka irraa barachuuf milkeessutti dhihaate jira.haaluma kanaan,boqonnaa 2 , gilgaala 2 ,fuula 14 irratti immoo haala barsiisaan qajeelfama isaan hordofuu qaban ifatti itti himuu (si'a meeqa akka dubbifamu, maal maal ammo akka hojjechaa deeman ifatti himuu)fi dubbisa ofii dubbisuun dhaggeeffachiisuun akka hirmaatu/ttutti dhihaate. Kanumaan walqabatee, barattoonnis dhaggeeffachuun yaada dimshaashaa akka hubatan, dalagaalee yammuu dhaggeeffachuu hojjetaman akka hojjetan, deebii isaaniifi tilmaama isaanii akka mirkaneeffatanitti kan dhihaate waan ta'eef xiyyeeffannoon barsiisonnis ta'ee barattoonni bifa hirmaachuu danda'aniin sirriitti kan qophaa'edha.Boqonnaa 2, gilgaala 3,fuula 14 irratti gulantaan dhaggeeffachuun boodaa dhihaatee jira .Kun immoo,qabiyyee gaaffilee shaakalaa kana gaaffilee dhimma dhaggeeffatan irratti gaafachuufi dandeettiilee biroo waliin akka walitti fidanii shaakalan qajeelchuufi hordofuu ofi keessatti hammate kan dhihaatedha.Haaluma kanaan,boqonnaalee hafan hunda keessatti bifuma wal fakkaatuun kandhihaatan ta'uu isaa qorataan hubateera

Walumaagalattii Haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu kitaaba barattoota barnoota afaan oromoo barataniif dhihaatu keessatti gaheen barattootaaa fi barsiisootaa adda bahee baruu fi barsiisuu akka milkeessutti dhihaachuun murteessaadha. Sababiin isaas,baruu fi barsiisuu galma barbaadameen gahuuf kaayyoo isaa dhugoomsuu fi fayyadamummaa qaama baratuu fi barsiisuu milkeessuun kan danda'amu gahee isaanii yoo beekanii hirmaatan waan ta'eef. Kanaafuu,xiinxala kana irraa qorataan kan hubatu tokko tokkoon boqonnaa kitaaba barattoota barnoota afaan ormoo kutaa 8 ffaa kun gahee barsiisaan shaakala keessatti qabuu fi barattoonni qaban addaan baasee sirriitti kan dhiheesse ta'uu xiinxaleera.

## 4.4.Tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi teekniika dhaggeeffachuu

Xiyyeeffannaan haala dhiheenyaa waa'ee falaasama afaan barachuu (Language Learning Theory) fi yaaddiddama maalummaa afaanii (Language Theory) irrattidha.Gama birootiin ,malli

dhiheenyaa immoo karoora waliigalaa mala shaakalli sun  kutaa keessatti ittiin dhihaatufi tartiiba ittiin baratamu kan ilaallatudha. Kanaafuu, maalummaan qabiyyee afaanii fi yaddiddamni afaan barsiisuu walitti qindaahanii kutaa keessatti kandhihaatan mala fi qindoomina addaa shaakala sanaaf ta'u filachuun waan ta'eef qophii shaakalaa keessatti gahee guddaa qaba. Teeknikni ammoo kutaa keessatti qabiyyeen (shaakalli) dhihaatu akkaataa ittiin raawwatu ilaallata. Dubbisa kitaabolee, barruuleefi gaazexaa adda addaa,Meeshaalee kanneen akka raadiyoo,teeppii,viidiyoofi Mana isaaniitti wantoota dhaggeeffataman irraa odeeffannoo qabatanii dareetti akka dhiheessan gochuun.Kanaafuu,haalli dhiheenyaa waan baratamu maddisiisuu; malli ammoo tartiiba ittiin dhihaatu ibsa; isaan kunneen ammoo walqabatanii kutaa keessatti teeknika barsiisuutiin qabatamaan hojiitti jijjiiramanii raawwatu.

***Gabatee 4* mirkanneeffannoo**

| Boqonnaa | Gilgaalota | Gilgaala Dhaggeef-fachuu | | Fuula | Haala dhiheenyaa | Malaa ittiin dhihaate | Teeknika |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | | |
| 1 | 10 | 3 | 30 | 1-2 | Irra gara gadii (Topdown)Gulantaa sadanuu qaba | cimdiin marii'achuun | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 2 | 12 | 3 | 25 | 13-15 | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti Gulantaasadanuu qaba | Mariifi ibsuun | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 3 | 11 | 3 | 27 | 27- | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti Gulantaa sadanuu qaba | Mariifi bar-reeffamaan | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 4 | 10 | 3 | 30 | 38-39 | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti Gulantaa sadanuu qaba | Mariifi ibsaan | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 5 | 10 | 3 | 30 | 47-49 | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti Gulantaa sadanuu qaba | Marii garee fi dhuunfaan barreessuu | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 6 | 10 | 3 | 30 | 56- | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti | Marii garee fi dhuunfaan | Dubbisa kitaaba daree keessaan |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | barreessuu | |
| 7 | 11 | 3 | 27 | 65-66 | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti Gulantaa sadanuu qaba | Marii gareen | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 8 | 11 | 3 | 27 | 75-76 | Irragara gadii fi jalaa gara oliiti<br>Gulantaa sadanuu qaba | Ibsuu fi cimdiin marii'achuu | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 9 | 10 | 3 | 27 | 84-85 | Irragara gadii fi jalaa gara oliitifiGulantaa sadanuu qaba | Marii garee fi dhuunfaan | Dubbisa kitaaba daree keessaan |
| 10 | 9 | 3 | 33 | 91- | Jalaa gara olii<br>Gulantaa sadanuu qaba | Marii gareen fi dhuunfaan | Dubbisa kitaaba daree keessaan |

Qaaccessa gabatee'4' armaan olii kana irraa haalli dhihaannaa ,malli fi teeknikni shaakalli dandeetti dhaggeeffachuu kitaaba keessatti ittiin dhihaate yemmuu xiinxallu ,boqonnaa 1 keessatti gilgaalota sadan shaakala dandeettii dhaggeeffaachuuf dhihaatan gulantaa sadanuu kan qabuu fi irragara gadii(Top down) kan dhihaatedha.Sababiin isaas, hiika ergaa sanaa beekumsa duraan qaburratti hundaa'ee haala ittiin ibsuu danda'u kan ilaallatu ta'uun xiinxalamera.Mala Gaaffii dhihaate cimdiin marii'achuun gabaasuu fi teeknikadubbisa kitaaba daree keessaan (Qajeelcha Barsiisaa) irraa dhihaatuun kan dhihaatedha.Haaluma kanaan boqonnaa 2 keessatti gilgaalonni dandeettii dhaggeeffachuu shaakalisiisuuf dhihaatan sadan haala dhihaannaa irragara gadii fi jalaa gara oliiti (dictogloss)kan dhihaatedha.Sababiin isaas, tokkoffaa qophiin shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti akka taasiifamutti dhihaate. Kun immoo gara dhaggeeffachuutti deemuun dura marii hiika jechootaa keessatti akka hirmaatantu godhame. Itti aansuun nidhaggeeffatu, yaadannoo qabatu, deebisanii ijaaruu (reconstraction) fi himinsichi erga himamee dhumee booda waan barreeffatan deebisanii akka ibsanitti dhihaate waan ta'eefdha. Kunis,mala marii'atanii ibsuutiin dhihaate jira kana malees,teeknikawaan dhaggeeffatan qajeelcha barsiisaa irraa dubbisuufiitiin dhihaate.Boqonnaan afur teeknika dubbisa kitaabarraan kan dhihaatefi haala dhihaannaa gulantaalee sadan kan qabu,dhihaannaa irraa gara gadii fi jalaa gara oliin ka dhihaatedha .Boqonnaan ja'as haaluma kanaan irraa gara gadii fi jalaa gara oliin kan dhihaate,mala mariin barattoota kan hirmaachisu fi qabiyyeen baratamu immoo kitaaba irratti bifa dhaggeeffachuu fi dubbachuun kandhihaatedha. Kana malees,boqonnaa torba haala waliigalaa beekumsa barattooi duraan qaban irratti hundaa'uun qabiyyee kitaaba irratti dhihaate

mala mariin gareefi dhuunfaan akka baratanitti dhihaate.dhiheenyi kun isa filatamaa waan haaraa hundeerraa barsiisudha yoo jechisiisuu baate illee beekumsa barattoonni duraan qaban sirriitti adda baafatanii akka hubatan karaa bana.Boqonnaan saddeetfi sagalis haaluma walfakkaatuun hubannoo barattoonni yookiin beekumsa barattoonnii duraan qaban bu’uureffachuun kan dhihaatedha kana malees, mala marii garee fi dhuunfaan hojachuu barattootatti dhimma baheera.Kun immoo, barattoonni beekumsa duraan qaban caalaatti akka gabbifatan kan gargaarudha.Boqonnaan kudhan immoo,haala dhihaannaa jalaa gara oliinf gubbaa gadiin kan dhihaate dha.keessumaayyuu haalli dhihaannaa jalaa olii kun barattoonni beekumsa haaraa akka gonfataniif kan gargaaru akka ta’e mul’sa.haaluma kanaan,dubbisa kitaab dadee keessaan marii gareefi dhuunfaan akka baratan kan dhihaatedha.Walumaagalatti,haalli dhihaannaa,malliifi teekniikni dhaggeeffachuu kitaaba barattoota kutaa 8 ffaa kana irratti dhihaate garii yemmuu ta’u .Haalli dhihaannaa teeknika isaa kitaaba qofa irratti kan rarra’edha.Kana jechuun,akka barattoonni muuxannoo qaban beekumsa haaraa waliin walcinaa qabanii hubatanitti teeknikoota akka sagalee dhaggeeffachiisuu fa’a osoo ofi keessaa qabaatee garii ta’a kan jedhu qorataan bira gaheera.Kanaafuu haalli dhiheenyaa ,malliifi teekniikni itiin kitaabni kun dhihaate sirriidha kan jedhu qorataan xiinxalee jira.

## 4.5.Haala Dhiyaanna kaayyoo Dandeettii Dubbachuu Kitaabaa

*Gabatee 5 Mirkaneeffannoo Kaayyoo Dubbachuu*

| Boqonnaa | Baay'ina Gilgaala | Gilgaala Dubbachuu | | Fuula | Mata duree | Kaayyoo Shaakalaa Dubbachuu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | |
| 1 | 10 | 1 | 10 | | Gahee Taphachuu | Beeksiisuu fi ibsuu |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | | Hambaalee Oromiyaa | Affeerraaf |
| 3 | 11 | 1 | 9 | | Falmii gaggeessuu | Dubbannaa amalaa amansiisuuf |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | Akkaataa bunni itti danfisamu | Beeksisuuf bsaan |
| 5 | 10 | 1 | 10 | | Yaadota irratti marii | Sakattoon |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | Dubbisuun ibsuu | Dubbannaa amalaa amansiisuuf |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | mirga daa'imma-nii irratti haasaa taasisuu | Dubbannaa amalaa Amansiisuuf |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | Sadarkaa-lee Umrii Sirna Gadaa Keessatti | Dubbannaa amalaa |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | jijjiirama qilleensaa | Beeksisuuf Dubbannaa ibsaa |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | Bartaphee Diraamaa | Dubbannaa Ibsaa |

Qaaccessa gabatee '5' mirkaneeffannooarmaan olii haala dhiyaannaa dandeettii dubbachuu kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfame kana keessatti argamanii mul'isu bu'uura godhachuun qorataan yemmuu xiinxalu, kitaabni kun boqonnaa 10 gilgaalota 104 kan qabuu ta'ee gilgaalonni dandeettii dubbachuuf dhihaatan baay'inni isaanii 10 qofa.kana jechuun tokko tokkoon boqonnaa keessatti gilgaala tokko qofa yemmuu qabaatan harka 100 keessaa immoo 9.6% dha.Kaayyoon guddaan dandeettii dubbachuu barsiisuu dhihaatu,

barattoonni dandeettii dubbachuu isaanii gabbifatanii akka itti fayyadaman gochuudha.Kaayyoo dubbachuu irratti hundaa'uun gosa dubbachuu afurtu jiru.Isaanis,dubbannaa beeksisaa, dubbannaa affeerraa, dubbanaa amalaa fi dubbannaa gochaati.(madda)

Haaluma kanaan,haala dhihaannaa kaayyoo dandeettii dubbachuu galmaan gahuuf gahumsa qabaachuu shaakaloota gilgaalota dhihaatanii ilaalchisee qaaccessa armaan olii irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti xiinxalamee dhihaatejira.Kunis,boqonnaa 1 gilgaala 4 jalatti barattoonni beekumsa duraan qaban haala ibsachuu danda'aniin dubbataan waan ofii hubatee jiru tokko dhaggeeffataan isaa akka hubatuuf kan beeksisuun ibsamee dhihaatedha.

Fakkeenyaaf shaakalli Boqonnaa 1,gilgaala 4 'A', fuula 2 irratti dhihaate yemmuu ilaallu:

**Gilgaala 4**

A. Taateewwan armaan gaditti dhihaatan keessaa tokko filachuun yaada keessan duraa duubaan qindeessuun daree keessatti gareen gahee taphadhaa.

1. Shananii dhaquun deessuu eebbisuu;
2. Akka abbaa seeraatti nama yakka hojjate irratti murtii dabarsuu;
3. Akka ogeessa fayyaatti dhukkubsattoota yaaluu;
4. Akka ogeessa fayyaatti dhibee Koovid-19 irratti barattootaaf dareetti hubannoo kennuu;

shaakala dandeettii dubbachuu kanaa irraa wanti xiinxalamu barattoonni gaaffii shaakala dubbachuun dura dhihaate kanaan beekumsa duraan qabaniin itti qophaa'anii taateewwan kana beeksiisuuf akka ibsan gochuun kan dhihaatedha.kanaafuu, shaakalli kun kaayyoo shaakla dubbachuu dhihaate kana galmaan gahuuf gahumsa qabaachuu isaatu xiinxalame.Haaluma kanaan, gaaffileen ajajaa 'B' jalatti dhihaatan immoo :

B. Geerarsa armaan gadii irratti qophaa'uun dareetti geeraruun agarsiisi. Sanaan booda, dhaamsa geerarsichi dabarsu dareef ibsi. (Fuula 3)

<u>Geerarsa</u>

Bishaan hamaan Gudari
Kan gabaabaan hinceene
Kan dheeraan durgummatu
Dhukkubni hamaan deegadha
Kan namni namaa hinbeekne
Kan abbaan dhukkubsatu.

Deegakoo yaa farrisaa
Kan kee maalan callisaa
Tur amman sifannisaa
Muka arbaa daraaretti
Dhala abbaan abaaretti
Muka damee hinqabnetti
Akka baddee hingalletti.
Deegni nama salphisaa
Isa guddaa xiqqeessa
Kan kee maalan callisaa
Dhaqeen lafatti odeessaa
Qotiyyoo cimdii godheen
Deega ofirraa balleessa.

Haala kanaan dhihaate. Kun immoo,ajaja shaakala yeroo dubbachuu fi dubbachuun boodaa kan ofi keessaa qabu ta'ee, dandeettii dubbachuu barattootaa akka dhimma tokko irratti qophaa'uun dubbatanii geerarsa kana beeksiisuun akka ergaa isaa ibsanitti kan dhihaatedha.Kana malees, shaakla dandeettii dubbisuus ofi keessaa qaba. Kun immoo, walitti dhufeenya dandeettii biroo waliin qaban cimsaa akka adeemu mul'isa.Kanaafuu, dhihaannaa kana irraa gaaffileen shaakalaa gilgaalicha keessatti dhihaatan kaayyoo dandeettii dubbachuu galmaan gahuuf ga'umsi isaan qaban gaarii ta'uun isaa xiinxalamee jira.Bu'uura kanaan, boqonnaa 2 ,barannoo 2, gilgaalli 4 ,Fuula 15 irratti gaaffileen shaakala dandeetti dubbachuuf 2 dhihaatanii jiru.Fakkeenyaaf:

Barannoo 2: Dubbachuu

Gilgaala 4. Gaaffilee armaan gadii dubbisa asiin dura dhaggeeffattee irratti hundaa'uun hiriyaa kee waliin mariyadhu.

1. Hambaaleen uumamaafi aadaa naannoo keetti argaman maal fa'i?
2. Dubbisa "Hambaalee Aadaa" jedhu dhaggeeffatte irra deebiin ergaa yaadadubbisa dhggaaf-faattee duraa duubaan dareef himi.

Haala kanaan dhihaatee jira.Gaaffileen shaakalaa gilgaala kana keessatti dhihaatan tokkoffaan shaakala dubbachuun duraa ta'ee,barattoonni beekumsa duraan qaban irraa ka'uun gaaffii shaakala kanaaf dhihaate dubbachuun akka deebisanu affeeruun dhihaate.Gama birootiin immoo,gaaffii shaakalaa lammaffaan dubbisa duraan dhaggeeffatan irraa hubannoo argatan

irratti hundaa’uun ergaa dubbisichaa duraa duubaan dubbachuun akka dhihaatu affeeruun kandhihaate ta’uun bira gahameera.Kanaafuu,haalli dhihaannaa shaakala dandeettii dubbachuu gilgaala kana keessatti dhihaate kaayyoo dandeettii dubbachuu galmaan gahuuf ga’umsi isaan qaban gaarii ta’uun isaa xiinxalamee bira gameera.Boqqonnaan sadii,barannoon lama gilgaala 4 ,fuula 29 jalatti shaaklli dandeettii dubbachuu dhihaate dubbachuun duraa fi yeroo dubbachuutiin kandhihaate ta’ee qabxiilee shaakalaaf ta’an keessa tokko filachuun shaakala dubbachuu akka gaggeessandha.Kun immoo, kaayyoo dubbachuu dubbannaa amalaa isa ta’e fedhii amansiisuu kan qabatee dhihaatedha.Boqonnaan 4 immoo,Barannoo lama, gilgaala 4 ,fuula 39 keessattii gaaffii shaakala tartiiba waa ittiin hojjatamu ibsuu irratti kan xiyyeeffatee dhihaateedha.kunis,kaayyoon isaa beeksiisuu ta’ee dubbannaa agarsiisaa jalatti kan ramadamuudha.Kanaafuu , shaakalli kun ga’umsa kaayyoo dubbachuu kana kan galmaan gahuu danda’u ta’uun isaa xiinxalameera.Boqonnaan 5, barannoo 2 , gilgaala 4 fuula 49 keessatti gaaffilee lama shaakala danddeettii dubbachuu shaakalsiisuuf kan dhihaate ta’ee kaayyoon shaakala kanaas sakattoon beeksisuun yaada sirriin ifa taasiisudha.Boqonnaa 6, barannoo 2 ,gilgaala 4, fuula 58irratti immoo, shaakalli dhihaate kaayyoo dubbachuu dubbannaa affeerraa kan qabatuudha.Dubbannaan affeerraa dubbannaa beeksisaan kan walfakkaatu ta’ee,murtee kennuu kan dabalatu waan ta’eef.Boqonnaan 7,barannoo 2,gilgaala 4, fuula 67 jalatti kaayyoo dubbannaa amalaa qabatee kan dhihaate.Gaaffileen shaakalaaf dhihaatan waliigalteen ilaalcha,sonaafi amantaa irratti hundaa’ee akka argamu waan barbaaduuf kaayyoo dubbannaa amalaatiin kan dhihaate ta’uun bira gahameera. Kanaafuu shaakalli kun ga’uumsa kaayyoo dubbachuu galmaan ga’uu kan qabu ta’uu xiinxalameejira.Boqonnaan 8,barannoo 2,gilgaala 4, fuula 76 jalatti shaakala dandeettii dubbachuu kaayyoo dubbannaa amalaa (waliigalteen ilaalcha,sonaafi amantaa irratti hundaa’ee akka argamu kan barbaadu) qabatee shaakala dubbachuun duraafi yeroo dubbachuun kan dhihaatedha. Shaakalli kunis ga’umsa kaayyoon dubbachuu galmaan ga’uu kan qabu ta’ee kan dhihaatedha.Boqonnaan 9,barannoon 2,gilgaalli 4, fuula 86 keessatti immoo gaaffilee shaakallii dandeettii dubbachuu lama kan shaakala dandeettii dubbachuun duraa fi yeroo dubbachuu hammatee kaayyoo dubbannaa ibsaa beeksiisuuf kan dhihaate dha.Kanaafuu, shaakalli gilgaala kana jalatti dhihaate kun ga’uumsa kaayyoo dandeettii dubbachuu galmaan gahuu akka ta’e bira gahamee jira.Boqonnaan 10,barannoo 2,gilgaala 4, fuula 92irrattii gaaffilee shaakala dandeettii dubbachuu kaayyoo dubbannaa ibsaa galmaan gahuf kan dhihaatedha.Shaakalli boqonnaa kana jalatti dhihaate kun shaakala dubbachuun duraa,yeroo

dubbachuu fi dubbannaan boodaa qabatee galma ga'iinsa kaayyoo dandeettii dubbachuuf kan dhihaate fi kan kaayyoo galmaan gahuuf gahumsa qabu ta'uun bira gahamee jira.

Walumaagalattii,adeemsa qophii kitaaba baruu fi barsiisuu keessatti hojiin guddaan kaayyoo barnootichaa murteessuudha.Kana jechuun, qophii shaakala kitaaba barnootaa qopheessuu keessatti kaayyoon dandeettii horatamuuf barnooticha keessatti dhihaatu isa ijoo ta'uu isaa hubanna.,Kun immoo,gochaan shaakala dandeettii dubbachuu kitaaba keessatti yemmuu dhihaatu shaakala kaayyoo dandeettii kanaa cimsuuf adeemu kan hammatu ta'uu qaba.Kanaafuuqaaccessa dhihaannaa shaakala gilgaalota dandeettii dubbachuu kitaaba afaan oromoo barattoota kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanffamee yeroo ammaa irraa baratamaa jiruu kun bu'uura kaayyoo dandeettii dubbachuutiin kan ga'uumsaan kaayyoo dandeettii dubbachuu sirriitti galmaan gahuu danda'u tahuu isaa xiinxalamee bira gahamee jira.

## 4.6.Raawwii Shakalaa Kutaa Keessaaf Dandeettii Dubbachuu

*Gabatee 6* ***Mirkaneeffannoo***

| Boqonnaa | Gilgaalota | Gilgaala Dubbachuu | | Fuula | Mata duree | Raawwii shakalaa kutaa keessaaf dhihaate |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-’ina | % | | | |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | Gahee taphachuuu | Duraa duuba yaadaa eeguun dareef dhiheessuu |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | 15 | Hambaalee Oromiyaa | Waliin dubbiin marii’achuun deebi tarreessuu |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29 | Falmii | Falmii waliin gaggeessuu |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | Akkaataa bunni itti danfisamu | Duraa duuba wantoota barsiisuuf |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | Hubannoo argataniin naannoo walbira qabuun ibsu | Yaadota irratti marii’achuun afaaniin dareef gabaasuu |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | Dubbisuun ibsuu | Waliin mariin yaada waljijjiiruu |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | Gahee taphachuu | Haasaa taasiisuu |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | Sadarkaa-lee Umrii Sirna Gadaa Keessatti | Haasaa taasiisuun dareef ibsa kennuu |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | jijjiirama qilleensaa | Gaaffileef ibsa kennuun |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | Bartaphee Diraamaa | Bifa diraamaatiin dhiheessuu |

Gabatee ‘6’ mirkanneeffannoo kun boqonnaa tokko irraa jalqabee hanga boqqonnaa kudhaniitti gochoonni dandeettii dubbachuu shaakalsiisuuf dhihaatan raawwii kutaa keessaa akkam akka deeggaranu xiinxaluuf kan qaacceffamee dhihaatedha..Bu’uura kanaan , haalli dhiheenyaa waan baratamu maddisiisuu; malli ammoo tartiiba ittiin dhihaatu ibsa; isaan kunneen ammoo walqabatanii kutaa keessatti raawwii shaakala kutaa keessaattiin qabatamaan hojiitti jijjiiramanii

raawwatu. Kanaafuu,boqonnaan 1, barannoon 2,gilgaala 4 fuula 3 jalatti shaakalli dandeettii dubbachuu shaakalsiisuuf dhihaate qabiyyee gahee taphachuu yemmuu ta'u,akka barattoonni kutaa keessatti duraa duuba yaadaa eeguun dareef dhiheessuun gahee taphachuu danda'anitti qophaa'ee kan dhihaatedha.Shaakalli kun yemmuu xiinxalamu gochoonni shaakala danddettii dubbachuuf kitaaba kana boqonnaa kana keessatti dhihaate raawwii shaakala kutaa keessaa kandeeggaru ta'uu isaa mirkkanneessa.Boqonnaan 2,gilgaalli 4,fuula 15 immoo,mata duree hambaalee oromiyaa jedhuun kan dhihaate barattoonni waliin dubbiin marii'atanii deebi shaakalichaa akka tarreessanitti fi raawwii shaakala kutaa keessaa deeggaruun kan dhihaatedha.Boqonnaan 3,gilgaalli 4, fuula 39 mata duree falmii jedhuun barattoonni shaakala dandeettii dubbachuu falmii waliin gaggeessuu akka shaakalaniif qophaa'ee kan dhihaatedha.Shaakalli kunis,raawwii shaakala kutaa keessaa barattoonni falmii waliin gaggeessanii dubbiin akka dhiheessaniitti deeggaruu isaa mul'isa.Boqonnaa 4,gilgaalli 4 akkaataa buna itti danfisanu duraa duuba gochaalee eeguuni akka ibsanii shaakalanutti dhihaate.Shaakalli kun immoo,raawwii shaakala kutaa keessaa deeggaruun gocha gilgaala kanaa keessatti kan dhihaate ta'uu isaa agarsiisa. Boqonnaa 5,gilgaalli 4 shaakalli dandeettii dubbachuu dhihaate hubannoo argataniin haala naannoon wal bira qabanii marii'achuun afaaniin barattoota dareef ibsuudha.Shaakala kana yemmuu xiinxallee ilaallu hubannoo argatan naannoo waliin walbira qabanii ibsuun barattoonni akka marii'atanii afaaniin gabaasan ajaja.Kun immoo,shaakalli dhihaate kun akka raawwii shaakala kutaa keessaa deeggaraa jiru mul'isa.Boqonnaan 6 ,gilgaalli 4 shaakalli dandeettii dubbachuu kun barattoonni dubbisa waa'ee Obbo Mul'ataa dubbisuun marii gaggeessanii akka murtee marii isaanii afaaniin dhiheessan ajajuun kan dhihaatedha.Kanaafuu, barattoonni bu'uura ajajaa kanaan shaakala kana daree keessatti akka taasiisanu gochuun raawwii shaakala kutaa keessaa kan jajjabeessu yookin kan deeggaru ta'uu agarsiisa.Boqonnaan 7,gilgaalli 4 immoo,shaakala dandettii dubbachuu mataduree gahee taphachuu jedhuun barattoonni gaa'ee tokko filachuun mirga daa'immani irrattii haasaa akka taasiisuun dandeettii isaanii akka guddifatanittii kan dhihaateedha. Kanaafuu, shaakalli kun dandeettii dubbachuu barattootaa raawwii shaakala kutaa keessaan akka gabbisu danda'uutti waan dhihaateef raawwii shaakala kutaa keessaa kan deeggaru ta'uun isaa bira gahameejira.Boqonnaa8, gilgaalli 4 shaakalli dhihaate dubbisa wayii erga dhaggeeffatanii booda gaaffilee shaakalaaf dhihaatani irratti gareen qophaa'anii akka haasaa taasisaniti dhihaate.Haalli shaakalli kun barattoonni waliin ta'uun qophaa'anii haasaa taasisan gochi shaakalla daree

keessaaf dhihaate bifa dandeettii dubbachuu isaanii jajjabeessuun kan dhihaate dha. Kun immoo,raawwii shaakala kutaa keessaa kan sirriitti deeggaru ta'uu isaa mul'isa.Boqonnaa 9,gilgaala 4 yemmuu ilaallu immoo shaakalli dandeettii dubbachuu barattootaaf dhihaate mata duree jijjiirama qilleensaa jedhu jalatti gaaffilee shaakalaaf dhihaatan irratti gareen marii'achuun dareef afaaniin akka dhiheessan ajaja.Barattoonni immoo shaakala dandeettii dubbachuu kanaaf dhihaate sirriitti irratti qophaa'anii dareef afaaniin dhiheessuuf ofi akka qopheessan kakaasa.Kun immoo, milkaa'ina shaakala raawwii daree keessaa jajjabeessuuf iddoo guddaa qba.Kanaafuu, gochaan shaakala dandeettii dubbachuu gilgaala kana keessatti dhihaate shaakala raawwii daree keessaa sirriitti kan deeggaru ta'uun isaa xiinxalameera.Boqonnaan 10,gilgaalli 3 kana jalatti shaakalli dandeettii dubbachuuf dhihaate barattoonni erga dubbisa bartaphee tokko dubbisanii hubataniin booda gareen ta'uun tokko tokkoon miseensa gareef gahee kennuun bartaphee dubbisan sana gara diraamaatti deebisuun dareef dhiheessu.Shaakala gochaa kanaa keessatti barattoonni itti qophaa'uun waan dubbisan diraamaatti jijjiiruun dareef akka dhiheessan ajajuun dhihaate kun immoo akka isaan sirriitti ofi qopheessuun gahee taphatan isaan jajjabeessa.Kanaafuu, shaakalli dandeettii dubbachuu gocha kana keessatti dhihaate shaakala raawwii kutaa keessatti hojiirra oolu kan deeggaru ta'uu isaa bira gahamee jira.

Walumaagalatti,shaakalli gochaa dandeettii tokkoo kitaaba keessatti yemmuu dhihaatu barattoota giddu galeessa godhachuun bifa kutaa keessatti dandeettii barattootaa cimsuuf barbaadame sana shaakalsiisuun danda'amuun raawwii kutaa keessaa deeggaruun dhihaata.Kana bu'uura godhachuun xiinxala qaaccessa raga raawwii shaakala kutaa keessaa kitaaba afaan oromoo barattoota kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfame yeroo ammaa kana irraa baratamaa jirukun yemmuu xiinxalamu akka waligalaatti shaakala raawwii kutaa keessaa deeggaruun kitaabicha keessatti kan dhihaate ta'uun isaa bira gahamee jira.

## 4.7.Gochawwan Barattootaafi Barsiisaa Dandeettii Dubbachuu Adda Baahe

*Gabatee 7 **mirkanneeffannoo***

| Boqonnaa | Gilgaaloota | Gilgaala Dubbachuu | | Fuula | Mata duree | Gochaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | B/ta | B/saa |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | Gahee Taphachuu | Gareen gahee taphachuun geerarsa dhiheessuu | Garee qindeessuun shaakalsiisuun dhiheessisuu |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | 15 | Hambaalee Oromiyaa | Gareen marii gaggeessuun dhiheessuu | B/toota gareen qindeessuu fi qajeelchuu |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29-30 | Falmii gaggeessuu | Yaadota keessaa filatanii gareen ta'anii falmuu | Garee qoodee qin - deessufi qajeelchuu |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | Akkaataa bunni itti danfisamu | Qajeelfama tartiiba hiriyaaf kennuu | Garee qoodee qin deessuu fi qajeelchuu |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | Yaadota irratti marii | Gareen marii'achu fi afaaniin ibsuu | Garee mijeessuu fi Qindeessuu |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | Dubbisuun ibsuu | Marii'achuun hubannoo ibsuu | qoodee qindeessuu fi qajeelchuu |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | mirga daa'immanii | Dhuunfaan haasaa taasiisuu | gareen qindeessuu fi qajeelchuu |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | Umrii Sirna Gadaa Keessatti | Gareen marii'achuu | Garee mijeessuu fi Qindeessuu |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | jijjiirama qilleensaa | Gareen mariyachuun afaaniin gabaasuu | Mariisisuu,gabaasa sassaabuufi yaada laachuu |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | Bartaphee Diraamaa | Gareen gahee qooddachuun | Qoqqoodee garee qin-deessu fi qajeelchuu |

Barnoonni afaanii yemmuu gochoota shaakala dandeettii afaanii barattootaa fooyyeessuuf kitaaba keessatti dhihaatu gahee barataa fi barsiisaa/tuu addaan baasee dhiheessuun isaa murteessaa dha.Duub deebiin kan keennamu shaakala raawwatan keessatti akkaataa hubannoo isaan haala garriis ta'ee yaraan akka hubatan adda baafachuuf dhihaatedha.Bu'uura kanaan,qaaccessa shaakala dandeettii dubbachuu tokko tokoon boqonnaa kitaaba afaan orommoo barattoota kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanffame kana keessatti dhihaatan gochawwan barattootaafi barsiisaa/tuu adda baasuun yemmuu xiinxallu ,Boqonnaa 1,gilgaala 4 keessatti shaakla dandeettii dubbachuuf dhihaate barattoonni gaaffilee shaakalaa'A' jalatti dhihaatan 5 keessaa tokko filachuun duraa duuba yaadaa qindeeffatanii akka gahee taphatanii fi gaaffii shaakalaa 'B' jalatti immoo geerarsa dubbisuun irratti qophaa'anii dareef dhiheessuun ergaa isaa akka himan ajajuun gahee barattootaa addaan baasee dhiheesse.Akkasumas,barsiisaa/tuu immoo keessa beekkannoon qindeessaa garee fi qajeelchaa shaakala gochaalee akka ta'etti dhiheesse.kanaafuu ,boqonnaa kana keessatti gochaan shaakalaaf dhihaate gahee barattootaa fi barsiisaa/tuu addaan baasee kan dhiheesse ta.uu argina.Boqonnaa 2,gilgaala 4 keessatti immoo shaakaloonni dandeettii dubbachuu dhihaatan dubbisa shaakala dhaggeeffachuu jalatti dubbisanii darban akka yaadataii mariia'achuun dareetti akka afaaniin himan gochuun gahee barattootaa yemmuu dhiheessu.Barsiisaa/tuu immoo,qindeessaa garee fi qajeelchaa shaakalaa taasisuun gahee qoode dhiheesera.Kanaafuu,boqonnaa kana jalatti gaheen barattootaa fi barsiisaa/tuu kan eeramee jiru ta'uu argina.Boqonnaa 3,gilgaala 4 jalatti qabxiilee shaakala dandeettii dubbachuuf dhihaatan sadii keessaa tokko filachuun sababaan deeggaranii gareen falmii akka gaggeessanitti gahee kenneefii dhiheesse.Akkasumas,barsiisaa/tuu immoo qindeessaa fi qajeelchaa shaakala kanaa ta'uun dhihaate.Kanaafuu,shaakalli dandeettii dubbachuuf dhihaate kun gahee barattootaa fi barsiisaa/tuu addaan baasee kan dhiheesse ta'uu hubanna.Boqonnaa,4 ,gilgaala 4 jalatti immoo barattoonni duraa duuba gochaa eeguun akkaataa waa hojjatan hiriyaa isaaniif qajeelfama akka kennanitti ajajuun kan dhihaatedha.Kana malees,barsiisaa/tuu qindeessaa fi qajeelichaa gochaalee ta'ee kan tajaajiludha.Kanaafuu,boqonnaa kana jalattis gaheen barattootaafi barsiisaa/tuu addaan bahee kan dhihaate ta'uun bira gahameejira.Boqonnaa 5,gilgaala 4 keessatti immoo gaaffilee shaakalaa lama dhihatan iratti gareen marii'achuun dareef afaaniin akka gabaasaniitti gahee barattootta qoodee dhihaate.Akkasumas,barsiisaa/tuun qindeessaa fi qajeelchaa gochaa shaakala dandeettii dubbachuu kanaa taasiisuun dhiheesse.Kun immoo,gaheen

barattootaa fi barsiisaa/tuu gochaa shaakala boqonnaa kanaa keessatti qoqqoodee kan kitaaba keessatti dhiheesse ta'uu nuhubachiisa.Boqonnan 6,gilgaalli 4 immoo shaakala dandeettii dubbachuuf dhihaate barattoonni dhimma wayii duubbisuun akka marii'atanuu fi sana booda dareef akka gabaasanu ajaja.Kana malees,barsiisaa/tuun garee akka qindeessan fi gabaasa marii barattootaa akka haala mijeessuun barattoota dhiheessisanitti kan gahee barattootaa fi barsiisaa/tuu addaan baasee dhiheesseta'uu isaa argina.Boqonnaa 7,gilgaala 4 jalatti barattoonni qabxiilee shaakala dandeettii dubbachuu shan dhihaatan keessaa gahee tokko filachuun mirga daa'immanii irratti haasaa akka taasiisan ajajuungahee qoode kennee kan dhihaate yoo ta'u barsiisaa/tuun immoo dabaree dabareen akka dhiheessanu haala mijeessuun akka gahee ba'atanitti dhihaate.Kanaafuu,shaakalli dandeettii dubbachuu boqonnaa kana keessatti dhihaate gahee barattootaa fi barsiisaa/tuu addaan qoodee kan dhiheesse ta'uu isaa bira gahamee jira.Boqonnaa 8,gilgaalli 4 gaaffilee shaakala dandeettii dubbachuu 2 dubbisa shaakala dandeettii dhaggeeffachuu jalatti dhaggeeffatanii darban irraa waan hubatan irratti barattoonni marii gaggeessuun dareef afaaniin akka gabaasanu gaheen laatameefii dhihaate.Akkasumas,barsiisaa/tuun garee qindeessuun fi gabaasa akkaataa itti dhiheessan haala mijeessuun gahee akka ba'atanutti dhihaate jira. Kanaafuu,shaakala kana keessatti dandeettii dubbachuu boqonnaa kana jalatti dhihaate gahee barattootaa fi barsiisaa/tuu addaan qoodee kan dhihaate ta'uu isaa xiinxalameera.Boqonnaa 9,gilgaala 4 keessatti immoo gaaffilee shaakala dandeettii dubbachuu 2 dhihaatan irratti gareen marii'achuun afaaniin dareef akka gabaasan barattootaaf gahee kan kenne yemmuu ta'u.Haaluma kanaan,barsiisa/tuun garee qindeessuu fi gabaasa dhihaatuuf haala mijeessuun gahee akka ba'atanitti dhihaate.kun immoo,shaakalli dandeettii dubbachuu boqonnaa kana jalatti dhihaate gahee barattoonni fi barsiisaa/tuun shaakala kana keessatti bahachuu qaban addaan qoodee kan dhiheesse ta'uu isaa nuhubachiisa.Dhuma irratti boqonnaan 10 ,gilgaala 3 keessatti shaakala dandeettii dubbachuubartaphee dhihaate dubbisuun gareen gahee qooddachuun diraamaan akka dhiheessanitti gahee barattootaa ibsuun kan dhihaate yemmuu ta'u,barsiisaa/tuun immoo barattoota gareen qindeessuun marii'atanii diraamaa akka dhiheesanu haala mijeessun gahee akka ba'atanitti dhihaate.Kanaafuu ,shaakalli dandeettii dubbachuu boqonnaa 10 jalatti dhihaate gahee barattootaa fi barsiisaa/tuu addaan baasee qooduun kan dhihaatedha.Walumaagalatti,gochaaleen shaakala dandeetti dubbachuu kitaaba afaan oromoo barattoota kutaa 8 ffaa bara 2014 maxxanffamee yeroo ammaa irraa baratamaa jiru kana keesstti boqonnaan kudhananuu gilgaala tokko tokko qabatanii kan

dhihaatan yemmu ta’u.Tokko tokkoon shaakala gilgaala boqonnaa keessatti gaheen barattootaa fi barsiisaa/tuu sirriitti addaan bahee kan dhihaate ta’uu qaaccessa gabatee’7’ armaan olitti dhihaate irraa xiinxaluun danda’amee jira.

## 4.8.Shaakaloota Dandeettii Dubbachuu Afaanii Tartiiba Haala Dhiyeenyaa, Malaafi Teekiniika

*Gabatee 8* ***mirkanneeffannoo***

| Boqonnaa | Gilgaalota | Dabbachu u | | Fuula | Haala dhiheenyaa | Malaa ittiin dhihaate | Teeknika |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay -’ina | % | | | | |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2 | Maddisiisoo (output) hojii kenname xumuruuf hanqina odeeffan noo sana hir’isuu | duraa fi duuba yaa daa qindeessuun gahee taphachuun | Duraa duuba yaadaa dhiheessuu |
| 2 | 12 | 1 | 12 | 15 | Dhihaannaa fudhatoo (input)fiMaddisiisoodhaa n (output) | odeeffannoo dan- deettiiwal madaal- chisuu | yaada tartiibes sun gahee taphachuu |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29 | dhihhannaa maddisiisoo (output) | falmii gareen | Falmiin hanqina odeeffannoo hir’isuuf |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39 | Maddisiisoon (output) hanqin odeeffannoo guu tuu | fakkeenya hordofuun | duraa duuba gocha afaaniin qajeelfama kennuun |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | Maddisiisoon (output) hanqin odeeffannoo guutuu yookiin hir’isuuf | Marii garee taasiisuun | taateewwan naan- noo isaanii irraa fiduutiin |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 56 56-57 | Dhihaannaa Madaalawaan | Marii gareen dan- deettii dubbachuu isaaniitiin | Dubbisa kitaaba irraa daree kees- saatti dubbisuun |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 66 | dhihaannaa maddisiisootiin (output) hanqina odeeffan- noo barattootaa guutuuf | dhuunfaadhaan haasawa taasiisuu | ga’ee kitaaba ir- raatti dhihaate tok ko filachuun dan- deettii haasawa |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | dhihaannaa maddisiisoo fi fudhatoon hanqina odeeffan noo qaban hirisaniin yookiin dabalaniin | gareen haasawa taasiisuun | dubbisa dandeettii dhaggeeffachuu jalatti dhaggeeffatan irra |
| 9 | 10 | 1 | 9 | 85 | dhihaannaa shaakala mad- disiisoon (output) | marii gareetiin taatee naannoo isaanii gabaasuun | Odeeffannoo sassaabuun |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92 | Fudhatoo (input) | mala gahee qooddachuun fi | bartaphee dubbi-sanii diraamaatiin dhiheessuutiin |

Kitaaba barattootaa gaarii ta'e qopheessuu keessatti haalli dhiheenyaa,mallifi teeknikni ittiin dhihaatu murteessaadha.Haalli dhiheenyaa waa'ee falaasama afaan barachuufi yaaddiddama maalummaa afaanii xiyyeeffata.Malli immoo karoora waliigalaa mala shaakalli sun kutaa keessatti ittiin dhihaatufi tartiiba ittiin baratamu irratti kan hundaa'udha.Kana malees, teekniikni kutaa keessatti shaakalli dhihaatu akkaataa ittiin raawwatu ilaallata.Kana bu'uura godhachuun haala dhihaannaa shaakala dandeettii dubbachuu kitaaba afaan oromoo barattoota kutaa 8ffaa bara 2014 maxxanfamee haalli dhiheenyaa,malla fi teeknika ittiin dhihaate gabatee'8' qaacceffamee dhihaate xiinxaluun argannoo isaa akka armaan gadiitti dhihaatejira.Boqonnaa 1,gilgaala 4 yemmuu xiinxallu haalli dhihaannaa shaakala dandeettii dubbachuuittiin dhihaate maddisiisoo (output) gama (hojii kenname xumuruuf hanqina odeeffannoo sana hir'isuu ykn dhabamsiisuu) tiin dhihaate.Kunis,mala duraa fi duuba yaadaa qindeessuun gahee taphachuun kan dhihaatedha.Bana malees,boqonnaan 2,gilgaalli 4immoo,haala dhihaannaa fudhatoo (input) fi Maddisiisoodhaan (output) kan dhihaatedha.Sababiin isaas, haala dhiyeenyaa shaakalamadaalawaa ta'een akka baratanutti mijaa'ee kan dhihaate waan ta'eef.Malli dandeettiin kun gilgaala kana keessatti ittiin dhihaates mala marii ta'ee teekniika yaada tartiibessuun gahee taphachuu dubbisa shaakala dandeettii dhaggeeffachuu jalatti dubbisuun irraa shaakalan odeeffannoo dandeettiilee wal madaalchisuun kan dhihaatedha.Boqonnaan 3.gilgaalli 4 haala dhihhannaa maddisiisoo (output) mala falmii gareen fi teekniika falmii gaggeessuun hanqina odeeffannoo hir'isuuf kaayyeeffate dandeettii dubbachuu barattootaa cimsuuf kan dhihaatedha.Boqonnaan 4,gilgaalli 4 immoo ,mala fakkeenya hordofuun ,teekniika duraa duuba gocha afaaniin qajeelfama kennuun fi haala dhihaannaa maddisiisoon yookiin hanqin odeeffannoo guutuu qabatee dandeettii dubbachuu barattootaa fooyyeessuuf kan dhihaate ta'uun bira gahameera.Boqonnaan 5,gilgaalli 4 jalatti mala mariitiin barattoonni teekniika taateewwan naannoo isaanii irraa fiduutiin hanqina odeeffannoo guutuuf yookiin hir'isuuf (haala dhihaannaa maddisiisuun) akka dandeettii dubbachuu shaakalaniif kan dhihaatedha.Gama birootiin ,boqonnaa 6,gilgaala 4 keessatti mala gochaa kennameef gareen marii taasiisuun barattoonni dubbisa kitaaba irraa daree keessaatti dubbisuun, dandeettii dubbachuu isaanii haala dhihaannaa fudhatoo(input)fi maddisiisoo (output) akka shaakalaniif kan dhihaate ta'uu bira gahameera.Shaakalli kunis ,haala dhihaannaa madaalawaa ta'een kan dhihaatedha. Boqonnaa

7,gilgaala 4 jalatti immoo,mala dhuunfaadhaan haasawa taasiisuu ,teekniika ga’ee kitaaba irraatti dhihaate tokko filachuun dandeettii haasawa taasiisuu isaanii fooyyeessuuf haala dhihaannaa maddisiisootiin (output) hanqina odeeffannoo barattootaa guutuuf kan dhihaate ta’uun xiinxalamee jira. Kana malees,boqonnaa 8,gilgaala 4 keessattii mala gareen haasawa taasiisuun akka barattoonni teekniika dubbisa dandeettii dhaggeeffachuu jalatti dhaggeeffatan irra deebi’uun yaadatanii haasawa taasiisan gochuun haala dhihaannaa maddisiisoo fi fudhatoon hanqina odeeffannoo qaban hirisaniin yookiin immoo dabalaniin kan dhihaatedha.Boqonnaa 9,gilgaala 4 jalattis,haala dhihaannaa shaakala maddisiisoon (output) ,mala marii gareetiin taatee naannoo isaanii gabaasuun akka marii taasiisanitti kan dhihaate ta’uu xiinxalameera.Dhuma irratti boqonnaan 10 ,gilgaala 3 immoo haala dhihaannaa fudhatoo(input) ta’een ,mala gahee qooddachuun fi teekniika bartaphee dubbisanii diraamaatiin dhiheessuutiin dandeettii dubbachuu isaanii akka fooyyeeffataniif kan dhihaatedha.

Walumaagalatti haalli dhiheenyaa ,malli fi teekniikni ittiin barnoonni barattootaaf daree barnootaa keessatti ittiin dhihaatu barnoota afaanii barachuu keessatti murteessaadha. Kanaafuu haalli dhihaannaa dandeettii dubbachuu shaakalsiisuuf kitaaba afaan oromoo barattootaa kutaa8 ffaa gabatee ‘8’keessatti qaacceffame yemmuu xiinxallee ilaallu kan haala gaariin dandeettii dubbachuu darattootaa shaakalisiisuuf tokko tokkoon boqonnaa fi gochaa gilgaala keessatti dhihaate ta’uun bira gahamee jira.Garuu,akka hanqinaatti kan qorataan ilaale gochaa gilgaala dandeettii dubbachuu boqonnaa 2^ffaa fi 8 ^ffaa keessatti dhihaateen ala boqonnaaleen hafan keessatti kan shaakaloonni dandeettiiwwan dhaggeeffachuu fi dubbachuu haala qindaa’an ifaa fi ifatti shaakalsiisuu danda’an kan hinjirre ta’uu isaa qorataan xiinxala kana irraa hubateera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

## 5.1.SEENSA

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa, argannoo qorannoo fi yaadni furmaataa dhiyaateera. Qorataan adeemsa qorannoo keessatti yaadota hojii qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaatti jiru walittti qabee dhiyeessee jira.

## 5.2 Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree ''xiinxala haala dhiheenya dandeettiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu kitaaba afaan oromoo barattootaa kutaa 8ffaa ''qaaccessuun xiinxaluu irratti kan hojjatameedha.. Kaayyoon qorannoo kanaas,haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti jiru xiinxaluun hanqinaa fi cimina isaa addaan baasuun dhiheessuu dha.Qorannoo kanaaf wanti qorataa kakaase haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo barattootaa kutaa 8ffaa irratti haala dhihaannaa dandeettiwwan dhaggeeffachuu fi dubbachuu kitaaba barnootaa kanaa keessatti dhihaate jiru sakatta'uun xiinxalee hanqinoota fi ciminoota gama kanaan kitaaba barnootaa afaan oromoo kana keessatti mul'ataniif fala barbaaduuf gara qorannootti seene.

Ragaawwan meeshaalee funaansa ragaa jalqabaan (primary data source) walitti qindeeffaman erga qaacceffamanii booda mala ibsuutiin hiikkamaniiru. Ragaawwan funaanuufis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaabara2014 maxxanfamuun hanga ammaa hojiirra jirutti dhiima bahuun haala shaakalli dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuuuitti dhihaate qaaccessuun xiinxalameera.Gaaffileen bu'uuraa sakatta'a kitaabilee mata duree kana keessatti akka kaayyoo qorannootti ka'anis tokko tokkoon ilaalamuun ibsi itti kennameera. Gama birootiin, kitaabiileen wabiifi qorannoon namoota gara garaatiin adeemsifaman sakatta'a barruu firoomanii qorannichaa keessatti yemmuu wabeeffamuun dhiyaatan, boqonnaalee qorannoo shananuu keessatti mata dureewwan gurguddoofi xixiqqoon duraa duubaan galaniiru.

Walumaagalatti qoratichi haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu fi dubbachuu dhihaatan sakatta'ee tokko tokkoon boqonnaa fi gilgaala kitaabaa kana keessaaa walitti qabuun gabatee mirkanneeffannoon qaaccessee xiinxaluun ciminaa fi hanqina jiru adda baasee jira.

## Cimina kitaabichaa

Kitaabni qorannoof filatamee kun qabiyyeewwan dandeettii afaanii hunda nigonfachiisa jedhamee qophaa'ee barattootaaf kan dhihaatedha.Keessumaayyuu, dandeettii afaan oromoo barattoota afaan tokkoffaaf ni fooyyeessa jedhamee kan qophaa'ee dha.

- Kaayyoo barnootichi laatamuuf boqonnaalee hunda keessatti fuula jalqabaa irratti sirriitti dhiheesse jira.
- Gochaalee yookiin qabiyyee daree keessatti barsiifamuuf dhihaatan ajaja sirrii waliin kan dhiheessuufi malleen ittiin barsiifamaniifi ittiin barataman dhiheessera.
- Duraa duuba shakalawwanii (Logical sequence of Activities) haala gaarii ta'een shaakala dhaggeeffachuu shaakala dhaggeeffachuun duraa, shaakala yeroodhaggeeffachuun fi shaakala dhaggeeffachuun boodaa jedhee barattootaaf dhiheesse jira
- Haala dhihaannaa dandeettilee dhaggeeffachuu fi dubbachuu gochaalee isaanii jalattii haala sirriitti barattootaaf hubatamuu fi galuufii danda'uun kan qophaa'ee dhihaatedha.
- Gochaalee dhiheessu hunda keessatti gahee barataafi barsiisaa kutaa keessaatti raawwachuu qaban adda baasee agarsiise jira.
- Qabiyyee barnotaa boqonnaa boqonnaan dhihaatan hunda keessatti tooftaa barsiisuufi mala ittiin barataniifi barsiisanitti dhimma baheejira

## Hanqinoota kitaabichaa

- Haalli dhihaanna dandeettii dhaggeeffachuu shaakalisiisuuf dubbisa qajeelcha irratti dhihaate qofa irratti kan xiyyeeffateef teekniika dhieessii kan akka sagaleefi viidiyoo waraabame dhaggeeffachiisuutti dhimma kan hin bane ta'uu.
- Haalli dhiheenya dandeettii dhaggeeffachuu ittiin dhihaate boqonnaalee muraasa keessatti malee kan walitti dhufeenya haala dandeettilee biroo cimsuuf qabu laafaadha.
- Boqonnaa 10 ffaa keessatti qabiyyeen shaakala dandeettii dhaggeeffachuu kan dagatamee bira darbamee ta'uu isaa.
- Shaakala dandeettii dubbachuu keessatti haalli duubdeebiin itti kennamu duuchaatti kan dhihaate ta'uu isaa.Kana jechuun,shaakala dhihaate keessatti haalli barattoonni wanta raawwataniif duub deebii itti laatan ifaafi ifatti taahuu hafuudha.

- Shaakaloonni dubbachuuf dhihaatan duraa duubaan boqonna hunda keessatti tooftaa barsiisuu kan sirriitti dhiheesan tahuu hafuufi kana malees,walitti dhufeenyi dandeettilee biroo cimsuuf qaban illee boqonnaa 2ffaa fi 8ffaan alatti ciccitaa ta'uu.

## 5.3. Argannoo

Qaacceessaa fi xiinxala ragaalee irratti bu‟ureeffachuun argannoon qorannoo kanaa akka armaan gadiitti dhiyaatera.

- Qaaccessa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessatti haala dhiyaannaa dandeettii dhaggeeffachuu ilaalchisuun taasifame akka mul'isutti, akkaataan qabiyyeewwan shaakala dandeettii dhaggeeffachuu kaayyoo dandeettii bu'uura godhatanii ittiin dhiyaatan fi gara shaakalaatti seenuun dura kaayyoo dandeettii baratamuuf adeemuu duraa duubaan dhiheessan gaarii ta'uun isaa bira gahamee jira.
- Bu'uura qaaccessa ragaalee sakatta'amanii xiinxalamaniin gochoonni dandeettii dhaggeeffachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan raawwii shakalaa kutaa keessaa ifaan ifatti hubachuun barattoonni akka shaakaluu danda'an kan xurree qabsiisu fi fedhii shaakala dandeettii kana horachuun akka dandeettii isaanii fooyyeessan kan deeggaru ta'uu kan bira gahame yoo ta'u , boqonnaa hunda keessatti garuu dandeettii dhaggeeffachuu shaakalisiisuuf dubbisa qajeelcha irratti dhihaate qofa irratti kan xiyyeeffateef teekniika dhieessii kan akka sagaleefi viidiyoo waraabame dhaggeeffachiisuutti dhimma hin baane.Kun immoo, gochaan qophaa'e shaakala dhaggeeffachuu dandeettiilee biroo waliin dagaagsuu kan hin deeggarre ta'uun hubatameera.
- Akka xiinxalli odeeffannoo mul'isutti baay'inni shaakaloota dandeettii dhaggeeffachuu tokko tokoon boqonnaafi gilgaaloota kitaabichaa keessatti dhihaatanii gaheewwan ykn gochawwan barattootaafi barsiisaa/tun raawwachuu qaban sirriitti addan qoodee kan dhiheessu.Akkasumas, kallattii fi akkaataa shaakalli xiyyeeffannoon hojiirra ooluun milkaa'uu danda'u kan adda baasee hojiirra oolchun ifatti mul'isu ta'uun bira gahameera.Gochaalee muraasa keessatti garuu gahee hojii barsiisaa/tu ifaa fi ifatti kan hin eerre ta'uu bira gahameera.
- Qaaccessa tokko tokkoon boqonnaa kitaaba kanaa irraa argameen gochawwan dandeettii dhaggeeffachuu barattoonni shaakala gochaa gilgaalota hunda keessatti dhihaatan shaakaluun waan raawwataniif duubdeebiin akaataa ittiin kennamu sirriitti qabatee kan

dhihaate yoo ta'uu,Shaakala dandeettii dubbachuu keessatti garuu duubdeebiin duuchaatti kan dhihaate dha.Kana jechuun,akkaataan barattoonni gochaa shaakalanuuf duubdeebii itti laatanu ifaaf ifatti ajaju kan hinjirre ta'uu isaa hubatameera.

- ❖ Akkaataa qaacceessa haala dhihaannaa dandeettii dhaggeeffachuu kitaaba kanaatiin boqonnaa 10 ffaan ala waanti boqonnaalee 1-9 keessatti shaakala gilgaalotaaf dhihaate kan mala fi teekniika barattoota hirmaachisuun qophaa'ee dhihaate ta'uu isaa hubatameera. Garuu,boqonnaa 10 ffaan shaakala yookiin gochaa dandeettii dhaggeeffachuu kan hin dhiheessine ta'uun argameera
- ➢ Qaaccessa sakattaa'a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa keessattihaala dhiyaannaa dandeettii dubbachuu ilaalchisuun taasifamen,akkaataan qabiyyeewwan shaakala dandeettii dubbachuu kaayyoo dandeettii bu'uura godhatanii ittiin dhiyaatan fi gara shaakalaatti seenuun dura kaayyoo dandeettii baratamuuf adeemuu duraa duubaan dhiheessan sirrii ta'uun isaa bira gahamee jira.
- ➢ Akka qaaccessi ragaalee sakattaa'amanii xiinxalaman mul'isutti gochoonni dandeettii dubbachuu shaakalsiisuuf dhiyaatan raawwii shakalaa kutaa keessaa sirriittihubachuun barattoonni akka shaakaluu danda'an kan xurree qabsiisu fi fedhii shaakala dandeettii kana horachuun dandeettii isaanii fooyyeessan sirriitti kan deeggaruta'uu kanbira gahame yoo ta'u.Boqonnaa hunda keessatti garuu shaakalli dandeettii dubbachuu shaakalisiisuuf dhihaate dandeettiilee biroo waliin walitti dhufeenya kan hin qabne ta'uun hubatameera.
- ➢ Akka xiinxalli ragaalee mul'isutti baay'inni shaakaloota dandeettii dubbachuu tokko tokoon boqonnaafi gilgaaloota kitaabichaa keessatti dhihaatanii gaheewwan yookiin gochawwan barattootaafi barsiisaa/tun raawwachuu qabansirriitti addanqoodee kan dhiheessudha.Akkasumas, kallattii fi akkaataa shaakalli xiyyeeffannoon hojiirra ooluun milkaa'uu danda'u kan adda baasee hojiirra oolchun ifatti mul'isu ta'uun bira gahameera.Gochaalee boqonnaa 2,4 fi 5 keessatti garuu gahee hojii barsiisaa/tu ifaa fi ifatti kan hin eerre ta'uu bira gahameera.
- ➢ Qaaccessa tokko tokkoon boqonnaa kitaaba kanaa irraa argameen gochawwan dandeettii dubbachuu barattoonni shaakala gochaa gilgaalota hunda keessatti dhihaatan shaakaluun waan raawwataniif duubdeebiin akaataa ittiin kennamu sirriitti qabatee kan dhihaate yoo ta'uu,Shaakala dandeettii dubbachuu keessatti garuu duubdeebiin duuchaatti kan dhihaate

dha.Kana jechuun,akkaataan barattoonni gochaa shaakalanuuf duubdeebii itti laatanu ifaaf ifatti ajaju kan hinjirre ta'uu isaa hubatameera.

- Gama biroon,gochoonni dandeettiiwwan dubbachuu afaanii kitaaba kutaa 8ffaa kana keessatti dhihaatan boqonnaa hunda keessatti tartiibni haala dhiheenyaa,malli barsiisuu fi teekniikni barnoota ittiin dhiheessuu haala gaariin kan dhihaate ta'uun bira gahameera.Garuu,gochaa shaakala dandeettii dubbachuu boqonnaa 2ffaa fi 8ffaan ala boqonnaalee hafan hunda keessatti walitt dhufeenyi dandeettiilee biroo cimsuuf hojjatame dandeettii dubbachuu kana jalatti kan hin mul'anne ta,uun gahaameera.

## 5.4. Yaada Furmaataa

Argannoo qorannoo kana bu‟ura godhachuun yaadni furmaataa akka armaan gadiitti tarreeffameera.

- ✓ Qophii kitaaba afaan oromoo barattoota afaan oromoo akka afaan dhalootaatti baratanuuf yemmuu qophaa'u ilaalcha barattoonni dandeettiilee dhaggeeffachuu fi dubbachuu daa'imman maatii irraa baranii dhufu jedhu maksuun,dandeettiileen kun dandeettilee warra biroof akka bu'uura ta'an xiyyeeffannoo keessa galuun kan dhihaatu ta'uu qaba.
- ✓ Dhimma baruu barsiisuu yemmuu ka'u gochoonni dandeettiilee shaakalsiisuuf dhihaatan fi raawwiin shaakala kutaa keessaa xiyyeeffannoon dhimmoota gadi fageenyaan ilaalamaniidha.Dhimmi kunis, yemmuu kitaabni barattootaa afaanii tokko qophaa'u hubannoo guddaan gochoonni dhihaatan kaayyoo isaanii irraa osoo hin maqin raawwii shaakala kutaa keessaa barattootaa fi barsiisaa/tubiratti ta'uu qabu sirriitti ifaan ifatti kaa'amuun irraa eegama.Yoo kuna ta'e barattoonnis ta'ee barsiisaa/tun kallattii fi xurree irra adeemuu qaban sirriitti hubachuun kaayyoo barnoota dandeettii afaanii milkeessuu danda'u.
- ✓ Gamaggama hubannoo barachuu barattootaaf erga baratanii booda yaadni yookiin duubdeebiin barattootaa biraa argannu murteessaadha.Sababiin isaa,shaakala dandeettii dhihaatee barattoonni hagam akka hubatan yookiin fooyyeeffatan madaallee adda baasuuf nugargaara waan ta'eef.Kanaafuu ,gochi shaakala dandeettii kitaaba barattoota tokko keessatti yemmuu qophaa'u bifa barattoonni waan baratan irratti duubdeebii hanqina isaanii fooyyeessee jajjabeessuu danda'un sirriitti dhihaachuun irraa eegama.Bu'uura kanaan, kitaaba qorannoon irratti gaggeeffame kana keessatti shaakala dandeettii dubbachuu dhihaate darbee darbee bifti barattoonni duubdeebii akka kennanuuf ittiin dhihaate

duuchaatti kan dhiheessu waan ta'ee ifatti bifa barattoonni duubdeebii dhiheessuu danda'aniin osoo dhihaatee gaarii ta'a.

- ✓ Qabiyyeen barnoota afaanii boqonnaa kitaaba tokko keessatti yemmuu dhihaatu shaakala dandeettilee afaanii gurguddoo fi warra xixiqqoo ofi keessatti hammatee dhihaachuun murteessaadha.Kana jechuun,shaakalli dandeettilee afaanii boqonnaa kitaaba tokkoo keessatti yemmuu dhihaatu kan dandeettilee hunda shaakalsiisu ta'uu qaba.bu'uura kanaan kitaabni qorannoon irratti gaggeeffame kun boqonnaan 10 ffaan shaakala dandeettii dhaggeeffachuu waan hin qabneef osoo qaama ilaalatuun fooyyeffamee gaarii ta'a.

Walumaagalatti , qorannoon qorataan mata duree kana irratti gaggeessee qofti mata duree kanaaf gahaa waan hin taaneef, qorattoonni biroo illee gadi fageenyaan yoo qoratan qaawwa ija qoorannoo kanaan dagatame duuchuuf gaariidha jedheen amana

# Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa fi kanneen biro,(2005).*Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11*Rippaabiliika

Addunyaa Barkeessaa, (2011) .*Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti,* Finfinnee: Efficiency Printing Press.

Borzova, E. (2014). Mingles in the Foreign Language Classroom. English Teaching Forum, 2, pp. 20-27.

Bozorgian, H. (2012). The Relationship between Listening and Other Language Skills in International English Language Testing System. *Theory and Practice in Language Studies, 2*(4), 657-663. https://doi.org/10.4304/tpls.2.4.657-663.

Brown, H. D., & Lee, H. (2015 ). Teaching by Principles: An Interactive Approach to Language Pedagogy. New York, NY, United States of America: Pearson Education Inc.

Brown,J.(1995).*The Elements of Language Currriculum*.Boston,MA:Heinle and Heinle.

Bueno, A, D. Madrid and N. McLaren, (eds). (2006) *TEFL in Secondary Education.*Granada: Editorial Universidad de Granada

Crewell, J.w.(2007*).Qualitative Inquiry and Research Design* (2nded.) Sag publication icon.

Dastaa Dassalany.(2002*).Bu'uraalee Qorannoo*, Finfinnee dhaabbata maxxansaa

Dastaa Dassaaleny. (2012). Tooftaalee Afaan Barsiisuu1: sadarkaa 2ffaa barsiisuuf (Barattoota PGDTiif) kan qophaa'e.Yunivarsitii Addis Ababaa,(kan hin maxxanfamne).

Doff, A. (2008). Teach English: A training course for teachers (21:st ed.). Cambridge, Greeat Britain: Cambridge University Press.

Feyten, C. (1991). The Power of Listening Ability: An Overlooked Dimension in Language Acquisition.The Modern Language Journal, 75(2), 173-180. https://doi.org/10.2307/328825

Fikremariam Daba. (2007*)."Sakatta'a Onneessa Barattoonni Sadarkaa lammaffaa Afaan Oromoo Barachuuf qaban."*AAU: Unpublished MA. Thesis.

Hill,J.(1986).Using Literature in Language Teaching.London:Macmillan Publishers Ltd.

Jing, W.U. (2006). *Integrating skills for teaching* EFL—Activity design for the communicative classroom. Sino-US English Teaching, 3(12).

Kumar.R.(1996). Research methodology: Astep- by step guid for beginner, London: Sage, publication.

Larsen-Freeman, D. (2000). *Techniques and Principles in Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press. (2nd Edition).

Lazar,G.(1983). A Literature and Language Teaching: A guide for Teachers and Trainers. Cambrigde: Cambrigde University press.

Mahmud, Mohammad Riaz: *Teaching and Learning English at the Tertiary Level in Bangladesh,* IIUC Studies, Vol. 1 Issue No. 1, December 2003 p- 26

Mc. Donough, J. and Shaw. (1993*).Materials and methods in English Language Teaching,* Oxford, Black Well Publisheds ltd.

Nunan.D.(1988).*Syllabus Design*.Oxford:Oxford UniversityPress.

Nunan, D. (2001) Designing Tasks for the Communicative Classroom. Cambridge: CUP.

Richards, J.C. & Rodgers, T.S (1989): *Approaches and Methods in Language Teaching*, Cambridge, Cambridge University Press.

Richards.J.C.(2001).*Curriculum development in Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press.

Richards, J.C. and Rodgers, T. (2001). *Approaches and Methods in Language Teaching*. Cambridge: Cambridge University Press. (2nd Edition).

Richards.J. and Renandya.W.(2002*), Methedology in Language Teaching.* Cambridge: Cambridge University Press.

Richards.J.C.and Rodgers.T.(1986).*Approaches and Methods in Language Teaching*.Cambridge: Cambridge University Press.

Richards, J. (2008). *Teaching Listening and Speaking: From Theory to Practice*. Retrieved from speaking from theory topractice pdf, Englewood Cliffs: Prentice Hall Regents.

Richards, J.C. (2006). *Communicative Language Teaching Today*. Cambridge: Cambridge University Press.

Silberman, (1996).Research Method in Language Learning. Cambrigde: Cambrigde University press.

Solak, E. (2016).Teaching Language Skillsfor ProspectiveEnglishTeachers.

Muhammad Ali Soomro(2017) M.A English Linguistics 2017 Shah Abdul Latif University Khairpur Mir’s Sindh (Pakistan) .

Stern, H. (1983).*Fundamental concepts of language teaching*.OxfordmUK: Oxford University Press.

Weir, J.C. (2005).*Language Testing Validation*. Palgrave Macmilan.

Wills, J, (1981). Teaching English Through English. London: Longman.

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| [illegible] | [illegible] | Gilgaala Dhaggeeffachuu | | Mata duree | Kaayyoo Shaakalaa | Raawwii shakalaa | Gochaa |

Yalden.(1987).*Principles of Course Design for Language Teaching*.U.S.A: Cambridge University Press.

http://www.professorjackrichards.com/wp-content/uploads/teaching-listening-and-

| Boqonnaa | | Baay'ina Gilgaala | % Gulantaa | | | Gahee barataa | | B/ta | Gahee Barsiisaa B/saa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | | 1 | Dhaggeeffachuun duraa | | | | | | |
| 1 | 10 | 3 | 30 | 1- | | | | | |
| | | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | | | | | |
| 2 | 12 | 3 | 25 | 13-15 | | | | | |
| 3 | 11 | 3 | 27 | 27-29 | | | | | |
| 4 | 10 | 3 | 30 | 38-39 | | | | | |
| 5 | 10 | 3 | 30 | 47-49 | | | | | |
| 6 | 10 | 3 | 30 | 56-57 | | | | | |
| 7 | 11 | 3 | 27 | 65-66 | | | | | |
| 8 | 11 | 3 | 27 | 75-76 | | | | | |
| 9 | 10 | 3 | 27 | 84-85 | | | | | |
| 10 | 9 | 3 | 33 | | | | | | |

**DABALEEWWAN**

**Gabatee '1**'Mirkaneeffannoo haala dhiyaannaa dandeettii dhaggeeffachuu kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa 8ffaa

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 2 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | . |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 3 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 4 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 5 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 6 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 7 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 8 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 9 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Yeroo Dhaggeeffachuun | | |
| | 3 | Dhaggeeffachuun booda | | |
| 10 | 1 | Dhaggeeffachuun dura | | |
| | 2 | Dhaggeeffachuun booda | | |

**Gabatee'2' Mirkanneeffannoo gochawwan barattootaa fi barsiisaa adda baahee dhihaate.**

**Gbatee '3'** mirkanneeffannoo gochoonni dandeettiwwan dhaggeeffachuu tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi teekniika

| Boqonnaa | Baay'ina Gilgaala | Gilgaala Dhaggeef-fachuu | | Fuula | Haala dhiheenyaa | Malaa ittiin dhihaate | Teeknika |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | | |
| 1 | 10 | 3 | 30 | 1-2 | | | |
| 2 | 12 | 3 | 25 | 13-15 | | | |
| 3 | 11 | 3 | 27 | 27-29 | | | |
| 4 | 10 | 3 | 30 | 38-39 | | | |
| 5 | 10 | 3 | 30 | 47-49 | | | |
| 6 | 10 | 3 | 30 | 56-57 | | | |
| 7 | 11 | 3 | 27 | 65-66 | | | |
| 8 | 11 | 3 | 27 | 75-76 | | | |
| 9 | 10 | 3 | 27 | 84-85 | | | |
| 10 | 9 | 3 | 33 | 91-92 | | | |

**Gabatee '4'** mirkaneeffannoo haala dhiyaannaa kaayyoo dandeettii dubbachuu kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti argamanii mul'isu

| Boqonnaa | Baay'ina Gilgaala | Gilgaala Dubbachuu | | Fuula | Mata duree | Kaayyoo Shaakalaa Dubbachuu |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | | |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | 15 | | |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29-30 | | |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | | |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | | |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | | |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | | |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | | |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | | |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | | |

**Gabatee'5'**mirkaneeffannoo haala dhiyaannaa raawwii shakalaa kutaa keessaa dandeettii dubbachuu kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti argamanii mul'isu

| Boqonnaa | Baay'ina | Gilgaala Dubbachuu | | Fuula | Mata duree | Raawwii shakalaa kutaa keessaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | | |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | 15 | | |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29-30 | | |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | | |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | | |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | | |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | | |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | | |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | | |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | | |

**Gabatee '6'** mirkanneeffannoo gochawwan barattootaafi barsiisaa adda baahe

| Boqonnaa | Baay'ina Gilgaala | Gilgaala Dubbachuu | | Fuula | Mata duree | Gochaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-'ina | % | | | B/saa | B/ta |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | | | |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | 15 | | | |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29-30 | | | |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | | | |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | | | |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | | | |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | | | |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | | | |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | | | |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | | | |

**Gabatee '7'** mirkanneeffannoo gochawwan ykn shaakaloonni dandeettii dubbachuu barattoonni raawwataniif duubdeebiin akaataa ittiin dhihaate

| Boqonnaa | Baay'ina Baay'ina | Gilgaala Dubbachuu Gilgaala Dubbachuu | | Fuula Fuula | Duubdeebiin akaataa ittiin dhihaate | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baay-ina | % | | Haala dhiheenyaa B/taa | Mala B/saa Teeknika |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | | . |
| 2 | 12 | 1 | 8.3 | 15 | | |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29-30 | | |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | | |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | | |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | | |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 67 | | |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | | |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | | |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Baayina | % | | | | |
| 1 | 10 | 1 | 10 | 2-3 | | | |
| 2 | 12 | 1 | 8 | 15 | | | |
| 3 | 11 | 1 | 9 | 29 | | | |
| 4 | 10 | 1 | 10 | 39-40 | | | |
| 5 | 10 | 1 | 10 | 49 | | | |
| 6 | 10 | 1 | 10 | 58 | | | |
| 7 | 11 | 1 | 9 | 65-67 | | | |
| 8 | 11 | 1 | 9 | 76 | | | |
| 9 | 10 | 1 | 10 | 86 | | | |
| 10 | 9 | 1 | 11 | 92-93 | | | |

**Gabatee '8'**mirkanneeffannoo haala gochoonni yookiin shaakaloonni dandeetti dubbachuu afaanii tartiiba haala dhiheenyaa, malaafi raawwii isaaniitiin dhihaatani